

XIINXALA FAKKOOMMII DUBARTOOTAA ASOOSAMOOTA
DHOKSAA JIREENYAAFI MIILA HINSHOKOKSINEE

SHUUMATEE DINQAATIIN

WARAQAA QORANNOO ULAAGAA DIGIRII LAMMAFFAA
(MA) AFAAN OROMOOFI OGBARRUU BARSIIISUU ITTIIN
GUUTTACHUUF QOPHAA'EE YUUNVARSIITII JIMMAA
KOLLEEJII SAAYINSII HAWAASAAFI HUMAANIITII
DAMEE BARNOOTA AFAAN OROMOOFI OGBARRUUTIIIF
DHIHAATE

SADAASA 2019

JIMMA

**WARAQAA QORANNOO ULAAGAA DIGIRII LAMMAFFAA
(MA) AFAAN OROMOOFI OGBARRUU BARSIIISUU ITTIIN
GUUTTACHUUF QOPHAA'EE YUUNVARSIITII JIMMAA
KOLLEEJII SAAYINSII HAWAASAAFI HUMAANIITII
DAMEE BARNOOTA AFAAN OROMOOFI OGBARRUUTIIIF
DHIHAATE**

QORATTUUN: SHUUMATEE DINQAA

GORSAAN: TAAYYEE GUDDATAA

**XIINXALA FAKKOOMMII DUBARTOOTAA ASOOSAMOOTA
*DHOKSAA JIREENYAAFI MIILA HINSHOKOKSINEE***

SADAASA 2019

JIMMA

MIRKANEESSA

Waraqaa qorannoo kana dhuunfaadhuma kootiin mataduree dhimmoota dubartootaa asoosamoota Dhoksaa Jireenyaafi Miila Hinshokoksineerratti jalqabaa kaasee hanga xumuraatti ulaagaa inni guutuu qabu guutuudhaan hojjedhee xumureera. Bifa seeraan alaatiin hojii nama biraa irraa kan garagalfamee jiru akka hintaane nan mirkaneessa.

Qorattuun: Shuumatee Dinqaa

Mallattoo : _____

Guyyaa : _____

Waraqaan qorannoo kun gorsa ani kenneen ulaagaa guutuun isaa mirkanaa'eera.

Gorsaa: _____

Mallattoo: _____

Guyyaa: _____

Kan madaale: _____

Mallattoo: _____

Guyyaa: _____

Dura Taa'aa/teessuu Muummee Qo'annoo Afaaniifi Ogbarruu

BAAFATA

Qabiyyee	Fuula
Galata.....	i
Axareeraa.....	ii

BOQONNAA TOKKO: SEENSA

1.1. Seenduubee Qorannichaa	1
1.2. Ka’umsa Qorannichaa.....	4
1.3. Kaayyoowwan Qorannichaa.....	6
1.3.1. Kaayyoo Gooroo Qorannichaa.....	6
1.3.2. Kaayyoowwan Gooree Qorannichaa.....	6
1.4. Barbaachisummaa Qorannichaa.....	6
1.5. Daangaa Qorannichaa.....	7
1.6. Hanqina Qorannichaa.....	7

BOQONNAA LAMA: SAKATTA’A BARRUULEE

2.1. Ogbarruu.....	8
2.2. Qeeqa Ogbarruu	10
2.2.1. Barbaachisummaa Qeeqa Ogbarruu.....	11
2.3. Yaadrimee Dubartummaa.....	12
2.3.1. Dubartummaa Walabaa (Liberal Feminism).....	14
2.3.2. Dubartummaa Bifaa/Gurraachummaa (Black Feminism).....	14
2.3.3. Dubartummaa Jijjiiramaa (Radical Feminism).....	15
2.3.4. Dubartummaa Maarkistii (Marxist Feminism) Or Socialist.....	15
2.4. Dubartootaafi Jiruufi Jireenya Hawaasaa	18
2.5. Walqixxummaa Dhiiraafi Dubartootaa.....	19
2.6. Dubartootaafi Sirna Gadaa	22
2.7. Sakatta’a Qorannoolee Walfakkaatanii.....	23

BOQONNAA SADI: MALLEEN QORANNICHA

3.1.Saxaxa Qorannichaa	25
3.2.Madda Ragaa Qorannichaa.....	25
3.3.Iddattoofi Mala Iddatteessuu.....	25
3.4.Mala Funaansa Ragaa: Sakatta’a Dookumeentii.....	26
3.5.Tooftaa Qaaccessa Ragaa.....	27

BOQONNAA AFUR: DHIYEESAAFI XIINXALA RAGAALAA

4.1. Xiinxala Dhimmoota Dubartootaa Asoosama <i>Dhoksa</i> <i>Jireenyaa</i>	28
4.1.1. Cuunfaa Jaargochaa.....	28
4.1.2. Cuncursaa Hawaasdinagdee	32
4.1.3. Dhiibbaa Saalaa	36
4.1.4. Qabsoo Walqixxummaa.....	44
4.2. Xiinxala Dhimmoota Dubartootaa Asoosama <i>Miila Hinshokoksinee</i>	48
4.2.1. Cuunfaa Jaargochaa.....	48
4.2.2. Cuncursaa Hawaasdinagdee.....	51
4.2.3. Dhiibbaa Saalaa.....	55
4.2.4. Qabsoo Walqixxummaa.....	59
4.3. Fakkoommii Dubartootaarratti Madaallii Asoosamoota Lamaanii	62

BOQONNAA SHAN: CUUNFAAFI XUMURA

5.1. Cuunfaa.....	67
5.2. Argannoo.....	69
5.3. Yaada Furmaataa.....	72
Wabiilee.....	74

Dabaleewwan.....	78
Dabalee “A” Cheekilistii Qorattuun Odeeffannoo Ittiin Funaannatte.....	78
Dabalee “B” Seenaa Gabaabaa Asoosama <i>Dhoksaa Jireenyaa</i>	79
Dabalee “C” Seenaa Gabaabaa Asoosama <i>Miila Hinshokoksinee</i>	80
Dabalee “D” Maqaa Namfakkiiwwan Dubartootaa Asoosama <i>Dhoksaa Jireenyaa</i>	81
Dabalee “E” Maqaa Namfakkiiwwan Dubartootaa Asoosama <i>Miila Hinshokoksinee</i>	83

GALATA

Hunda dursee Waaqayyoo isa hundumaa danda’u fi bu’aa ba’ii hundumaa keessatti na wajjiniin ta’ee kanaan nada’eef gal’anni guddaan haa ta’uu. Ittiaansuudhaan gorsaa koo wixineerraa kaasee hanga dhuma qorannoo kootti gorsa ogummaa naannoo mataduree qorannoo korratti naaf kennaa ture Taayyee Guddataaf (Kaadhimamaa dooktoraa) galatni koo guddaadha. Akkasumas gama jireenya maatiitiin abbaawarraa koo jalqaba qorannoo kootii qabee amma dhuma qorannichaatti deeggarsa baajetaa naaf gochaa ture onnee koorraan galateeffadha. Dabalataanis mucaa koo Haannaa Guutuu barreeffaman harka koon waraqaa irratti barreesse gara barreeffama kompiiwuteraatti naaf deebisuun waan na deeggarteef osoon hingalateeffatin bira hindarbu.

AXAREERAA

Kaayyoon qorannoo kanaa dhimmoota dubartootaa asoosamoota Dhoksa Jireenyaafi Miila Hinshokoksinee xiinxaluudha. Saxaxni qorannichaas saxaxa ibsaati. Malli iddatteessuu kitaabotni kunneen ittiin filatamanis mala iddatteessuu kaayyeffataadha. Meeshaan funaansa ragaa hojiirra oole sakatta'a dookumantii/xiinxala galmee yoo ta'u, ragaaleen meeshaa kanaan funaanamanimmoo gosa qorannoo akkamtaatti gargaaramuun qaaceffamaniiru. Dhimmootni dubartootaa gurguddoon qorannoo kanaan xiinxalamanis kanneen akka cunqursaa hawaasdinagdee, dhiibbaa saalaafi qabsoo walqixxummaa namfakkiiwwan dubartootaan raawwatamaniidha. Qorattuunis xiinxala adeemsifte kanaan argannoowwan bira ga'aman keessaa muraasni haala itti aanuun dhihaataniiru. Asoosamoota filataman keessatti sababa garaagarummaa koorniyaatiin miidhaan dubartootarra ga'uu akka danda'u bira ga'ameera; gama biraan immoo Marartuun yammuu barreeffama barreessuudhaan abbaa isheetti kennitu abbaan ishee gargaarsa barbaachisaa gochuufii diduudhaan hamilee ishee keessatti doomsuun isaa dhiibbaa gama koorniyaatiin dubartootarratti ta'u argisiisa; itti dabalees dubartootni dhimmoota akka siyaasaa, hawaasummaa, dinagdeefi qaroominaa keessatti hirmaannaa akka taasisan bira ga'ameera; kanumaan walqabsiisuudhaan dubartootni akka gama dinagdeen jiruufi jireenya hawaasummaa keessatti hirmaannaa taasisan addaan baafameera. Argannoowwan kanneeniin walqabsiisuudhaanis qorattuun yaada furmaataa kanneen ta'uu danda'an haala armaan gadiin dhiheessiteetti. Dubartoonni rakkoo isaanirra gahu akka furaniif hirmaannaan isaanii kallattii hundaan osoo jajjabeeffamee gaarii ta'a; akkasumas, iddoo adda addaatti jiraachuudhaaf jecha hirkatanii kan jiraataniifi qaama isaanii kireessuun of jiraachisan hayyoonni kallattii garaagaraan utuu irratti xiyyeeffatanii hojjetanii gaariidha; hojii ogbarruu keessatti barreessitootni dubartootaa shoora isaanii taphachuun gaariidha; barreessitootni gara fuulduraatti asoosama barreessuu barbaadan, dubartootni dhimmoota akka siyaasaa, dinagdee, hawaasummaafi qaroominaa keessatti qooda fudhachuu akka danda'an hubatanii loogii koorniyaa gochuu dhiisuudhaan dhugaa jiru giddugaleessa godhatanii barreessuun gaariidha; dubartootni barreessitoota asoosamaa ta'uudhaan eenyummaafi cimina isaanii argisiisuurratti osoo xiyyeeffatanii dhiirotni olaantummaa isaanii calaqqisiisuun hafuu danda'a; kanaafuu dubartootni akkuma dhiirotaa barreeffamoota ogbarruu garaagaraa keessatti argisiisuudhaan cimina isaanii mirkaneessuun barbaachisaa ta'a kanneen jedhan warreen ijoodha.

BOQONNAA TOKKO: SEENSA

1.1. Seenduubee Qorannichaa

Ogbarruun ogummaafi dandeettii dhalli namaa ittiin dhimmoota akka xiinsammuu, aadaa, duudhaa, falaasamaafi haala jireenyasaa, akkasumas dhageettii keessoosaa, gaddaafi gammachuu qabu ittiin ibsatuudha. Ogbarruun kalaqa sammuu dhala namaati. Namni haala keessa jiraatu hunda ogbarruu fayyadamee barreefamaan yookiin afaaniin ibsachuu danda'a. Dandeettiin sammuu as keessatti qooda guddaa qaba.

Asafaa (2004, f. 17) ogbarruu yammuu ibsu, "Ogbarruun namoonni yaadota bibilchaatoo ta'an kan ittiin waliif ibsaniifi waliif dabarsan kalaqa sammuu haasaa bifa miidhagina qabuun gabaabbatee dhiyaatuudha" jedha. Kanaafuu, ogbarruun kan yaadota bibilchaatoo ta'an ittiin waliif dabarsinuudha jechuun nidanda'ama.

Ogabarruun dubartoota haala garagaraatiin ibsa. Haalli qabatamaan uummata keessa jiru ogbarruuwwan irra caalaan isaanii cimina osoo hintaane dadhabbina dubartootaa ibsuu isaati. Haalli kun immoo dubartoota irratti dhiibbaa garagaraa fida. Haata'u malee dubartootni rakkoo isaanirra gahaa jiru kana ofirraa hambisuuf mormaa turan; har'as mormaa jiru. Yaada kana ilaalchistee Kuwee (1998, f. 153) yammuu ibsiti, "The Oromo women are not helpless and fragile objects ready to be crushed under the weight three forms of oppression they are also engaged in an active struggle changing and changing it." jetti. Yaada kanarraa wanti hubannu dubartoonni Oromoo rakkoo isaanirra tureef osoo hinjilbeenfatin qabsoo tasisaniin jijjiramaa jiraachuu isaaniiti. Irra caalaan isaanii immoo haala kana jijjiiruuf yaada jedhuudha. Haaluma kanaan dubartootni Oromoo dhiibbaan isaan irratti raawwatamaa jiru akka fooyya'uuf shoora guddaa taphatanii jiru.

Gabaabumatti, ogbarruun kalaqa sammuu dhala namaa ta'ee, ogummaafi dandeettii ittiin aadaa, duudhaa, falaasama, haala jiruufi jireenyaa, akkasumas, miira keessoo ofii ittiin ibsataniidha. Ogbarruun ogummaa namni jechoota filatamootti fayyadamuudhaan waan addunyaa kanarratti ta'eefi ta'uu danda'u uumee lubbuu itti horuun barreeffamaanis ta'e afaaniin dhiyeessuudha. Hojiilee ogbarruu dhimma hawaasaa xiyyeeffatan keessaa asoosamni isa tokkoodha. Asoosamni gosa ogbarruu barreeffamaa ta'ee, bifa holoolootiin kan dhiyaatu hojii kalaqaati. Jiruufi jireenya hawaasa tokkoo miidhagsee kan dhiyeessuufi akka daawwitiitti kan mul'isuudha. Waa'ee

uummataa uummataaf deebisee haala qabatamaa fakkaatuun kan dhiyeessu, daawwitii jiruufi jireenya uummataati. Waa'ee jiruufi jireenya uummataa waan ta'eef, hayyuulee ogbarruu biratti, hiikawwan adda addaa kennameefii jira. Yaadota hayyuulee garagaraa asoosamaan walqabsiisee jiraniis qorattuun haala armaan gadiin dhiheessiteetti.

Akka Fedhasaan (2017, f. 96) asoosamaaf hiika kennetti: “Asoosamni argaa-yaadaa barreessaan kalaqamee suura jireenya dhala namaa addunyaa keessatti kaasee mul'isuudha. Mudannoofi mufannoo hawaasni tokko haala jiruufi jireenyaa keessatti muuxatu mul'isuuf, sammuu barreessaa keessatti kalaqamee waraqaa irratti mul'ata. Dubbistootni haala sanarraa muuxannoo isaanii yaadatu” jedha.

Akka yaada armaan olii kanatti, waan sammuu barreessitootaa keessatti kalaqaan lubbuu horate tokko addunyaa ijaan argamtu kana keessatti waan raawwatamu jedhanii yaadan gorsaafi qajeelfama, barsiisa adda addaa laachuuf kan barreessaniidha. Dubartootni ogbarruu (asoosama) keessatti akkamiin akka ilaalaman irratti hayyuuleen garagaraa yaada kennanii jiru.

Osterhaus (1987, f. 1) akka ibsutti, “Women are not valued as literary characters or writers. Most well known and well respected writers throughout history have been men, resulting in “images of women in literature that are products of a creative process that has a limited perspective,” jedha.

Akka yaada kanaatti, dubartootni akka barreessitootaatti yookiin namfakkiileetti qooda fudhachuu keessatti gatii hinqaban. Barreeffama kalaquus ta'e, barreeffama kalaqame keessatti qooda fudhachuu keessatti dubartootni amma dhiiraa hinga'an. Kanneen kabajaafi ilaalchi gaariin qooda fudhannaa barreeffama kalaqaafi qoodattootaatti yoo dhihaate miiraafi kabajaa gaarii qabu akka dhiiraa hinjiru. Qorattuunis yaada kanaan walqabsiisuudhaan asoosamoota *Dhoksaa Jireenyaafi Miila Hinshokoksinee* keessatti dhimmootni dubartootaan walqabatan akkamiin akka dhihaatan xiinxalteetti. Fakkoommii dubartootaa asoosama keessatti yeroo dhihaatu kan dhiiraan gadi ta'ee kan mul'atu yoo ta'ee, dubartootni dhiirotaan gadi yaada jedhu qaba. Yaadni akkanaa jiraachuunimmoo dubartootaanis ta'e dhiirotaan fudhatamummaa waan hinqabneef akka yaada dogoggoraatti ilaalamuu akka qabu qo'attuun itti amanti. Garaagarummaan saalaan walqabatu garagarummaa hojii akka hintaanes qabatamaadha.

Kanumaan walqabsiisuudhaan Harding, (1986, f. 13) irratti “From the nineteenth century to the present, feminists have organized to end what they perceive as the historic misconception that men are superior to women. Feminists have endeavored to prove that social inequality is not ordained by the laws of God or nature, but results from societal conditions that can and should be changed” jechuun ibsa.

Akka yaada kanarraa hubatamutti, dayeessi yookiin yaadni dubartummaa jedhee jaarraa 19ffaa keessa eegalee hanga har’aatti hojiirra oolaa jiru, ilaalcha dogoggoraa dubartiin dhiiraa gadi jedhu hambisuudhaaf kan dhufeedha. Akka seenaatti, dubartootni gama hundumaanuu amma dhiirotaa akka hingenye himamaa tureera. Dayeessi kunis yaada kana mormuudhaan akka ilaalchi walqixxummaa dhiiraafi dubartootaa leellifamu gochuu keessatti bakka olaanaa qaba. Akka yaada kanaatti, ilaalchi dogoggoraa kun Waaqa yookiin haala uumamaan kan walqabatu osoo hintaane, haala hawaasummaa keessatti olaantummaa dhiirotaa labsuuf jecha kan dhufeedha. Walumaagalatti yaadni kun, dhiirotni dubartootarra caalu; dubartootni laafoodha jedhanii jireenya hawaasummaa keessatti kan itti fe’an kun sirrii waan hintaaneef jijjiiramuu qaba yaada jedhu mirkaneessuudhaaf yaada maddeedha.

Dabalataanis, Mohaammad (2012, f. 14), dubartummaan akka damee guddaa koorniyaatti ilaalamu ibsa. Koorniyaammoo haala adeemsa saalaa ittiin qoodnu yookiin ibsituu saalaati. Qoqqooddaan saalaa qaama hawaasni sababa qo’annoo lubbuqabeeyyii lamaan dhalli namaa dhiira yookiin dubara jedhee qooduufi hirmaannaa hawaasummaafi hojiin uumamuudha yaada jedhus qaba. Ogbarruun hojii kalaqaati; asoosamni gosa ogbarruuti; caacculee asoosama ijaaran keessaa tokko namfakkiidha. Namfakkiileenimmoo asoosama keessatti dhiiraafi dubartiitti kan hiran yoo ta’an, hojii gaarii hojjete jedhamee kan hawaasa keessatti ilaalamaa ture dhiira akka ture qorattuun muuxannoo qabdurraa nihubatti.

Yaaduma dhimmoota dubartootaan walqabtee jiru hayyootni biroon immoo akka armaan gadii kanatti ibsaniiru.

In Oromo areas where the Gada System is weak, Koranic and biblical concepts of modesty are also used to check or control the behavior of women. In the south and southeastern parts of Ethiopia, where the majority of the Oromo people are followers of Islam, the Shari'a law concerned with the role and conduct of women is fervently applied. Women are required to veil or cover from top down to toe. A number of married and unmarried women in major towns and rural areas of Oromia wear cloak-like garments, usually black, to veil themselves. As some writers convincingly state, there is a subtle relationship between religious socialization and female subjectivity (Crumbley, 1992; Rapoport *et al.*, 1995).

Akka yaada armaan olitti dhihaate kanarraa hubachuun danda'amutti, dubartootni bakkeewwan garagaraa Sirni Gadaa Oromoo sriitti hojiirra hin oolletti, dubartootni Quraanaafi Wangeelaan amalli isaanii gadi qabama. Amalli isaan qaban seera Quraanaa yookiin Wangeelaan malee akka dhuunfaa isaaniitti kan calaqqisu miti. Fakkeenyaaf naannoo Kibbaafi Kibbabahaa Itoophiyaatti dubartootni Isilaama ta'an seera Shari'aatiin buluu qabu; irraa amma jalaatti yookiin mataatii amma quba miila isaaniitti wayyaadhaan of dhoksanii deemuu qabu. Kunimmoo akkaataa ittiin abshaalummaadhaan amantiitti fayyadamanii namootaa wajjin michummaa uumuu fakkeessuudhaan dubartoota dhimmoota hawaasaa garagaraa keessatti gadi qabuu/eenyummaa isaanii dhorkuu mul'isuu danda'a. Haaluma kanarratti hundaa'uudhaan qorattuunis yaadolee beektotaafi muuxannoo ishee giddugaleessa godhachuudhaan dhimmoota dubartootaa gama siyaasaan, hawaasummaa, dinagdeefi koorniyaa asoosamoota filataman lamaan keessatti xiinxalteetti.

1.2.Ka'umsa Qorannichaa

Guddina afaanii saffisiisuutti dabalatee ariifannaa guddina ogbarruu mirkaneessuuf ogbarruuwwan barreeffamanii jiran qeeqa irratti geggeessuun murteessaadha. Asoosamnis akka ogbarruu tokkootti yeroo hedduminaan barreeffamu guddina afaanii nisaffisiisa. Akkuma kana ogbarruu guddisuu keessatti sadarkaasaa eegsisuun akka barreeffamuuf xiinxalli yookiin qeeqi asoosamarratti jiraachuun nibarbaachisa.

Mataduree kanarratti qorannoo adeemsiisuuf wantootni qorattuuf kaka'umsa ta'an yeroo isheen koorsii gooroowwan ogbarruufi qeeqa ogbarruu barattutti, qeeqi ogbarruu biyya tokko keessatti barreeffamee jiru keessatti jiraachuun barbaachisummaa inni qabuudha. Ka'umsi inni lammaffaan immoo qorannoo ga'aan dhimma kanarratti kan hingeggeeffamni ta'uu isaati. Egaa qorattuun sakatta'a qorannoo walfakkaaturratti taasisuudhaan qaawwan mul'ataniin walqabsiiftee qorannoo adeemsifteetti jechuudha.

Haaluma kanaan Margaan (2016), mata duree “Bakka bu'iinsa namfakkiileen dubartootaa Asoosamoota Afaan Oromoo Imaanaa Imaltuufi Hiree Galgalaa keessatti gama jiruufi jireenyaan (siyaasaan, dinagdeefi hawaasummaan) qaban xiinxaluu kan jedhurratti hojjetameera. Haata'u malee qorannoon qorattuufi qorannoo sakatta'ame gidduutti qaawwan mul'ataniiru. Qorannoon Margaa dhimmoota dubartootaa keessaa waa'ee siyaasaa, dinagdeefi hawaasummaa haa kaasu malee wantoota akka dhiibbaa saalaa, qabsoo walqixxummaa dubartootni taasisaniifi madaallii asoosamoota qorannoo asoosamoota lamaanii gadifageenyaan xiinxalee hindhiheessine. Qorattuunis asoosamoota garaagaraarratti qorannoo adeemsifaman yoo ilaaltu, kan Margaa kanaan alatti dhimmoota dubartootaan walqabsiisee qorannoo adeemsifame hinarganne. Hojii kana keessatti jechoonni asoostotni dhimma itti bahan murteessoofi xiyyeeffannoo guddaa kan barbaadan ta'a. Bu'aan asoosama tokkorraa argamus qindoominaafi walitti hidhamiinsa isaaniiratti hundaa'a. Bu'uuruma kanaan qorattuun xiinxala fakkoommii dubartootaa: asoosamoota *Dhoksaa Jireenyaafi Miila Hinshoksinee* adeemsifteetti.

Qorannoon kunis guddinni ogbarruu Oromoo itti fufiinsa gaarii akka qabaatu gochuu keessatti qooda guddaa akka qabutti amanama. Haaluma kanaan, gaaffileen bu'uuraa qorannoo kanaan deebii argatan haala kanaa gadiitiin dhiyaataniiru:

- ❖ Asoosamoota *Dhoksaa Jireenyaafi Miila Hinshokoksinee* keessatti dhimmootni dubartootaa gama hawaas-dinagdeen maal fakkaatu?
- ❖ Asoosamoota lamaan keessatti dhiibbaan sababii koorniyaatiin dubartootarra gahu maali?
- ❖ Asoosamoota lamaan keessatti qabsoon walqixxummaa namfakkiiwwan dubartootaa maal fakkaata?

1.3.Kaayyoowwan Qorannichaa

1.3.1. Kaayyoo Gooroo

Kaayyoon gooroo qorannoo kanaa fakkoommii dubartootaa asoosamoota *Dhoksa Jireenyaafi Miila Hinshokoksinee* xiinxaluudha.

1.3.2. Kaayyoowwan Gooree

Kaayyoowwan gooree qorannoo kanaa kanneen armaan gadiiti:

- ❖ Asoosamoota *Dhoksa Jireenyaafi Miila Hinshokoksinee* keessatti dhimmootni dubartootaa gama hawaasdinagdeen maal akka fakkaatu ibsuu;
- ❖ Asoosamoota lamaan keessatti dhiibbaa sababii koorniyaatiin namfakkiiwwan dubartootarra gahu ibsuu;
- ❖ Asoosamoota lamaan keessatti qabsoon walqixxummaa namfakkiiwwan dubartootaa maal akka fakkaatu ibsuu.

1.4.Barbaachisummaa Qorannichaa

Qorannoon yeroo geggeeffamu qaamota adda addaaf akkuma bu'aa buusu qabu, qorannoon kunis, qaamolee garaagaraatiif barbaachisummaa niqabaata. Qorattuunis qorannoon kun yeroo xumuramu bu'aalee armaan gaditti tarreeffaman nibuusa jettee amanti. Isaanis:

- Namoota asoosamoota Afaan Oromoo irratti haala kanaan walfakkaatuun qorannoo geggeessuu barbaadaniif ka'umsa ta'uu danda'a;
- Namoota gara fuulduraatti asoosama Afaan Oromoon barreessuuf karoofataa osoo jiranii, carraa waraqaa kana dubbisuu argataniif dhimmoota dubartootaa hawaasa keessa jirurratti fuulleffatanii hojii kalaqaaa isaanii akka barreessaniif isaan qajeelchuu danda'a;
- Namoota asoosamoota qorannoon kun irratti geggeeffamu barreessaniif dhimmoota dubartootaa giddugaleeffachuun asoosama barreessuurratti ciminaafi hanqina isaan qaban addaan baasee waan itti mul'isuuf gara fuulduraatti dhimmoota dubartootaa asoosama biraa yoo barreessan ciminaafi hanqina isaaniin walqabsiisanii akka barreessaniif nigargaara.

1.5.Daangaa Qorannichaa

Qorannoon kun asoosamoota *Dhoksaa Jireenyaafi Miila Hinshokoksineerratti* kan adeemsifameedha. Matadureen qorannichaas, xiinxala fakkoommii dubartootaa asoosamoota *Dhoksaa Jireenyaafi Miila Hinshokoksineeti*. Sababni isaas asoosamoota dubbifte keessaa kaayyoo qorannoo ishee faana kanneen deeman asoosamoota kanneen waan ta'eefiidha.

1.6.Hanqina Qorannichaa

Qorannoon tokko hanqina tokko malee galma barbaadame ga'a jedhanii yaaduun hindanda'amu. Qorattuunis qorannoon kun sababoota armaan gadiirraan kan ka'e quubsa ta'uu dhiisuu danda'a jettee yaaddi:

- Qorannoo xiinxala fakkoommii dubartootaa kitaabota dhiirotaan barreeffaman qofarratti adeemsisuudhaan ga'aadha yookiin ga'aa miti jedhanii gudunfuun rakkisaa ta'uu;
- Qorattuun gara fedhii isheetti duufuun (loogii saalaa taasisuun) yaada kana giddugaleessummaa isaa eeguu dhiisuu dandeessi laata shakkii jedhuun;
- Qorannoolee muraasatu sakatta'ame waan ta'eef yaadoleen deeggarsaa quubsa ta'uu dhiisuu laata shakkiin jedhu;
- Qorattuun qorannoo digirii lammaffaarratti hojjetamuuf haaraa ta'uuniifi hojii idilee hojjechaa qorannoo kana adeemsisuun hanqinoota qorannoo kana keessatti mul'ataniidha.

Qorattuunis rakkoolee qorannicha keessatti mul'atan tooftaalee garaagaraan maqsiteetti. Kitaabota dhiirotaan barreeffaman kan jedhuun walqabatee ija ogummaatiin ilaaltee loogii tokko malee qorannoo adeemsisuu murteessite. Gama qorannoo walfakkaataniin gorsaa ishee waliin ta'uun iyyaaffannoo gochuun qorannoo mataduree isheerratti hojjetuun walfakkaatan muraasatti fayyadamuufi yeroo boqonnaa isheetti ciminaan hojjechuudhaan hanqinoota kanneen furuu dandesseetti.

BOQONNAA LAMA: SAKATTA'A BARRUULEE

2.1. Ogbarruu

Ogbarruun barreeffama ogummaa dhala namaati. Ogummaan barreessuu dhala namaa garaagarummaas tokkummaas qabaachuu danda'a. Gaafa akkas jedhamu dandeettiin waa kalaquu dhala namaa walcaaluu danda'uu isaati. Haalli namootni ittiin jechoota fayyadaman tokko ta'uu dhiisuu mala. Kan tokkotti mul'ate isa biraatti mul'achuu dhiisuu danda'a. Haaluma kanaan namootni ogbarruu kana karaa adda addaan hiikuuf yaalu. Deemee deemee garuu yaadni isaanii walhinfaallessu. Qorattuunis yaadolee beektotni garagaraa maalummaa ogbarruudhaan walqabsiisuun dhiheessan haala armaan gadiin dhiheessiteetti:

Akka Asafaan (2009, f. 67) ibsetti, ogbarruun dabarsa aadaa uummataati. Galmee jiruufi jireenya dhala namaa kan hubannoo, beekumsa, muuxannoofi sadarkaa adda addaa qabaniiti. Ogbarruutti fayyadamuudhaan haala qabatamaa addunyaa kanarra jiru calaqqisiisuun nidanda'ama. Kanaafuu ogbarruu kana jedhanii yaada tokkoon lafa kaa'uun salphaa miti. Sababni isaas wantootni addunyaa kanarra jiran walxaxoodha. Ogbarruun immoo dhimmoota walxaxoo kanneen haala ifaa ta'een qindeessee dhiheessa jechuun ibsa. Kunimmoo hiikni ogbarruuf kennamu cimaa akka ta'e namatti argisiisa jechuudha.

Ogbarruun ogummaa dhugummaa muuxannoo keenya miidhagsinee, gabaabsuufi kalaquun ittiin ibsinuudha. Ogbarruun kan yaadawwan bibilchaatoo ta'an ittiin waliif dabarsinuudha. Yaaduma kana Finnegan (1978, f. 18) yoo ibsiti, "Literature is a creative work of art which expresses the truth of experience in terms of beauty to be comprehended and it is the means of communicating ideas of intellectual and socio significance."

Waraabbiin kun akka agarsiisutti, ogbarruun muuxannoo keenya kan calaqqisiisu ta'uusaa ibsullee hojii kalaqaa, kalaqa sammuu barreessaa bifa miidhagina qabuun bu'aa hawaasaaf kan dhiyaatu ta'uu ibsa.

Itti dabalees, Ansari (1992, f. 2) yoo ibsu, "To define literature is very difficult. In ordinary sense we can say whatever written is literature but there can not be a clear and precise definition of literature because its scope is so vast that it covers almost all the spheres of life" jedheera.

Akka yaada kanaatti, Ogbarruu kana jedhanii yaada yookiin hiika tokkoon lafa kaa'uun kan nama dhibu ta'uu danda'a. Maalummaa ogbarruu haala salphaan kana jedhanii dubbachuun ulfaataadha. Yeroo gabaabsanii ilaalan wanti barreeffamee jiru hunduu ogbarruudha jechuu dandeenya. Haata'umalee wanti barreeffamee jiru marti ogbarruudha jedhanii murteessuun hindanda'amu. Kana jechuun wanti barreeffamee jiru tokko maalummaa ogbarruu ifatti yookiin sirriitti ibsuu dhiisuu danda'a. Sababni isaa dameewwan ogbarruu jalatti ilaalaman hedduudha waanta'eef. Ogbarruu kanneen jedhaman kanneen akka asoosamaa, walaloo, barreeffamoota adda addaafi kanneen kana fakkaataniidha. Egaa dameewwan ogbarruu barreeffamoota kalaqaa kanneen ogummaadhaan barreeffaman waanta'aniif, barreeffamoota calluma jedhanii barreeffaman faana madaalamuu hindanda'an. Daangaan ogbarruu bal'aadha jechuun isaas barreeffamootni hundinuu ogbarruu ta'uu danda'u jechuu osoo hintaane, hiika ogbarruu kennuurratti namootni haala miira isaaniin hirmaachuu danda'u jechuudha. Ogbarruun jireenya dhala namaa keessa waan jiru marallee hammachuu kan danda'uudha.

Literature is the last and highest expression of the thought of people manifested in words. An organic continuity of development is the thing that gives literature its character, and which at the same time distinguishes it from mere oral and written tradition value as art. Literature consists of stories, poems, and, plays especially those that are considered to have. (Vygotsky, 1987, f. 71)

Akka yaada armaan olii kanatti, ogbarruun dhimma baay'ee murteessaa namootni miira, yaadaafi ilaalcha isaanii jechootatti fayyadamuun ittiin ibsataniidha. Akkasumas kan qooddattoota yookiin namfakkiileetti gargaaramuun sadarkaa dhala namaas ta'e wantoota biraa bifa ogafaaniirraa addaan baasee barreeffamaan dhiheessuudha. Yeroo akkas jedhamu dhimmoota afaaniin dhalootaa dhalootatti daddarbaniifi wantoota barreeffamaan daddarban gidduu haalota jiran kan addaan baasee argisiisuuf yaaluudha. Ogbarruun dhimma dhugaa addunyaa kanarratti yookiin qabatamaan addunyaa kanarratti mul'atan irratti yaada kalaqaa dhihaateefi kan hirmaattota mataa isaa qabuudha.

Dhugaarratti hundaa'uudhaan qabatamaan waan dhihaatuuf ergaan ittiin darbu hawwataafi ifaadha. Kanaafuu namootni ogbarruutti gargaaramuudhaan dhimmoota jireenyaafi waa'ee addunyaa keessa jiraatanii ibsuu danda'u. "Literature is the cultural heritage of peoples. It is a record of man in diversity of forms at various levels of scholarship."(Asafaa, 2009, f. 20-21)

Akka yaada kanaatti, ogbarruun aadaa uummataa yookiin dhimma hawaasaa daddabarsa. Hawaasni waa'ee jireenya isaa gaariis ta'e yaraa ogbarruutti dhimma bahuudhaan daddabarsa. Adda addummaan namaa kan keessatti galmeeffamee jiruudha. Ogbarruun dhimma bal'aa waa'ee dhala namaa bal'inaan qabatee jiruudha. Jechuun galmee guddaa kan namoota muuxannoo, beekumsa, dandeettiifi hubannoo wantoota hedduu qabaniiti jechuun nidanda'ama. Dhalli namaa waa'ee ofii, namoota biroo, dhimmoota addunyaafi wantoota kana fakkaatan ogbarruutti fayyadamuudhaan kalaqee dabarsuu akka danda'u qorattuunis itti amanti.

Walumaagalatti akka yaadolee beektota armaan olii kanarraa hubatamutti, hiikni namootni garagaraa ogbarruuf kennanis akkaataa kanatti aanuun dhihaateera: Jechi 'Litireecherii' jedhu namoota adda addaan ogbarruu jedhamee yeroo gara garaatti hiikamee jira. Og- jechuun ogummaa jechuu yoo ta'u, barruu jechuun immoo barreeffama jechuudha. Walitti ogbarruu jechuun ogummaa barreeffamaa jechuu waan ta'eef jecha 'literature' jedhu kana guutummaatti waan ibsu hinfakkaatu. Kanaafuu jecha 'literature' jedhu kana ergifachuun akkuma jirutti itti fayyadamuun gaariidha. Litireecheriin hojii kalaqaa ta'ee, fedhii, gammachuu, hawwiifi waan kana fakkaatan miidhagoo hojii ilma namaa walitti qindeessee kan mul'isuudha.

2.2.Qeeqa Ogbarruu

Unka ilaalchisee itti fayyadamaafi filannoo jechootaa, tooftaa barreessuufi kanneen kana fakkaatantu xiinxalama. Qabiyyee ilaalchisee ammoo gaaffilee maaltu jedhame? Faayidaa inni hawaasaaf qabu maali? Rakkoolee hawaasa keessatti mul'atan akka furaman taasisamoo beekumsa haaraa babal'isa kanneen jedhaman irratti xiyyeeffata. Asoosama qeequu keessatti jaargocha yookiin sabseenaa asoosamichaa adda baasuun maal akka fakkaatuufi haala kamiin gochi raawwatame inni tokko isa biraarratti akka ijaarame adda baasuun qeequun barbaachisaa akka ta'e qorattuun itti amanti.

Kanumaan walqabsiisuudhaan Dutton (1884, f. 15), "...any criticism written before approximately 1800 may be understood as criticism of creative literature in general," jechuun ibsa. Akka waraabii armaan olii kanarraa hubachuun danda'amutti, qeeqni ogbarruu naannoo bara 1800 keessa kan jalqabe yammuu ta'u, irra jireessaan hojiilee kalaqaman qeequu irratti xiyyeeffata ture. Ammas taanaan qeeqni ogbarruu hojii kalaqaa nama biraa qeequudhaan kan walqabatuudha. Jalqabbiin isaa yeroo dheeraa kan lakkoofsise yammuu ta'u, qeequu jechuun haala dhihaannaa ogbarruu sanaarratti ilaalcha jiru lafa kaa'uu jechuudha.

Walumaagalatti, waan barreeffamaan jiru tokko qeeqaaf dhiyaachuun seeruma ogbarruuti. Qeeqamuus qaba. Yoo tokko kan barreesse ta'e, kan barreessuullee dadhabe dubbisee qeequun kan qeeqamu waan barreeffame sana malee nama barreesse sana miti. Kana jechuun qeeqa ogbarruuf ulaagaan lafa kaa'amuu qaba jechuudha. Qeequ jechuun hojii kalaqaa namni tokko barreesse namni biraan immoo waan achi keessatti barreessaan itti dabaleera yookiin irraa hir'iseera jedhu irratti hundaa'uudhaan ta'a. Qeeqa ogbarruu jechuun waan barreessaan tokko kalaqe bifa dhuunfaa ofiin yookiin akkaataa waa keessaa dinqisiifatanirratti hundaa'uudhaan qeequ jechuudha.

Jechi qeeqa jedhu yeroo hedduu waa fashaleessuuf dhimma namni tokko itti gargaaramu fakkaata. Ogbarruu keessatti garuu qeeqa jechuun dhimma tokko irratti adeemsa qaaccessaafi madaallii gargaaramuun murtii ta'e irra ga'uudha. Kunis waan barreeffame tokko jabinaafi hanqina, faayidaafi miidhaa, sirrummaafi dogoggora gocha yookaan wanta dhuunfaa tokkoo ilaalchaafi haqa ta'uu ittiin adda baasnuudha. Kunis hir'inaafi jabina isaa adda baasuutiin kan raawwatu yoo ta'e iyyuu, ulaagaa dhimma tokko ittiin qeequ irra dhaabbatanii rakkoo adda baafame sanaaf yeroo itti furmaanni dhimmichaaf barbaadamuudha jechuudhaan ibsa. Maddi yaadolee armaan olii toora interneetiiti. (<https://www.enotes.com>)

2.2.1. Barbaachisummaa Qeeqa Ogbarruu

Qeeqni ogbarruu faayidaalee garagaraa akka qabu hayyuulee baay'een ibsaniiru. Isaan keessaa amma tokko qorattuun armaan gaditti dhiheessiteetti. Haaluma kanaan Ellis (1974, f. 54), faayidaa qeeqa ogbarruu akkaataa armaan gadiin ibsa:

“it has often been said that the purpose of criticism is to render the text more enjoyable to the reader, to encourage and excite his appreciation of the text, to explicate it, and to point out to him what he might otherwise have missed. Literary criticism helps us to go inside of text and understand the written work from many different view points.”

Akka yaada armaan olii kanarraa hubatamutti, kaayyoon qeeqa ogbarruu dubbisaadhaaf bohaartii, miira kaka'umsaafi gammachuu kennuudha. Akka dubbisaan waa'ee ogbarruu dhihaate tokkoo waan irra darbame hubatu gochuufiidha. Akkasumas, dubbisaa gara yaada tokkootti akeekuuf gargaara. Egaa qeeqa ogbarruu keessaa waa'ee waan barreeffamee tokko hubannoo akka

qabaannu taasisa. Dabalataanis ilaalcha barreessaan waa'ee ogbarruu sanaarratti qabu hubannee ergaa darbaa jirus akka gara miira keenyaatti fidnuuf qeeqni ogbarruu bakka guddaa qaba yaada jedhu qaba.

2.3. Yaadrimee Dubartummaa

Dubartummaan ilaalcha yookiin amantaa walqixxummaa dinagdee, siyaasaafi hawaasummaa dubartootaa sadarkaa addunyaatti aangessuufi olaantummaa dhiiraa hambisuuf kan socho'udha. Yaadiddamni dubartummaa walqixxummaa dubartootaaf kan falmu, carraa hawaasaa keessatti qabeenya irratti haqa walqixaa akka argataniif kan qabsaa'udha jechuun lafa kaa'uun ni danda'ama.

Fakkoommii dubartootaa dhimmoota garaagaraa dubartootni itti hirmaachuu danda'aniidha. Dhimmootni dubartootni itti hirmaachuu danda'animmoo dhimmoota akka aadaa, falaasama, amantii, hawaasummaa, dinagdee, siyaasaafi xiinsammuufaa ta'uu danda'a. Gabaabumatti dhimmootni dubartootaa wantoota dubartootni qooda keessatti fudhachuuf mirga qaban yoo ta'u, sababa koorniyaatiin walqabatee waan isaan ilaallatu tokko dhabuu akka hinqabne kan giddugaleeffatuudha. Dhimmootni dubartootaa maal maal keessatti ka'uu akka danda'us, Bolinger (1987, f. 56) yoo ibsu, "Gender issue has long been an important theme in the fields of sociology, social psychology, economics, literature, education and political science."

Akka yaada armaan olii kanarraa hubatamutti, dhimmi koorniyaa dirreewwan garagaraa akka hawaasummaa, xiinsammuu hawaasaa, dinagdee, ogbarruu, barnootaafi saayinsii siyaasa keessatti xiyyeeffannoo argachuu qabuudha. Dameewwan garaagaraa yookiin dirreewwan qo'annoo garagaraa kana keessatti akka ibsametti dhimmi koorniyaa yeroo ka'u qoqqooddiin dhiiraafi dubara jedhu dhufuu isaati. Qoqqooddii kana keessatti ammoo yaadni tokko tokkorra caala jedhu ka'uu danda'a. Dhimmootni dubartootaas kanarraa adda miti. Dirreewwan barumsaa yookiin qo'annoo tarreeffaman kunneen dhimmoota dubartootni dhiiraan qixa keessatti shoora isaanii taphachuu danda'aniidha.

Akka Virginia (1978, f. 51) ibsitetti, 'feminism' jechi jedhu Afaan Faransaayi kan 'feminisme' jedhurraa kan maddeedha. Innis yaada dubartootni dhiirotaan qixa mirga, humnaafi carraa adda addaa argachuu qabu jedhuudha. Kanumaan walqabatees yaada aadaa, siyaasaafi dinagdeedhaan

dubartootni dhiirotaan qixa ta'uu qabu ejjennoo jedhuutu ibsame. Dabalataanis sochiin dayeessa dubartummaa dhimmoota hawaasummaafi siyaasaatiin kan walqabatu ta'ee garagarummaa koorniyaa irratti kan bu'uureffatuudha. Dubartootni Biriitiish, kan dayeessa kana hojjiirra akka ooluuf sochii gochuu jalqaban naannoo bara 1850 keessa. Akka dayeessa kanaatti, dubartootni carraa dhiirotaan qixaa argatanii akkuma dhiirotaa hojiitti bobba'uudhaan hojjechuu jalqaban jaarraa kana keessa kan argatan akka ta'etu ibsame.

Yaaduma kanaan walqabsiisuudhaan Bryson (1999, f. 82), "Feminist criticism is concerned with--the way in which literature (and other cultural production) reinforce or undermine the economic, political, social and psychological oppression of women," jedha. Yaada hayyuu kanarraa wanti hubannu, ogbarruun, kallattiiwwan siyaasaa, dinagdee, hawaasummaafi gama xiinsammuutiin dubartootaafi dhiirota yoo walbira qabnee ilaalle dubartootni gadaantummaan kan ilaalaman ta'uusaati.

Kanumatti dabaluuun Bryson (1999, f. 82) yaada armaan olii yoo cimsu, "Feminist criticism is also concerned with less obvious forms of marginalization such as exclusion of women writers from the traditional literary ---Unless the critical or historical point of view is feminist, there is tendency to under represent the contribution of women writers," jedha.

Akka yaada kanaatti, yaadxinni qeeqa dubartootaa (feminist criticism), hawaasa waliin jiraatu keessatti ga'ee olaanaa dubartiif akka hinkennamne, dhiiraan walqixa ilaalamuu dhiisuun dubartootaafi qoqqobbii kallattii garagaraan shamarran mudatu qeequu irratti kan bu'uureffate ta'uu kan ibsuudha. Sochii feminizimii keessatti kaayyoon feminizimii inni guddaan sirna olaantummaa dhiirotaa keessatti miidhama aadaan hawaasaa irraan ga'aa tureefi ga'aa jiru ofuma isaaniin akka hubatan kan taasisuufi jijjiiramaaf kan kakaasu, mirga isaaniifi sagalee isaanii akka dhageessisan kan taasisuudha. Sochiin yaadxina kanaa dubartoota kaayyoo godhachuun, kaka'umsa uumuu, maalummaafi eenyummaa haala jireenya isaanii akka of hubatan sirna olaantummaa sadarkaa hawaas-aadaan murteessuuf falmachuuf, ofuma isaanii akka murteeffatan kan kakaasu hariiroo hawaasaa wajjin qaban murteeffachuu irratti sagalee falmii kan qabuudha.

Yaadxinootni dubartummaas kanneen armaan gadiiti:

2.3.1. Dubartummaa Walabaa (Liberal Feminism)

Dhimma dubartummaa walabaarratti yaada hayyootni garaagaraa dhiheessan keessaa kan qorattuun dhiheessite armaan gaditti haa ilaallu. Fakkeenyaaf (Greendorfer, 1993 f. 57) akka ibsutti,

The underlying assumption of all liberal sports feminism is that sport is fundamentally sound and represents a positive experience to which girls and women need access. Differences in female sports participation are seen to be the result of socialization practices carried out by institutions such as the family, the media, and the school.

Akka yaada armaan olii kanatti, dubartummaan walabaa namni hundi uumamaan walqixa akka ta'eefi sababa dubartummaatiin carraan itti fayyadamummaa walqixa ta'e akka jiraatu kan falmuudha. Dhimmoota hawaasaa garaagaraa keessatti dubartootni dhiiraan qixa carraa argachuu qabu yaada jedhuun socho'u jechuunis dhiheessu. Fakkeenyaaf dhimmoota akka ispoortii keessatti qooda fudhachuudhaaf carraan dubartootni qaban kan dhiiraan qixa akka ta'u yaada jedhu qabu. Gufuun walqixxummaa inni guddaan dubartummaa irratti xiyyeeffata waan ta'eef ilaalchi akkasii hafuun akka irra jiraatuuf falmu.

2.3.2. Dubartummaa Bifaa/Gurraachummaa (Black Feminism)

Haala dubartummaa bifaarratti ilaalchota jiraniin walqabsiisuudhaan yaada hayyuuleen garagaraa dhiheessan jira. Dubartummaan bifaa dhimmoota bifaan walqabatan irratti kan xiyyeeffatuudha. Akka dubartummaa bifaan walqabsiisuudhaan (Hill Collins, 1991, f. 29)

Black feminists have challenged dominant white feminist theorizing and activism since the early days of second-wave feminism, arguing that black women's experiences have been largely excluded and made invisible. They highlight the fact that the sites of their oppression may be different to those of white women. For example, many white women see the family as a major site of their oppression by both men and the sexual division of labor.

Akka yaada armaan olii kanarraa hubatamutti, olaantummaan dubartoota gurraachotaa hinmul'atu. Dhimmoota hawaasummaa keessatti kanneen qooda fudhachuu qaban dubartoota adii qofa akka ta'anitti yaaduun sirrii akka hintaane falma. Bifaan walqabsiisanii carraa dubartootni argachuu qaban dhabsiisuu jabeessee falma jechuudha.

2.3.3. Dubartummaa Jijjiiramaa (Radical Feminism)

Dubartummaan jijjiiramaa dhaadannoo siyaasaatiin kan beekamuudha. Akka Boston Women's Health Collective (1973, f. 73) yaadxina kanarratti ibsa kennetti, "Radical feminism developed out of radical politics in the 1960s and 1970s which saw the development of women's consciousness-raising groups and the beginnings of a women's movement with women campaigning publicly against domestic violence, pornography, and for their rights over reproduction and health matters."

Akka yaada armaan olii kanatti, dubartummaan jijjiirraa dhaadannoo "Eenyummaa siyaasaa" yaada jedhuun beekama. Sirna olaantummaa dhiiraa gama siyaasaatiin jiru dubartootarratti fe'uun sirrii akka hintaane falma. Dhimmoota siyaasaa keessatti hojiiileen dubartootaa akka hinmul'anne ta'uun isaa sirrii miti jechuudhaan mormii qabu dhiheessa. Dubartootni dhimmoota siyaasaa keessatti qooda fudhachuu hindanda'an yaadni jedhu sirrii akka hintaane falma. Egaa dubartummaan jijjiiramaa akka sirna kanaatti, aangoo dhiiraa hawaasa keessatti hundee godhatee faarfamu xiyyeeffatee kan ka'eedha. Ilaalchi koorniyaa meeshaa ittiin dhiirri dubartii hakuucuuudha jedhanii amanu. Kanaafuu ilaalchi gama siyaasaatiin dubartootaaf qaban gadaanaa akka ta'etti ilaaluun akka hafuu qabuuf kan falmuuf gargaaruudha.

2.3.4. Dubartummaa Maarkistii (Marxist Feminism) Or Socialist

Dayeessota walqixxummaa dubartootaaf falman keessaa tokko dubartummaa Maarkistiiti. Akka (Thompson, 1999, f. 100) waa'ee dubartummaa Maarkistii ibsetti, "Women often provide the refreshments at male sporting events; they wash sports clothing for their partner or for men's teams; and they transport their children to sports events and support them in their activities often to the detriment of their own leisure and sporting activities."

Akka waraabbii kanaatti, dhiirotaafi dubartootni dhimmoota hawaasummaarratti walgargaaruu isaanii irratti kan xiyyeeffateedha. Gahee dhiiraafi dubartii caasaadhaan addaan qooduudhaan haala ittiin kennamu xiinxaluurratti kan xiyyeeffateedha. Akka fakkeenyaatti dubartootni dhiirotaaf yookiin hiriyoota isaaniif uffata miicuudhaan tapha ispoortii keessatti qooda fudhatu. Haala kana raawwachuu isaaniitiinis jiruufi jireenya hawaasummaa keessatti walgargaaranii jiraachuun nimul'ata.

Socialist feminism has responded by looking more closely at the interrelationships of gender, race, and class located within capitalism, patriarchy, and neocolonialism. Within sport, socialist feminism highlights the part played by women in servicing both men's and children's sports. This sexual division of labor extends into employment in sports organizations and sports clubs, where women are often found in servicing and supporting roles. Thompson (1999, f. 100)

Akka yaada kanaatti dhimmootni akka koorniyaa, sanyii, sirna dinagdeefi kanneen kana fakkaatan ofkeessatti qabata. Dubartootni dhiirotaafi daa'imman tajaajiluu malee faayidaa biroo akka hinqabnetti ilaalamu. Yaadiddamni kunis sirni kun sirrii akka hintaaneefi dubartootni bakka kamittuu dhiirotaan qixa qooda fudhachuu danda'u jechuun morma.

“Women's dual role in the paid labor force and in domestic labor impacts on their time and energies for sport and recreation. Socialist feminism is critical of the disparities between men's and women's opportunities for sponsorship, prize money, and sporting careers.”Hall (1996,f.100)

Akka waraabbii kanarraa hubatamutti, dubartootni wantoota akka bashannanaafi ispoortii keessatti hirmaachuudhaaf yeroo hinqaban. Kanaafuu yaadxinni kun garaagarummaan koorniyaadhaan walqabatee jiru kun carraa hojii, ispoonserummaa, kaffaltiifi ispoortiitti hirmaachuu walqixa argachuu dhabuun sirrii akka hintaanerratti xiyyeeffata.

Apart from exploring the complex interrelationships between capitalism and patriarchal power relations, socialist feminism shifts the emphasis from solely concentrating on women's experiences to looking more critically at gender. In order to do this they explore male power through the concept of hegemonic masculinity Connell (1987, f. 100). This has developed into a large area of study (men and masculinities) and has created the space for men to engage with feminist theorizing.

Yaadni armaan olii dubartootni dhimmoota akka dinagdeefi aangummaa keessatti qooda fudhachuurratti carraa guddaa akka hinqabne namatti argisiisa. Yaadxinni kunis dubartummaan

hojii keessatti hirmaachuu akka nama hindhorkine ibsa malee dubartootni hojiiwwan garaagaraa keessatti hirmaachuudhaan dhiidotarra caaluun barbaachisaadha hinjedhu. Mirga dubartootni argachuu qaban gaafata jechuudha.

The early work by Sabo and Runfola (1980) recognized the significance of feminist work for an understanding of men and sport but it is primarily through the work of Sabo (1985), Messner (1992), and Messner and Sabo (1990) that there have developed critical theoretically informed studies of men, masculinity, and sport. This work looks at the historical construction of masculinity and muscularity through sport, male hegemony, and hegemonic masculinity and the relationship between masculinity, male power, and sport. Importantly it explores how men as a group enjoy privileges in sport through the construction of unequal gender relations; how men also pay the cost for their adherence to narrow definitions of masculinity; and the importance of differences and inequalities between men. (Messner, 1997; Wellard, 2009; Anderson, 2005)

Walumaagalatti, sirni kaappitaalizimii gita irratti hundaa'ee dubartootaaf bakka gadaanaa akka hinkennine falma yaada jedhus qaba. Akka ilaalcha kanaattis dubartootni manatti malee lafa hojiitti qooda hinqaban. Yaadxinni dubartummaa Maarkistii yookiin hawaasummaa dubartootni manatti malee lafa hojiitti seenuun hinhojjetu yaada jedhurratti mormii qabu mul'isa. Qorattuunis yaadxina kanatti fayyadamuudhaan qorannoo ishee adeemsifteetti. Sababni isaa dubartummaa maarkistiin walqabatee dhimmootni akka siyaasdinagdee, hawaasummaa, aadaa, amantiifi falaasamaa ibsamuu waan danda'aniifiidha.

Gabaabumatti, yaadiddamoota ittiin asoosama qeeqan garagaraa jiraatanis, isaan keessaa yaadiddama maarkistii dubartummaa xiyyeeffachuun asoosamootni filataman lamaan (*Dhoksaa Jireenyaafi Miila Hinshokoksine*) xiinxalamaniiru. Sababiin isaa hojii barreessitoota asoosamaa keessatti fakkoommiin dubartootaa akkamiin akka dhihaate yookiin dhugaa qabatamaa tokko bu'uura godhachuudhaan barreessuu isaani xiinxaluun waan barbaadameefiidha. Kanarraa ka'uun barreessitoonni asoosama Afaan Oromootiin barreessan dhimmoota dubartootaan walqabatan sirriitti fayyadamanimoo fakkeessaniiti yookiin dhugaa itti bu'anii dubbachuufi

callisanii kan darban yookiin kan sodaatan ta'uu isaanii yookiin haqaaqanii kan barreessan ta'uusaanii xiinxala irratti geggeessuun barbaachisaa ta'ee waan argameefiidha.

2.4. Dubartootaafi Jiruufi Jireenya Hawaasaa

Jiruufi jireenya hawaasummaa keessatti dubartootni akkuma dhiirotaa qooda fudhatu. Qooda fudhachuu keessattis akka isaan dhiirotaan gadi ta'anitti yaaduun dogoggora. Akka Dirribii (2014, f. 55) ibsetti, “Waraanni Oromoo osoo dubartiin Oromoo eebbiftee, itti dhibaafattee, siinqee hulluuqsittee hingeggeessin sochiif miila hinfuudhu. Haaluma kanaan dubartootni hedduun bulbula dammaa miila hoogganaa irratti dhibaasuudhaan haalaan eebbisu. Dubartoonni Oromoo kunis miila hooggantoota waraanaa irratti dhibaasuudhaan eebbisu” jedha.

Akka yaada kanarraa hubatamutti, dubartootni jiruufi jireenya hawaasummaa keessatti qooda garagaraa fudhachuu danda'u. Kana jechuun akkuma dhiirotaa waan jiruufi jireenya hawaasummaa keessatti hojjetan qabu jechuudha. Jiruufi jireenya hawaasummaa keessatti erga akkuma dhiirotaa qooda fudhatu ta'emmoo akkuma dhiirotaa jajamuutu irra jiraata jechuudha.

Dabalataanis akka Wiirtuu Jildii-7ffaa (1995, f. 29) irratti ibsametti, dubartootni haadha waan ta'aniif kabaja guddaa qabu. Mararteen haadhaa immoo nama hundaa biratti iddoo olaanaa qaba. Haaluma kanaan walqabsiisuudhaan intalli heerumtu tokko jaalala haadhaa yookiin dubartootaa ibsuudhaaf akka itti aanu kanatti kaa'eera: “akkuma beekamu durbi abbaa irra haadhatti dhihaatti. Amalli hojii isaaniis walitti isaan dhiheessa. Durbi tokko yeroo mana warraa jirtutti hojii mana keessaanis ta'e hojii alaatiin haadha ni gargaarti. Yeroo heerumtu garuu gargaarsi kun ni hafa. Ba'aan hojii mana keessaa hundumtuu haadharratti dabalama jechuudha.”

Egaa akka yaada armaan oliitti, dubartootni hojii hundumaa keessatti bakka guddaa qabu. Dubartootni utubaadha. Dubartii malee wanti hundinuu hiika hinqabu. Wanti dubartootni keessa hinjirre hiika hinqabu jechuun bakka dubartootni hinjirre gaarii akka hintaane argisiisa. Kana jechuun dubartootni akkuma dhiirotaa gahee hojii qabu. Dubartiin haadha. Haadha jechuun immoo ofii agabuu bultee kan nama soortuudha. Kana malees gaheen haadhaa yookin dubartootaa hawaasa keessatti maal akka fakkaatu akkasumas garalaafina dubartootaa barreeffama armaan olii kanarraa hubachuun nidanda'ama. Egaa walumaagalatti dubartoota kabajuun hojii isaaniidhaan walqabateeti malee akkasumaan akka hintaane mirkaneessa.

2.5.Walqixxummaa Dhiiraafi Dubartootaa

Walqixxummaa dhiiraafi dubartii irratti hayyootni garagaraa yaadolee dhiheessanii jiru. Akka Dirribii (2014, f. 146) ibsetti, uumamni dhiiraafi dubartii kan armaan gadii fakkaata. Waaqni akkuma uumama biroo uume, namas uume. Akka ilaalcha Waaqeffannaatti, namni jalqaba uumame dhiiras dubartiis hinturre. Akkasumatti nama saalli isaa hinbeekamne ture. Namni kun guyyaa tokko bishaan dhuguudhaaf osoo burqaatti adeemuu of duubaa sagalee akka dhaga'e ibsa. Yeroo kana rifatee ofirra galagalee mil'atee yoo ilaalu, ija Waaqaatiin walitti bu'e. Rifaatuu sanaan battalumatti bakka lamatti addaan bahe jechuun dubbata. Inni tokko gara bitaa inni tokkommoo gara mirgaatti gargar baqatan....Yeroo dheeraan booda, lamaan isaanii tokko qaama dhiira tokkommoo qaama dubartii akka horatanis ibsa.

Akka yaada kanarraa hubatamutti, dhiirri dubartiidhaan sin caala jedhee of ibsuus ta'e dubartiin immoo gad-aantummaa keessa galtee dhiphachaa jiraachuun sirrii miti. Dhiiraafi dubartiin qaamuma tokkotu bakka lamatti hirame waan ta'eef eenyuyyuu eenyurra hincaalu jechuudha. Kanaafuu dhiiraafi dubartiin walqixatti kabajamuufi ilaalamuun barbaachisaa akka ta'eedha. Yaaduma kanaan walqabsiisuudhaan Osterhaus (1987, f. 13) akkas jechuun ibsa:

Feminists seek legal, political, educational, and other reforms that will allow women to choose lives that are compatible with their own interests and talents rather than accept those imposed on them by family, church, or stereotype. Not all feminists pursue identical goals: For example, some want the right to devote themselves wholeheartedly to home and family and still be considered as valuable to society as any corporate executive, while others want the right to use their skills to fullest advantage in the business or academic worlds.

Akka yaada kanarraa hubatamutti, dubartootni waa'ee seeraa, barnootaa, kanneen biroo jireenya isaaniif murteessoo ta'an itti fufsiisuu keessatti of ta'uudhaan qooda fudhachuutu irraa eegama. Dubartootni fedhii, ilaalchaafi kanneen kana fakkaatan of ta'anii akka hojjetan kan taasisu ta'uu qaba. Kanaafuu dubartootni dhimmoota akka seeraa, siyaasaa, fedhii, barnootaafi kanneen biraa jiruufi jireenya isaaniin walitti hidhatan hundarratti murtoo ofii isaaniin qooda fudhachuun murteessaadha. Kana jechuun kan maatii, karaa amantaafi haala ilaalcha dogoggoraan dhiibbaa

irratti godhamu hundaa keessummeessuu dhiisanii hiree ofii ofiin murteeffachuurratti cimanii hojjechuu qabu.

Akka walqixxummaa dubartootaafi dhiiraaf falmiin taasifamutti, dubartootni dhiiraan caalamuun yaada dogoggoraati. Dubartootni yaadaan, sammuun, barnootaan, jireenya keessatti fedhii qabaachuufi haalota biroo keessatti dhiiraa gadi jechuun yaaduun dogoggora ta'uu isaa ibsuudhaan kan falmuudha.

Kanumaan walqabsiisuu Kuween (1998, f. 153) "The Oromo women are not helpless and fragile objects ready to be crushed under the weight of oppression. They are also engaged in an active struggle and changing it." jetti.

Yaada kanarraa wanti hubannu dubartoonni Oromoo rakkoo isaanirra tureef osoo hinjilbeenfatin qabsoo taasisaniin jijjiiramaa jiru. Irra caalaan isaanii immoo haala kana jijjiiruuf yaaduu qabu jedhuudha.

Haaluma kanaan dubartoonni Oromoo dhiibbaan isaan irratti raawwatamaa jiru akka fooyya'uuf shoorra guddaa taphatanii jiru. Akka Segal (1999, f. 232), "Because its most radical goal, both personal and collective, has yet to be realized: a world which is a better place not just for some women, but for all women." And, as she goes on to add, that world would be better not just for women, but for men as well" jetti.

Akka yaada kanarraa hubatamutti, dhimma walqixxummaa dubartootaa falmu jechuun maal jechuu akka ta'erratti deebii qajeelaa kenniteetti. Walqixxummaa dubartootaaf falmuu jechuun dubartoota muraasa qofa osoo giddugaleessa hingodhatin dubartootni hundinuu dhiiraan qixa carraa jireenyaa argachuu qabu yaada jedhuudha. Walqixxummaa dubartootaa kanaan walqabsiiftees mirgi dhiiraafi dubartootaa walqixa kabajamuu akka qabu, dubartootnis dubartoota hundumaa wajjin walqixa ilaalamuudhaan yoo ta'e malee walcaalmaan isaan gidduuttis yoo jiraate addunyaa dhugaa uumuun rakkisaadha jetti. Kanaafuu walqixxummaan dubartootaa kan dhugoomu, dubartootni bakka hundumaatti walqixa ilaalamuufi dhiiraafi dubartootnis carraa walqixa ta'e qabaachuu yookiin olaantummaan saala tokkoo leellifamuu dhiisuudha jechuun yaada ishee ibsiteetti.

There has always been a danger that in re-valuing our notions of the female and appealing to the experiences of women, we are reinforcing the ideas of sexual polarity which feminism originally aimed to challenge.’ So, what is meant by sexual difference? Feminists have pointed to the way in which, historically, a natural difference between men and women was assumed, and have analyzed the ways in which this difference was given various social, political and economic meanings in different societies and civilizations. They argue that one Equal or Different? constant of this differentiation, however, has been that women have been given an inferior or secondary status in societies because of this assumed natural sexual difference. (Segal, 1987, f. xii)

Akka qorattuun yaada hayyuu armaan olii kanarraa hubattetti, adda addummaan saalaa hawaasa keessatti hiikoo garagaraa kenna. Sababa adda addummaa kanaan walqabatee, addummaan hawaasummaa, siyaasaafi dinagdee hawaasa garagaraafi qaroomina keessatti garagarummaa yaadaa uuma. Haata’umalee addummaan saalaa dhimma uumamaa akka ta’e xiyyeeffannoon ilaaluun barbaachisaadha. Hiikkoo dogoggoraa itti kennuudhaan warreen dhiirotni akka dubartootarra caalanitti fudhatanillee jiru. Yaadni kun fudhatama hinqabu jechuudhaan yaadni walqixxummaa dubartootaaf falmu ni ibsa. Sababa dubartii ta’anii uumamaan dhalataniif dhiiraa gaditti ilaalamuun yookiin immoo akka saala lammaffaatti ilaalamuun sirrii miti jechuudhaan walqixxummaa saalaaf falma.

Namni dhiira yookiin dubartii ta’ee dhalachuun adeemsa uumamaa ta’ee osoo jiruu, dubartii ta’anii warreen dhalatan carraa dhiiraan qixaa dhorkachuun sirrii akka hintaane yaadni kun nifalma. Akka waliigalaatti namni tokko yoo dubartii ta’ee dhalate gama hawaasummaan, siyaasaan, dinagdeen, qaroominaaniifi kanneen kana fakkaataniin amma dhiiraa hinga’u jedhanii ilaaluun sirrii miti jechuudha.

The secondary status of woman in society is one of the true universals, a pan-cultural fact. And as she goes on to explain, this secondary status of women can be explained by the fact that within the multiplicity of cultural conceptions and symbolizations of women that exist and that have existed in different societies, there is a constant in that women are seen as being ‘closer to nature’ in their physiology, their social role and their psyche. Whereas women have been seen as ‘closer to nature’, men have been perceived as ‘closer to culture’, more suited for public roles and political association. (Ortner, 1998, f. 21)

Akka yaada armaan oliirraa hubatamutti, yaadni dubartii hawaasa keessatti akka saala lammaffaatti ilaalamuu qabdi jedhu yaaduma dhugaa aadaan itti fe'eedha kan jedhu kana nan morma jetti. Akka yaada kanaatti dubartiin uumamatti dhihaattee kan argamtuudha. Haala isaan hawaasa keessatti gahee qaban irraa ka'uudhaan dubartoota akkuma hojii isaaniin ilaaluudhaan uumamatti dhiyaatu jechuudhaan ramadanii dhiirotni immoo dubartoota sababa aadaan itti fe'erraan kan ka'e akka saala lammaffaatti dubartoota ilaalu waan ta'eef isaanimmoo aadaatti dhiyoodha jechuun ramadu. Gababumatti dubartootni akka saala lammaffaatti ilaalamuurraan kan ka'e dhimma hojiitti dhihaatuun yeroo firooman dhiirotni immoo akka waan aadaan isaanitti dhihoo ta'ee hojiirraa bilisa isaan baaseetti ilaalamu. Kanaafuu dhiirotni dhimmoota hawaasaafi siyaasaarratti qooda fudhatu. Egaa yaadni akkanaa walqixxummaa saalaa dhugoomsuurratti dhiibbaa waan qabuuf falmamuu akka qabuudha.

Walumaagalatti akka yaada armaan oliirraa qorattuun hubattetti, mirgi dubartootaafi dhiirotaa akka walqixa hintaanetti ilaaluun sirrii miti jechuudhaan dhugaa qabatamaan ibsa.

Dubartootni wanta dhiirotni hojjetan hojjechuudhaaf dandeettii guutuu akka qaban ibsa. Yeroo baay'ee yaadni dhiirri dubartiirra caala jedhu dubartoota mana keessatti kan ittisaa tureedha. Dhiibbaan gama maatiin, karaa mana amantaa, gama dhiirotaan, aadaafi kanneen kana fakkaataniin gadi qabaa tureera. Haata'umalee dubartootni akkuma dhiirotaa dandeettii ittiin bakka dhiirri hojjetu hundattuu hojjechuu danda'an qabu. Dandeettii isaanii kana hojiirra oolchuudhaaf walqixxummaan dhiiraafi dubartii kabajamuu qaba jechuudhas.

2.6.Dubartootaafi Sirna Gadaa

Dubartootni qaama hawaasaati. Dhalli namaa dhiiraafi dubartiidhaaf bakka kennuudhaan jiruufi jireenya hawaasummaa isaa itti fufsiisuu keessatti ilaalchi inni qabu garaagarummaa qabaachuu danda'a. Namootni tokko tokko dubartootaaf bakka guddaa yoo kennan kaanimmoo dhiirotaaf bakka guddaa kennu. Haata'umalee, yeroo baay'ee namootni baay'een dubartootaaf ilaalchi isaan qaban gadi aanaadha. Jireenya hawaasummaa keessattis akka waan dhiirri hojjetu hojjechuu hindandeenyeetti ilaaluun darbee darbee ni mul'ata. Yaadolee kanaafi kanaan walfakkaatan dhimmoota dubartootaan walqabataniin jiran irratti hayyoota garaagaraan barreeffame haala armaan gadiin haa ilaallu:

Akka Asmerom (1973, f. 3), “The Gada system contains complex and seemingly anomalous feature that are a major challenges to social science” jedha. Kunis Sirni Gadaa waan hedduu bal’aa ta’eefi qorannoo saayinsii hawaasaa ammayyaatiifuu waan quubsa ta’e of keessaa qabaachuusaa mul’isa. Kunis Sirni Gadaa qaroominaafi guddina sanyiin namaa karaa hawaasummaa, seera isaa bara dheeraa keessatti argate, sirna raajiidha jedhamee ibsamuu akka danda’utti mul’atuudha.

Sirni Gadaa iddoo addaa addaatti maqaalee garaagaraa qabaachuu ibsuun maqaalee Gadaa Oromoo Maccaa bakka shanitti qooduun ibsa. Isaanis, Birmajii, Horata, Duuloo, Meelbaafi Roobalee jedhamuun akka qoqqoodaman ibsa. Jaarmiyaaleen Gadaa shanan (Birmajii, Horata, Duuloo, Haalchisaafi Roobalee) Oromoo keessatti dubartootni jila addaa addaarratti hirmaachuu malee gahee murtoo kennuu hinqaban. (Dirribii, 2014, f. 12)

Akka yaada armaan oliitti, dhugaa qabatamaa amma jiruunis tahe durumaan ture yoo ilaalle garuu dubartootni Oromoo jila qophaa’u keessatti waan barbaachisaa tahe hunda raawwachuudhaan jila sana milkeessuu keessatti shoora guddaa qabu.

Haala kanaan walqabsiisuudhaanis Asmerom (1973, f. 53), irratti yoo ibsu, “Women building a ceremonial pavilion, where the institution of the ‘Dabballee’ (I) will take place”. Yaada kanarraa akka hubachuun danda’amutti, gocha Dabballeen Gadaatti seenuu keessatti hirmaannaa dubartootni jila qopheessuu keessatti qaban nuuf mirkaneessa.

2.7. Sakatta’a Qorannoolee Walfakkaatanii

Akkuma beekamu, sanyiiwwan ogbarruu keessaa qorannoon kallattiilee garaagaraatiin asoosamarratti hojjetameera. Isaan keessaa qorattuun qorannoo adeemsifteefi kan hojjetamee jiru walbira qabdee qaawwan/bu’aalee qorannoo sakattaateefi addummaa qorannooshee argisiise bakka kanatti ibsiteetti.

Haaluma Margaan (2016), mata duree “Bakka bu’iinsa namfakkiileen dubartootaa asoosamoota Afaan Oromoo Imaanaa Imaltuufi Hiree Galgalaa keessatti gama jiruufi jireenyaan (siyaasaan, dinagdeefi hawaasummaan) qaban xiinxaluu” jedhuratti kan xiyyeeffate yoo ta’u, kaayyoon qorannichaa, malawwan barruu adda addaa asoosamoota eeraman keessatti dhimma itti bahame, caacculee isaanii gidduu qindoominni akka jiraatu taasisuu danda’uufi ija yaadxina bifiiyyeetiin

asoosamootni bara tokko ba'an maal akka fakkaatan argisiisuudha. Qorattuun garuu xiinxala fakkoommii dubartootaa asoosamoota Afaan Oromoo *Dhoksa Jireenyaafi Miila Hinshokoksineerratti* adeemsifteetti.

Walumaagalatti, qorannoon kun qorannoowwan isheen sakattaateraa adda kan ta'u, fakkoommii dubartootaa asoosamoota *Dhoksa Jireenyaafi Miila Hinshokoksinee* keessatti xiinxalamuu isaan yoo ta'u, kan inni irratti xiyyeeffate dhimmoota akka cunqursaa hawaasdinagdee, dhiibbaa saalaa, qabsoo walqixxummaa namfakkiiwwan dubartootaafi madaallii asoosamoota lamaaniiti.

BOQONNAA SADI: MALLEEN QORANNICHA

3.1. Saxaxa Qorannichaa

Qorannoon kun gosoota qorannoo jiran keessaa qorannoo akkamtaa (qualitative Research) ta'ee saxaxa ibsaan ibsamee dhiyaate. Saxaxa qorannoo ilaalchisee Cohen, Manionfi Morris (2005, f. 73), saxaxni qorannoo tokko kaayyoo isaan murtaa'a. Kaayyoon qorannoo tokkos saxaxaafi mala qorannichaan murtaa'a jedhu. Matadureen qorattuun irratti hojjettes xiinxala dhimmoota dubartootaa asoosamoota *Dhoksa Jireenyaafi Miila Hinshokoksineeti*. Kaayyoo qorannichaa milkeessuufis ragaaleen barbaachisoo ta'an asoosamoota lamaan keessaa funaanamaniiru. Haaluma kanaan ragaaleen maddeen garagaraan fudhatamanis mala qorannoo akkamtaan qaaceffaman; akkasumas saxaxa ibsaan ibsamani dhihaataniiru.

3.2. Madda Ragaa Qorannichaa

Qorannoo kanaaf madda ragaa kan ta'an asoosamoota, *Dhoksa Jireenyaafi Miila Hinshokoksineedha*. Qorattuunis ragaalee barbaaddu kitaabota kanneen keessaa argachuun madda ragaa jalqabaa taasifachuudhaan itti fayyadamte.

3.3. Iddattoofi Mala Iddatteessuu

Qorattuun qorannoo qeeqa asoosamoota *Dhoksa jireenyaafi Miila hinshokoksinee* jedhaman kanaaf odeeffannoo argachuuf mala miticarraa fayyadamte. Mala miticarraa keessaammoo, mala iddatteessuu kaayyeffataatu hojiirra oole. Irraawwatamni qorannoo kanaa asoosamoota *Dhoksa jireenyaafi Miila hinshokoksinee* yoo ta'an, asoosamootni kunneen kan filatamanis tooftaa iddatteessuu kaayyeffataatiini. Sababiin asoosamootni kunneen qorattuun filatamaniifis, mataduree qorannoo isheerratti xiinxala geggeessuuf asoosamoota jiran keessaa yoomessa keessatti barreeffamaniin gaaffilee qorannoo ishee waan isheef deebisuu danda'aniifiidha. Kana malees asoosamootni kunneen akka waan siyaasa qofarratti xiyyeeffataniitti yeroon namoota baay'eedhaan maqaan isaanii ka'u waan tureefiidha.

Qorattuunis yeroo asoosamoota adda addaa dubbiftu asoosamootni kunneen qabxiilee isheen irratti xiyyeeffatee qorannoo adeemsiftu deebisuu keessatti caalanii itti argamaniiru. Haaluma kanaan akka kaayyoo qorannichaa faana deemutti asoosamoota *Dhoksa jireenyaafi Miila hinshokoksineerratti* qorannoo adeemsifteetti. Qorannoo kanas iddatteessuu mala miticarraa kaayyootti gargaaramuudhaan kitaabota lamaan xiinxalte.

Yaada kana William yoo ibsu, “Non probability sampling is a sampling technique where the samples are gathered in process that does not give all the individuals in the population equal chances of being selected” (2005, f. 145). Akka yaada kanaattis qorannoon mala kayyeeffataan filatamu tokko iddattoota yookiin hirmaattota qorannichaa hundaaf carraa walqixxee hinkennu. Akka kaayyoo qorannoo isheetti kan qorattuu fayyaduudha jechuudha. Kanaafuu, asoosamoota jiran keessaa ragaa barbaaddu haala salphaan asoosamoota filataman keessaa argatteetti.

Mala iddatteessuu kaayyoo kana Cothari (1990, f. 59) yoo ibsu, “in purposive type of sampling method, items for the sample are selected deliberately by the researcher, his choice of concerning the item supreme” jedha. Yaanni kunis, qorataan iddattoon kun odeeffannoo qorannoo koof oolu naaf kennuu danda’u jedhee itti amane kaayyoosaarratti hundaa’uudhaan filachuu akka danda’u agarsiisa. Bu’uuruma kanaan qorattuunis mala iddatteessuu kaayyeeffataan asoosamoota lamaan filattee odeeffannoo ishee akka barbaaddeetti walitti qabachuu dandeesseetti.

3.4. Mala Funaansa Ragaa

Qorannoon kun xiinxala kitaabilee asoosamootaa waan ta’eef, tooftaan qorattuun gargaaramtee odeeffannoo fudhatte sakatta’a dookumentiiti. Asoosamootni *Dhoksa Jireenyaafi Miila Hinshokoksinee* jedhaman madda odeeffannoo qorannoo kanaati. Bu’uuruma kanaan qorattuunis haala itti dhimmootni dubartoota ibsan asoosamoota filataman keessatti dhihaatan irratti qabxiilee qorannichaaf gargaaran funaannachuudhaaf sakatta’a dookumentii taasifteetti.

Qorattuun gosoota barreeffamaa keessaa barreeffamoota uummataaf ifa ta’an warreen jedhaman keessaa asoosamoota qorannoo kanaaf filataman gadifageenyaan dubbisuudhaan ragaalee qorannichaaf barbaachisan walitti qabatte. Bakka kanatti sakatta’a dookumantii/galmee xiinxaluu jechuun hojii namni biraan barreeffamaan lafa kaa’e tokko keessaa qorannoodhaaf waan itti fayyadaman gargaaramuudhaan odeeffannoo barbaachisaa ta’e funaannachuudhaan walqabata.

Yaaduma armaan olii kanaan walqabsiisuun Creswell (2011, f. 78), irratti sakatta’aa dookumantii akkas jechuun ibse: sakatta’a dookumantii jechuun hojii namni biraan barreeffamaan lafa kaa’e tokko keessaa qorannoodhaaf waan itti fayyadaman gargaaramuudhaan odeeffannoo barbaachisaa ta’e funaannachuu jechuudha. Yaada kanarratti hundaa’uudhaan gosoota barreeffamaa keessaa barreeffamoota uummataaf ifa ta’an warreen jedhaman keessaa asoosamoota filataman qorattuun gadifageenyaan dubbisuudhaan ragaalee qorannichaaf barbaachisan walitti qabatteetti.

3.5. Tooftaa Qaaccessa Ragaa

Odeeffannoo mataduree qorannoo kanaa irratti argamu qaaccessuufi hiikuuf malli qorattuun itti gargaaramte mala akkamtaati. Odeeffannoo mala akkamtaan walitti qabame qaaccessuufi hiikuuf qorattuun waan dubbiftee hubatte qindeessuudhaan dhiheessite. Kanaafuu qorannoo kana keessatti odeeffannoowwan sakatta'a dookumantiin argaman akkamtaan xiinxalaman.

Qorattuunis sakatta'a dookumentii fayyadamuun ragaalee qorannoo isheef gargaaran kan walitti qabatte yoo ta'u, qeeqa Maarkistii dubartummaa gargaaramuun asoosamoota qorannoo kanaaf filataman lamaan *Dhoksa Jireenyaafi Miila Hinshokoksinee* xiinxalteetti. Kanatti aansuudhaan asoosamoota kanneen keessatti dhimmootni dubartoota Oromoo yoomessa barreeffamichaan qabatamaan ibsuu danda'usaa fakkeenya keessaa fudhachuun mataduree matadureetti qooddee dhiheessiteetti.

Bu'uuruma kanaan asoosamoota kanneen keessatti dhimmootni dubartootaan walqabatan haala kamiin akka dhihaatan argisiifteetti. Kana jechuun dhimmoota akka siyaasaa, dinagdee, hawaasummaafi koorniyaan walqabatee dubartootni asoosamoota filataman keessatti maal akka fakkaatan xiinxalteetti jechuudha.

BOQONNAA AFUR: DHIHEESSAAFI XIINXALA RAGAALEE

4.1. Xiinxala Fakkoommii Dubartootaa Asoosama *Dhoksa Jireenyaa*

4.1.1. Cuunfaa Jaargochaa

Cuunfaan jaargocha asoosama *Dhoksa Jireenyaa* akkaataa itti aanuun dhihaateera: Ayyaanaa Guutuufi Marartuu Hundee namfakkiiwwan ijoo asoosamichaati. Ayyaanaa Guutuu Godina Wallaggaatti dhalatee, achumattis barate. Barumsasaa xumuree hojii mootummaa qabate. Yaadaniinis mucuma achiiti; waliin barataniis. Akkaataa jireenya isaaniin garuu baay'ee walcaalu. Yaadaniin mucaa hiyyeessaati yookiin maatii harkaqaalleeyyii keessatti dhalatte. Ayyaanaan garuu kan sooressaati. Ayyaanaafi Yaadaniin hojii mootummaatti qacaramanii utuu maatiin isaanii hinbeekin waljaallatanii walitti galanii utuu jiraatanii Yaadaniin ulfoofte. Gaaftokko obboleettiin Ayyaanaa, Bultuun heerumuuf waan cidhi tureef, innis Yaadaniis sossobee achumaan maatii isaatti agarsiisuuf Adaamaadhaa fuudhee Wallaggatti geesse. Haati Ayyaanaas adeemsa isaanii kana waan jibbaniif, Yaadaniis qofaatti waamanii haasofsiisanii akka isheen mucaa isaanii hingitne, hiyyeettii akka isheetti heerumu akka qabdufaa itti himanii baay'ee aarsan. Isheenis aarii kanaan utuu jirtuu kuftee lubbuun ishee darbe. Ayyaanaanis gaddaan deebi'ee Adaamaatti gale.

Kanaan booda Ayyaanaan biyyaa ba'ee Ameerikaa seene. Achittis ogeessa kompiyuuteraa ta'ee qacaramuudhaan gamoo rogshanee Waashingiteen Diisii, magaalaa Arlingiten keessatti argamu, Peentaagoon keessa humnoota waraanaa biyyattii waliin hojjechuu eegale. Hiriyoota isaa kan inni biyyatti waliin barate keessaa Biqilaan, Ebbisaan, Dhaabaan, Tarreessaafi Immaanaanis achuma USA jiru. Gaaftokko Ebbisaan intala Marartuu jedhamtu tokko faana walbare. Ebbisaan haadha warraa Aannanee jedhamtu qaba. Marartuun intala bareedduu waa barreessituudha. Ayyaanaanis amala waa barreessuu waan qabuuf, akka inni Marartuu waliin walbaruufi yoo toles akka fuudhu hawweefii walisaan barsiise. Isaanis baay'ee walbaran; baay'ees waliigalan.

Marartuu Hundee haadha ishee Aadde Leensaa Gurmuufi abbaashee Obbo Hundeerraa Ameerikaatti dhalattus, xinummaa isheetti abbaan ishee haadhashee waan reebeef hidhaan itti murtaa'ee hidhamee, haatisheemmoo utuu jireenyasheefi mucaashee kana guutuuf dhamaatuu balaa konkolaataatiin waan duuteef warri isheen mucaashee bira kaawwatte immoo Marartuu akaakayyuufi akkawoo isheetti Finfinnee naannoo Saaris geessanii kennan. Maatiinshee kunis

akka namni dogoggoraanillee waa'ee haadhaafi abbaashee itti hinhimneef mana isaanii gurgurani naannoo Shogaleetti galan. Marartuunis achitti akkuma jarri itti himanitti akkoo isheetiin 'harmee', akaakaa isheetiin immoo 'abbaa' jechaa guddatte. Barumsa ishees hanga Yuunvarsitiiti waggaa 3ffaatti achumatti baratte.

Akka carraa guyyaa tokko mooraa Yuunvarsitiiti 'Siddiskiilootti' fincilli kaanaan utuu ijoolleetti makachuuf fiigduu rasaasaan rukutamtee Hospitaala Minilik galte. Kutaa isheen ciiste keessa immoo intalli tokko balaa konkolaataatiin miidhamtee adaadaanshee mucattii gaafachuu dhuftee Marartuu argitee erga gaafatteen booda maqaashee iyyaafattee jennaan "Marartuu" akka jedhamtu itti himte. Dubartittiinis yeroo Ameerikaa turte dubartittii ishee haati Marartuu Marartuu biratti dhiifattee baatee duute sanaan walitti siqeenya cimaa qabdi waan turteef, akka waa yaadachuu taatee, yeroo Ameerikaa turte daa'ima maqaa kanaan waamantu akka beektu, abbaan daa'imattii akka haadha daa'imattii reebbe hidhame, haati daa'imattiimmoo balaa konkolaataatiin akka duute, daa'imattiis warri isheen biratti dhiiftee duute sunis seera guddifachaa hunda guutanii erga fudhataniin booda akaakayyuufi akkawoo ishee naannoo Saaris jiraatanitti kennanii deebi'anii achitti akka gargaaraa turan, booda dubartittiin isheen mucattiin bira turte sun gaafa gara biyya keessaatti deebitu maatii mucattii barbaaddee argattus mucattiin akka isaan bira hinjirreefi argachuu akka isheen hindandeenye itti himanii deddeebitee dadhabdee akka dhiistefaa itti himte.

Marartuunis fayyitee hospitaalaa yammuu baatu, seenaa intalattii isa isheetti himame barreeffattee barsiisaasheetti agarsiifnaan akka gaarii ta'eefi maxxansiisuu qabdu itti hime. Achumaan waa barreessuun itti mi'aaye. Intalattii haadha seenaa sanaa Saarisitti deddeebitee barbaaddus argachuu hindandeenye. Utuu kanaan jirtuu gaaf tokko akaakaan ishee kan isheen 'abbaa koo' jettee wajjin jiraattu gaafa akkawoon ishee isaan isheen 'harmee koo' jettuun baadiyyaa du'a-ga'ii yookiin boo'icha nama du'ee deemnaan ciree Marartuu wajjin nyaatanii furtuu saanduqasaanii ishee biratti dhiisanii deeman. Marartuunis saanduqicha bantee doseefi 'albeemii' footoo dudullooma fuutee suuraa namoota gaafa gaa'ela isaanii ka'anii, kan isaan mucaasaanii durbaa tokkoo wajjin ka'an, 'paaspoortii' mucattii kan maqaanshee, kan haadhasheefi akaakayyuushee irratti barreeffamee jiru argitee walbira qabdee yoo ilaaltu, suuraan namicha isa dhiiraa kan abbaa ishee, kan dubartii bareedduu kan haadhasheefi kan daa'imattii immoo kanshee ta'uu isaa mirkaneeffattee akkoofi akaakaashees bartee

‘paaspoortishee’fi wantoota ishee barbaachisan fudhattee abbaashee barbaacha gara Ameerikaatti imalte. Abbaashee barbaaddee yoo argite maaliif haadhasheerratti kan biraa akka jaallate gaafachuuf, dhoksaa isaan gidduu ture baruuf...Kan isheen Eebbisaafi Ayyaanaa faana walbartes achitti. Ayyaanaan ishee jaallateera. Isheenis akka isa jaallatte hiriyasheetti himteetti. Hiriyaan isheefi Ayyaanaan immoo walbeeku waan ta’eef, akka Marartuun isa jaallatte itti himnaan innis akka Marartuu jaallatee jiru itti hime. Booda waliigalanii waliin jiraachuu jalqaban.

Obbo Biraasaa, jaarsi Ameerikaa yoo xinnaate waggoota 35 ol jiraataniifi hiriyaa obbo Hundee kan ta’an Ayyaanaafi Marartuudhaa hoteelatti bashannanan arganii erga dubbisani booda, akka isheen haadha warraa hiriyaa isaanii ishee Leensaa jedhamtu fakkaattu raajeffatanii haasa’anii achumaan Ayyaanaan qarshii isaan ittiin buna dhugan kenneefii geggeessee ture. Marartuun akka Ameerikaadhaa abbaa qabduufi isas akka barbaadaa jirtu Ayyaanaatti himnaan Ayyaanaanis hiriyoota isaatti himee barbaachatti ka’an. Kan isaan milkaa’anis karaa obbo Biraasaa akka ta’uu danda’u hubatanii isaan barbaadanii argatan. Obbo Biraasaan nama Hundee jedhamu akka beekan Ayyaanaanfaan gaafannaan beekuu isaaniifi innis dhukkubsatee du’aafi jireenya gidduu akka jiru, kan inni jiraatus mana mootummaan warra dadhaboodhaaf, warra humna hinqabneef kenne keessa akka ta’e itti himanii achitti geessaniin.

Ayyaanaan obbo Hundee gadi jedhee akka isaan Leensaa beekan gaafannaan obbo Biraasaan akka inni danda’ee hin-aasofneefi akka Leensaan haadha warraa isaa turte, erga duutee naannoo waggaa 25 akka ta’ufaa itti himan. Ayyaanaafi hiriyoonni isaas akka obbo Hundeen utuu Marartuun hindhagahin hospitaalatti geessanii ciibsani waan dhukkubni isaanii itti hammaachaa deemeef akka waan obbo Biraasaan dhukkubsataniitti hospitaalatti atattamaan waamaniin. Marartuun obbo Biraasaa ijaajjiitti argitee waansaa galuufii dide. Nama sireerra ciisu, kan du’aafi jireenya gidduu jiru argitee akka abbaashee ta’e bartee boosse. Obbo Hundeenis utuu xinnoollee hinturin boqotan. Marartuun of wallaaltee dugdaan kufte. Abbaashees awwaaltee gadduutti kaate. Marartuutti yeroo tokko dadhabbiin itti dhagahamuutti ka’e, itti cimees hojiirraa hambisuu jalqabe. Mana yaalaa deemtee ilaalamnaanis kaanserii dhiigaa akka ta’e dookterri itti hime. Ayyaanaan kana dhageenyaan Marartuunis akka Yaadani kan duutu itti fakkaatee baay’ee dhiphate. Waariteen gaaf tokko wangeela geessitee achitti kenniteef. Marartuunis alii ofii, aliimmoo Ayyaanaa dubbisiifatti turte. Utuu kanaan jiramuu itti cimee jennaan hospitaala ‘John

Hopkins' ciibsaniin. Qorichasaas jalqabdee hoomaa itti fooyya'uu dide. Dhumarra akka isheen du'uu dandeessu dookterri Ayyaanaatti hime. Ayyaanaanis abdii kute. Hiriyoondi Ayyaanaafi Marartuu yoo isheen duuteef maal akka godhan hospitaalichatti walga'anii mari'ataa turan.

Waariteen boodaan wangeela baattee dhuftee gara kutaa Marartuun ciifteetti darbitee harkashee adda Marartuurra keessee yeroo dheeraaf imimmanshee buustee Waaqayyoon kadhatteef. Waaree booda Marartuun haasa'uu jalqabde. Booda itti fooyya'aa waan dhufeef dookteroonnis gammadani akka dhiignishee ilaalamu godhan. Dhiigashee keessaas akka kaanseriin bade itti himan. Gammachuu guddaatu ta'e. Kanaan booda akka ba'uu dandeessu itti himnaan borumtaasaa hiriyoonnisheefi kan Ayyaanaa simachuuf dhufan. Utuu warri kaan qodaashee gadi babbaasanuu Ayyaanaan immoo fiigee dhaqee qubeelaa bitee dhufee hiriyoota isaanii gidduutti fuuldurashee jilbeenfatee akka isheen itti heeruntu gaafateen. Isheenis tole jettee qubashee itti qabdee jennaan qubeelaa bite sana itti kaa'ee gaafasuma fuudheen.

Marartuun gara kutaa ciistee jirtuutti ol deebitee dubartii Mishel jedhamtu, haadha ijoollee sadii cinaa sireeshee ciistuuf wangeela Waariteen kenniteef kenniteefii, "*Dhoksaa jireenyaa*" beektaa? Kan utuu arginuu nu duraa dhokate, kan utuu beeknuu wallaalle, kan dhibaa'ummaan keenya walirraa nu fageesse,... Dhugaadha; aduu jala dhoksaan tokkoyyuu hinjiru. Garuu, ifti dhala namaatti dhoksaa ta'ee jiru yoo jiraate waa tokko qofa. Ittiin jiraadhu. Foon keetiifis ta'e lubbuu keetiif si barbaachisa. Dhoksaan jireenyaa isa kana. "Wanti aduu jalaa hundumtuu kanaan ala miti" ittiin jette, isa Waariteen isheedhaan jette irra deebitee...."Eenyuyyuu du'a hinjaallatu....Wanti du'a jedhan kun utuu jiraatanii ka'anii du'uu qofaan namaa raawwata ta'ee tarii gaarii hinfakkaatin hinoolu. Jireenyi inni du'a booda nama eeggatu garuu baayyota keenyaaf dhoksaadha," jettee nagaa itti dhaamtee baate Marartuun.

Misheelis, "Wanti hundinuu amma namni isa dubbachuu dadhabutti nama dadhabsiisa. Iji arguu hinguufu. Gurris ammoo dhagahuudhaan hinguutu. Wanti dur ta'ee ture ammas ta'uudhaaf jira. Wanta aduu jala jiru keessaa wanti haaraan tokkoollee hinjiru. Ilmaan namootaa akka itti dhamahaniif Waaqayyo hojii rakkisaa kana kenneef. Ani wanta aduu jalatti hojjetame hundumaa argeera. Kunoo wanti hundinuu waa'ee hinbaasu; akka nama qilleensa ari'utis." Kan jedhu diqquma bantee dubbifattus galuufii dide. Gaaffii muraasa of gaafattee, jechi Marartuu inni kan biraa itti yaadatame; "Duuti isa nama keessaa addaan baanee, foonni keenya awwaalamu qofaa miti. Jireenyis immoo fooniin nama keessa deddeebi'uu keenya qofaa miti." Marartuun turtii

booda Ayyaanaadhaaf mucaa durbaa deesse. Maqaa ishees Kakuutti moggaaste. Namni Marartuun lubbuun jiraattee mucaa godhatti jedhee yaade hinturre. Isaan dhukkuba ishee argan hundi du'a ishee eegaa turan. Guyyaan inni kun, jireenyishee har'aa kun hunda isaaniifuu dhoksaa akka ture seenessa xumura asoosamichi.

Egaa *Dhoksaan Jireenyaa*, jireenyi namaa akkaataa hinyaadamneen kallattii addaa yeroo isheen qabattu, waldhaansoo hadha'aa...bu'aa-ba'ii cimaa keessa seenuun dirqama namoomaa ta'usaa seenessa. Biyyi Ameerikaa abjuu dargaggoota danuu keessatti jannataan fakkeeffamtee uumamte, dachii waldhaansoo fi dorgommiin jireenyaa hammaataan keessatti geggeeffamu ta'ushee...dhugeeffannoofi aadaa jireenya biyya sanatti madaquun qormaata hangamii akka ta'e haala qalbii namaa to'atuun seenesseera. Qisaasamni siyaasa Oromoo mudates garaagartummaa bu'uura irratti kan hundaa'e osoo hintaane, garaagartummaa xixiqqoo ogummaan qabatanii...kaayyoo walootiif waliin hojjechuu dadhabuurraa madduusaas nimul'isa.

4.1.2. Cunqursaa Hawaasdinagdee

Asoosama *Dhoksaa Jireenyaa* keessatti dubartoonni gama qabeenyaan ofdanda'anii jiraachuutiin hojii gaarii hojjetanii mul'atu. Dubartoonni dinagdeedhaan ofdanda'uu, abbaa qabeenyummaa ta'uu keessatti gahee guddaa akka taphatan hubachuun barbaachisaadha. Cunqursaan hojii hawaasdinagdee keessatti dubartootarra jiraachuusaa beektotni ibsaniiru. Fakkeenyaaf:

“It is clear that women would not enjoy the same social space as men. By being helpmates to men women would gain a degree of social recognition and freedom similar to that which accrued to men.” (Mill's, 1773-1836, f. 5)

Akka yaada kanarraa hubatamutti, saalaan dubartii ta'uudhaan walqabatee dhiibbaan dubartootarra ga'uu danda'uu isaati. Akka waraabbii kanarraa hubatamutti, qoodni dubartootni dhimmoota adda addaa keessatti qaban amma kan dhiirotaa akka hingenyeedha. Kan ta'uun irra ture garuu dubartootnis mirga dhiirotni argatan argachuutu irraa eegama ture. Kaanaafuu akka yaada asoosamicharraa fudhatameefi yaada hayyuu kanaatti dubartii ta'anii dhalachuun rakkoof saaxilamuudha.

Akkasumas dhimmootni dubartiin gama hawaasdinagdeen qaban heddumminnaan ibsamuu baatus amma tokko dhihaateera. Haaluma kanaan qorattuunis cuqunrsaa hawaasdinagdeen

walqabsiisuun namfakkiilee dubartootaa asoosama Dhoksa Jireenyaarratti xiinxalashee haala armaan gadiin dhiheessiteetti.

Maalgoota egaa! Amartii koo, jireenyuma biyya lafaatu qabsoo cimaadha. Hojii biraan ammoo hangana akka hinkaffalle beekta mitii? Jettee Amsaaleen roorroo Amartii erga dhaggeeffatteen booda, innoo dhugaadha nan beeka Amsaale, foolii manaa qofaayyuu miti, foolii'umti nyaataayyuu yoo natti dhufe ol na deebisuu ga'a jettee muka harataa ittiin mana qulqulleessaa jirtu sana utubatee ijawwan ishee imimmaan dorrobee roobuuf jedhu sana waliin wal'aansoo jalqabde. (Abdii, f. 243).

Akka yaada armaan oliirraa hubatamutti, dubartootni dhimmoota dinagdee keessatti akka qooda fudhataniidha. Dinagdee isaanii guddisuudhaafis akkuma akka humna isaaniitti hojii gaarii barbaadu. Hojiin kaffaltiidhaan walcaaluu isaas waan beekaniif isa xiqqoo qabatanii taa'uurra waan isaaniin madaalu iyyaafatu. Yaadni armaan olii kunis dubartootni ittiin jiraachuuf jecha mana namaa qulqulleessanii buluun madda galii isaaniiti waan ta'eef karaa ittiin dinagdee isaanii guddisan akka ta'e namatti mul'isa. Hirmaannaa dubartootni gama dinagdeen qaban kana keessatti akka ibsametti dubartootni hirkattummaa keessaa ba'uudhaaf jecha hojii humni isaanii danda'u utuu hintuffatin akka hojjetaniidha.

Yaadaniin jibbiinsa harmeen Ayyaanaa isheedhaa qaban baruun yeroo itti hinfudhanne. Hammeenyaaf otoo hintaane, qabeenyaaf ta'uu hubatteetti. Kunimmoo haaluma sadarkaa jireenya ofii ittiin madaalaniidha. Hiriyootti aadde Margituu, yoo diiminaafi bareedina Yaadaniin argan ilmi kee faranjii siif fidee dhufe jedhanii gadi qabanii aadde Margituutti hasaasan. Afuura aarii dhufee somba keessa guutu diidatti obbaafachaa, yoo bareedinni ulaagaa gaa'elaa ta'eefoo dhugaadha, killisii fakkaatti jedhanii ka'anii akka aarii daddarbatamaa golatti achi darban aadde Margituun. (Abdii, f. 144)

Yaada armaan oliirraa jireenya hawaasummaa keessatti dhimmootni dubartootaa maal akka fakkaatu hubachuun nidanda'ama. Jireenya hawaasummaa keessatti jireenyi sadarkaa qabaachuu isaa nama hubachiisa. Hawaasummaa keessattimmoo dubartootni dhimmoota isaaniin ilaallatu haala salphaa ta'een akka hubachuu danda'an namatti argisiisa. Dubartootni hawaasdinagdee keessatti walqeequudhaan, bakka walii kennuu dhiisuufi qabeenyaan waltuffachuu keessatti yeroo baay'ee akka jarjaranii waa murteessanis ni-argisiisa.

Hawaasummaa keessatti hiyyeessaaf bakki gadaanaan kennamuu qaba ergaa jedhullee qaba. Keessattuu dubartootni ulaagaa ittiin gaa'ela madaalan keessaa inni jalqabaa qabeenya akka ta'eefi jiruufi jireenya hawaasummaa keessatti qabeenyaan nama madaaluudhaan eenyummaa namaa akka gad-aansanii ilaalan nama hubachiisa. Kunimmoo dubartootni dhimmuma ofii isaaniillee addaan baafachuu dadhabuu namatti mul'isa. Keessattuu aadde Margituun, Yaadani akka kanaan tuffachuun dubartootni hawaasummaa keessatti kabaja walii isaaniif qabab baay'ee xiqqaa ta'uu namatti argisiisa.

“...nyaata Biliseen dhiheessite sana hunduu siiksaa nyaata. Amartiinis kaatee Bilisee gargaaruu jalqabdeetti. Urgan foon waaddii naannoo sana qoraaseera. Cinattis ammoo ukkaamsaa qopheessaa jiru Biliseefi Amartiin. Foon diimaanis dhihaateera. Kan mana keessa jiru Biiftuufi Margee qofa. Obseenis hanga tokko isaan gargaaruun ishee hinoolle...” (Abdii, f. 115)

Akka yaada armaan oliirraa hubatamutti, dubartootni jiruufi jireenya hawaasummaa keessatti gahee isaanii akka ba'ataniidha. Mooraa mana Biliseefaa keessatti dubartootni hojiin muddamuunis hawaasummaa keessatti haala itti dubartootni waliin hojjetanii jiraatan namatti argisiisa. Hojii mana keessaarratti waliin ta'anii hojjechuun isaaniis akkaataa itti dubartootni jireenya hawaasummaa keessatti qooda fudhatanii jireenya gaarii jiraatan namatti mul'isa. Waliin taphachaa, kolfaafi gammadaa hojii hojjechuudhaan kan namfakkiileen dubartootaa qooda fudhatanis jiruufi jireenya hawaasummaa keessatti akkaataa itti dubartootni jireenya hawaasummaa keessatti hamilee namatti horaniifi jajjabina qaban argisiisa.

...huum jedhanii miila raasaa, ilaamee Yaadani jedhanii yaadaan fagaatanii deeman. Barachuun gaariidha, waan barachuu fakkaate hinjiru. Haata'u malee gaa'ela jechuun salphaa miti. Dhiiraafi dubara taanee waan uumamne qofaaf kan walitti gallee walii wajjin jiraannu otoo hintaane, gaa'elli dhoksa baay'ee ofkeessaa qaba. Oromoo ta'uuf kaayyoo qabaachuu qofti ulaagaa gaa'elaa hinguutu. Oromoon dur walqorata; intala eenyuuti? Ilma eenyuuti? Jedhee walgaafata; sanyii walii, qaccee walii, hidda walii waliyyaafata. Ilmi tumtuu, intala baalabbaataa fuudhuun safuudha, intalli faaqii ilma abbaa qoroo hinkajeeltu; hiree ofii bakka ofii beekuun gaariidha... jedhan aadde Margituun. (Abdii, 155)

Akka yaada armaan oliirraa hubatamutti, aadde Margituun amala guungumuu yookiin dubartoota yeroo baay'ee jireenya hawaasummaa keessatti amala nama tuffachuu qabanii sirriitti mul'isan. Keesaattuu gaa'ela jechuun dhimma murteessaa akka ta'eefi dubartootni baay'een dubara heerumtutti akka malee roorrisuu isaanii ibsa gaarii kennuudhaan qabatamaan argisiisan. Keessattuu ulaagaan gaa'elaa, Oromoo ta'uufi kaayyoo qabaachuu qofaan osoo hintaane, sanyii, qaccee, hiddaafi qabeenya walii qorachuudhaan ta'uu qaba jedhanii dubartootni walirratti dubbachuun seeneffamicha keessatti mul'ateera. Barnoota qabaachuun gaarii ta'us, ulaagaa gaa'elaa keessatti bakka akka hinqabneefi dubartiin tokko heerumuudhaaf dubartiima akka isheetiin akka roorroon cimaa irra ga'u namatti argisiisa. Keessumattuu qabeenyaadhaaf gaa'ela keessatti bakka guddaa kan kennan ta'uu haasaan aadde Margituu sirriitti ibsa.

Egaa akka waliigalaatti dubartootni dhimmoota hawaasummaa keessatti inaaffaa isaan qaban hamilee namummaa kan nama keessatti doomsuufi abdiin kan nama kutachiisu akka ta'e namatti mul'isa. Ammas dhimmoota hawaasummaa keessatti dubartootni qooda kan fudhatan ta'uu isaanii qabxii qorattuun seeneffamicha irraa fudhachuudhaan armaan gaditti dhiheessites fakkeenya gaariidha.

...dubartiin kun nama gaa'ela qabdu, nama abbaa manaa dhiiftee si bira dhufte, akkuma shamarran kaanii sammuu walabaan uffata ofirraa yaaftuu akka isheen si bira ciiftu yaadde yoo ta'e dogoggora guddaadha ittiin jettee harka ishee lamaaniin mudhii ishee qabatte Asteer. Alamaayyoonis kolfa ciigoo kolfaa badii haadhi manaa koo dalagdeen ala miti kan isheenis dalagaa jirtu. Hundi keessaniyyuu tokko, yoo shamarran jedhamtan tolaafi nama isinii yaadu hinjaallattan, amalli hunda keessanii walfakkaata ittiin jedhe. (Abdii, f. 189).

Yaada armaan oliirraa akka hubatamutti, dubartootni jiruufi jireenya hawaasummaa keessatti wantoota isaan miidhuufi fayyadu suuta jedhanii xiinxaluurratti rakkoo guddaa akka qabaniidha. Rakkoo isaan uuman dhiirotni yoo itti himanis harkaa fudhachuudhaan gaariifi gadhee ta'uusaa gargar baasanii bilchinaan akka isaan hinilaalle namatti argisiisa.

Dubartootni gorsa namaa fudhachuu diduurratti bakkeewwan hundattiyyuu amala walfakkaataa qabu. Gabaabumatti yaadni armaan olii dubartootni jiruufi jireenya hawaasummaa keessatti hojii

ammam haa hojjetanuu malee tuffatamoo ta'uu isaanii hubachiisa. Dubartootni hamaafi tolaa gargar baafatanii hin ilaalan jechuudhaanis tuffii qabu argisiiseera.

Marartuun intala waan hundaan uumaan ishee eebbise. Anaaf barreessuu jechuun ogummaan ittiin jiraachaa jiru naaf caala; keessa koon barreessa; yoon barreessu immoo kanan ba'aa jireenya kootiif furmaata argadhe caalaa natti tola. Yoo barreessaa taate waa hedduu ibsita jettee akka nama irribni rakkisaa jiruu qola ijawwan isheetiin agartuu ishee qadaadde dirqamaan gargar saaqaa afuura dheeraa baafatte. (Abdii, f. 105)

Akka yaada kanarraa hubatamutti, dubartootni beekumsa yookiin qaroomina addunyaa faana deemuu keessatti sochii gaarii akka godhan namatti argisiisisa. Ogummaan ogummaa naaf caalu barreessuudha yammuu jettus barreessuudhaan addunyaa faana waliigaltee uumuun akka jiru namatti mul'isa. Namni waa barreessu addunyaan maal akka fakkaattu kan haala salphaan calaqqisiisuudha. Kanaafuu dubartootni qaroomina addunyaan irra jirtu faana deemuu keessatti qooda akka fudhatan nama hubachiisa. Namni waa barreessu akka furmaata haala barbaadeen argachuu danda'u namatti argisiisa. Walumaagalatti, dubartootni qaroomina addunyaa hordofuudhaan faana tarkaanfachuu keessatti shoora guddaa akka taphatan ibsa.

4.1.3. Dhiibbaa Saalaa

Akka qorattuun asoosama kanarraa hubattetti, dhiibbaan koorniyaan walqabatee namfakkiiwwan dubartootarra ga'u jira. Yaaduma kanaan walqabsiisuudhaan Kaul (2012, f. 170-173) akkas jedha.

Only male police personnel are nominated for bravery awards in the department. Sexual harassment and outright misbehavior by male colleagues keep the policewomen under stress. Their contribution and productivity, so does their confidence. Lack of special washrooms and change rooms for women at the police station, often creates embarrassing situations for policewomen. There are also stereotypical beliefs attached to women's uniforms. While wearing a khaki is acceptable to society and the family, a khaki trouser and shirt is a strict taboo and is not acceptable. So, many policewomen refuse to change their uniform and thus draw more criticism from the male.

Akka yaada kanaatti, dubartootni hojii cimaa haahojjetan malee hamma dhiiraa hingahan. Akka isaan dhiiraa gaditti of ilaalan yookiin akka dhiiraa gadi ta'an wantoota taasisan keessaa tokko aadaadha. Yoo isaan uffannaa dhiirri uffatu, kan akka surreefaa hidhatan hawaasa keessatti akka safuu wallaalanitti ilaalu. Dhiibbaan haala kanaan dubartootarratti dhufummoo akka dubartootni gadaanoo ta'anii jiraatan isaan godha. Dhiiraa gaditti yammuu of ilaalanimmoo hirmaannaan isaan barumsa irrattis ta'e dhimma biraarratti qaban akka dhiirotaan hoogganamu ta'a. Yeroo kanammoo ofitti amanamummaan isaanii gadaanaa ta'a. Waan gochuu qaban dhuunfaa isaaniin ofitti amananii gochuun sodaa keessa isaan galcha. Sodaan kunimmoo akka isaan wantoota adda addaa keessatti hirmaannaa hingoone isaan taasisa. Dhugaa qabatamaan yoo ilaalle dubartootni hojiiwwan hojjetaniin dhiirotaan ol yoo ta'an malee dhiirotaan gadi hinta'an. Dhugaan kun ilaalamuun hafee akka isaan waan hanqina qabaniitti ilaalamuun isaanii akka sochiin isaanii hir'atu taheera. Haalli akkanaa immoo ofitti amanamummaan dubartootaa akka hir'atu gochuu keessatti dhiibbaa cimaa taasisa. Bu'uuruma kanaan qorattuun dhiibbaalee sababii saalaan walqabatee namfakkiiwwan dubartootarra ga'uu danda'an keessaa amma hubatte asoosamicha keessaa funaanuun haala armaan gadiin dhiheessiteetti.

I. Miidhaa Xiinsammuu

Yaaduma armaan olii kanaan walqabsiisuudhaan seeneffamicha (Abdii, f. 15-16) irratti akka ibsametti, "Shamarran mana nyaataafi dhugaatii keessatti uffata qaama isaanii mul'isu uffachuun nama dogoggorsu. Luba harkaa Wangeela, Sheekii harkaammoo Quraana gateu."

Akka waraabii kanarraa hubachuun danda'amutti, dubartootni haalota gargaraarraa kan ka'e of eeggannoon isaan lubbuu isaaniif godhan gadibu'aa ta'a. Qaama isaanii mul'isuun miidhaan xiinsammuu akka isaanirra jiru kan argisiisu yoo ta'u, namoota fedhii saalaatti harkisuudhaaf gocha kanatti hirmaatu.

Gabaabumatti, hafee armaan oliirraa akka hubatamutti, namni qaama isaanii yeroo argu fedhii saalaan qabamuun isaa hinhafu. Yeroo fedhii saalaatiin qabamummoo utuu hinjaallatin shamarran sana gaafachuudhaan saalquunnamtii waliin geggeessuuf afeera. Kunimmoo xiinsammuu shamarran sanaa miidhamaa ta'uu isaa mul'isa. Shamarran dhimmoota hawaasummaa keessatti sababoota garagaraan kan ka'e miidhaan xiinsammuu akka isaan mudatutu hubatama. Yaaduma kanarratti hundaa'uudhaan miidhaa xiinsammuu dubartootarra

sababa koorniyaatiin ga’u asoosamicha keessaa fudhatamee armaan gaditti dhihaaterra hubachuun nidanda’ama.

Baay’ee rakkisaadha. Shamarran Ameerikaa seentee fi hoolaan alba’uu jalqabde orooma keessaa baate. Intalli sun yagguu reef biyya kana dhuftu oljetteellee ija namaa keessa hinmil’atu turte. Shamarrri bishaan Ameerikaa unatte, seeraan mana qabattee nijiraatti jedhee yaadee hinbeeku, hunduu hattuudha. Mee Abdiisaafi haadha warraa isaa ilaali biyyatti walfuudhanii ilmaan horatanii as geenyaan bineensa daggalaa itti taate. Dhiira meeqatu isaan ilaalee fuudha jibbee haadha warraa ofjalatti jibbe. Dubartiin kennaa Waaqayyooti kan jedhu, dubartiin seexana madaqxeedha jechuutti ka’e. Isheen seexana gadi buutee namoota gidduu adeemtu malee dhala namaa miti. (Abdii, f. 26, 31 fi 32).

Akka waraabbii kanarraa hubatamutti, dubartootni yeroo biyya ormaa dhaqan keessattuu Ameerikaa keessatti ilaalchi isaan abbaa warraa isaaniif qaban rakkoo qaba. Bu’aa ba’ii keessa darbanii bakka sana ga’an dagatanii bineensa namatti ta’u. Amanamoo miti, haala naannoo sanaan hatamanii diina namatti ta’u. Nama kaleessa waliin waan hedduu keessa darban dhiisanii qarshiitti amanuu jalqabu yaada jedhu qaba. Keessattuu abbaan warraa isaanii dhalattoota biyya sanaa wajjin qabeenyaan walhingitu waan ta’eef akka namaatti ilaalu dhiisuun ishee jaallattee utuu hintaane haalli jireenyaafi naannoo dubartootarratti miidhaa xiinsammuu qaqqabsiisuu akka danda’u namatti argisiisa. Gochi isaan sababa miidhama xiinsammuu isaaniitiin raawwatanis dhiirota biratti akka diinaatti akka ilaalaman isaan godhe. Nama jedhanii waamuurras seexanatti isaan fakkeessuun filatame. Akka jibbamaniifis sababni guddaan raawwii isaaniirraa ka’a.

Egaa Akka qorattuun seeneffamicharraa hubattetti, hoolaa albaate jechuun kan abdii dhabde, yookiin yaada lubbuun jiraachuu jedhu hinqabne jechuudha. Haaluma kanaan akka namaatti lakkaa’uun hafee, akka horiitti ilaaluunillee ammam hamilee dubartootaarratti dhiibbaa akka qabu namatti argisiisa. Gabaabumatti, miidhaan xiinsammuu sababii koorniyaatiin dubartootarra kan ga’u yoo ta’u, sababa kanaatiinis akka isaan akka namaatti hinlakkaa’amne isaan taasiseera.

Yaaduma armaan olii kanaan walqabsiisuudhaan (Abdii, f. 50) irratti akkas jedha, “...waanumti hinhafne heeruma kooti jette haftuun jedhan. Silaa abbaan ofhintuffatu abdii sobaa ofgowwoomsaa jiraatti...” jedhee Roobduutti kolfe Kumalaan.

Akka waraabbii kanarraa hubatamuttis, dubartiin tokko yeroo gaa’ela utuu hindhaabbatin yeroo dheeraadhaaf turtu xiinsammuun ishee hedduu miidhama. Miidhama ishee kanas ofirratti dhokfachuudhaaf ofirratti mammaakaa akka jiraattutu ibsame. Abdii sobaan yaada ishee ibsuunis garaa kutattee garuummoo utuu namni itti hinkolfin jiraachuu waan barbaadduuf malee faayidaa tokkollee isheef hinqabu. Egaa yaadni Kumalaan seeneffamicha keessatti dhiheesse kan waanumti hinhafne heeruma kooti jette haftuun jedhu kun dubartootni heeruma malee yoo turan ammam xiinsammuun isaanii miidhamaa akka ta’e ibsuuffidha.

Itti dabalees “Meeroon umurii ishee dhoksuuf jecha ayyaana dhalootaa ishee utuu hinkabajin waggaa sadii fixxe. Shamarran hundi umuriin isaanii gara soddomaatti yoo siqu mana digdamaa waamu” (f. 53) kan jedhu kun dubartootni utuu gaa’ela hindhaabbatin yoo umuriin isaanii fagaachaa deeme, miidhaa xiinsammuutiif akka saaxilamaman nama hubachiisa. Haala kanas inni qooddattuun Roobduu jedhamtu, utuu ayyaana dhaloota ishee hinkabajin waggaa sadii turteefis kanuma mul’isa. Akkasumas yeroo umuriin isaanii gara soddomaatti seenu mana digdamaa himachuun shamarranii ammam miidhaa xiinsammuutiif saaxila ba’anii akka jiran argisiisa. Egaa akka waliigalaatti wanti waraabbii kanarraa hubatamu akka shamarran yeroo gaa’ela hindhaabbatin turan miidhaa xiinsammuutiif saaxilaman nama hubachiisa jechuudha. Umuriin dubartootaa dabalaa ammuma deemu sammuun isaanii dhiphachaa deema. Kunimmoo umurii isaanii dhoksuurraa dhimma haala salphaan hubatamuudha.

Yaaduma kanaan walqabsiisuudhaan yaadni “...Asteer nama ulfina namummaasheef dhiphatu miti. Yoo doolaarri ittiin ni-argama ta’e bineensa waliin nisagaagalti. Kan bilbila harka ishee kaffalu dhiira tokko, kan uffata isheen uffattu itti bitus akkas. Jaalalli qofaasaa kiraayii manaa hinkaffalu; nyaata hinta’u; gaa’ela dhaabbachuuf jalqaba qabeenya horachuudha...” jedhu kun dubartiin doolara argannaan waa’ee eenyummaa kan dhiphattu akka hintaaneefi xiinsammuu dubartootaarratti miidhaa kan qabuudha.

Xiinsammuun dubartootaa qarshiidhaan yoo miidhame haalota hinbarbaachifne garagaraatiif akka saaxila isaan baasu namatti argisiisa. Keessattuu Asteer yeroo qarshii argitu nama mitii bineensa waliinuu nisagaagalti yammuu jedhu ammam akka sammuu ishee jaalala qarshiin qabamee jiruufi safuu keessaa ishee baase ibsuudhaafi. Si'a tokko xiinsammuun isaanii miidhamnaan sagaagalummaa humnaa oliitti akka seenan namatti argisiisa. Sagaagalummaa humnaa olii jechuunis kan daangaa hinqabne yookiin namoota hedduu waliin saalquunnamiitti hirmaachuuf isaan afeeruuf carraa bana. Kunimmoo akka dubartootni safuufi kabaja hawaasa keessatti dhalataniifis ta'e waa'ee namummaa isaaniitiif ilaalcha tokkollee hinqabanne namatti argisiisa. Walumaagalatti Asteer doolaara argannaan bineensa waliinillee sagaagaluun ishee xiinsammuun ishee hammam akka miidhame namatti argisiisa.

Yaaduma kanaan walqabsiisuudhaan dhiibbaan aadaa miidhaa xiinsammuu dubartootarratti akka fidus waraabbii armaan gadiirraa hubachuun nama hinrakkisu. Kanas haala itti aanee dhihaatu kanaan seeneffama asoosama filatamerraa (Abdii, f. 101) irraa fudhatte, yaadichaa gaditti xiinxaltee dhiheessiteetti.

“Dhiifama naaf godhi ati gurbaa jabaadha. Gadheen ana guyyaa bittaafi gurgurtaa looterii Dv kanaa walitti nu fidee kaasee keessi koos waa'ee keef nagaa hinarganne. Dubbachuun anarraa hinmiidhagu jedheen sodaa aadaan hanga har'aatti keessa koo wajjin takaroo walqabaa jiraadha. Mo'aa mo'amaan har'a ga'e,” jette sagalee gadadootiin. Yogguu kana imimmaan bo'oo ijawwan lamaanii burqee maddiisheerra gadi roobuu jalqabeera. Kanan kana godheef dubartii gadhee miira ishee to'achuu hindandeenye ta'ee miti. Aadaa badaa qabnu sana waanin beekuufan callisuu filadhee ture. Ukkaamfadhee jiraachuu, jaalala keen gubachaa hafuu filadheen ture. Garuummoo hindandeenye. Kanaafan mo'ame. Hinta'u! tasa waan kun ta'uu hindanda'u jedheen Waaqayyoo wajjin wal'aansoo walqabe. Garuu waan hintaane keessaa waan ta'u tokko baasuuf Waaqayyo dandeettii isaa akka qabu waanin amaneeffan mo'ame. Obsa kootu humna koon olta'e. kanaafan ulfina dubartummaa koo ofirraa soqolee aadaa badaa qabnus dagadhee har'aaf dhiira ta'es. Aadaa isa badaa miidhama dubartiirratti ijaarametu na gaadi'ee har'aan na ga'e jette sagalee hasaasarra hinwayyineen Amartiin.

Akka yaada armaan oliirraa haubatamutti, dubartootarratti dhiibbaan gama aadaatiin jiru miidhaa xiinsammuu akka fiduu danda’u qorattuun seeneffama kanarraa hubatteetti. Sababa sodaa aadaatiin yookiin aadaa keessatti guddatte keessatti safuu jiru eeguurraan kan ka’e fedhii ishee daangessitee yeroo dheeraa gubachaa jiraachuun Amartii xiinsammuu ishee hedduu miidhaamuu namatti argisiisa. Dubartiin tokko sababa safuu yookiin aadaa hawaasaa eeguu irraa ka’een waan argachuu qabdu dhabdee boquun ishee cabee yaadaan mo’amaa jiraachuu filatti. Miira ishee ibsachuudhaaf haalli uumamaa ishee daangessuun kunimmoo miidhaa xiinsammuu isa cimaadha.

Dhumattis gaafa waan hundumtuu humna ishee ol ta’u, ulfina dubartummaa ofirraa soqoltee akka dhiira taatetti dubbachuun ishee dubartiin safuu hawaasaa eeguu yoo dhiifte dubartii utuu hintaane dhiira taati jechuudha. Amartiinis har’aafin dhiira ta’e yammuu jettu dhiirotni aadaa keessatti baay’ee hachuucamoo akka hintaane namatti argisiisa. Amartiinis baay’ee miidhamtuu ta’uu isheefi aadaadhaan xiinsammuu ishee daran miidhamuusaa argisiisuuf jecha akka waan guyyaa tokkoof qofa dhiira taatee hiree dhiirotaatti fayyadamtee fedhiishee hunda guuttattuutti ilaalte malee yeroo biraa safuuma ganamaa sanaan hidhamtee akka jiraattu sammuu ishee itti amana.

Gaa’ela dhaabbachuun akkuma ulfaatu, diigamni gaa’elaammoo maal akka fakkaatu sammuu keessattillee godaannisa inni uumee darbu beekuun nama hindhibu. “Erga walfuutani hagam ta’eera?” jettee gaafatte. Waggaa ja’aaf deemaatti jirra. Gaa’ela jechuun harka sagaltamaa ol walquunnamtii saalaati. Waliif yaaduu, walgargaaruufi waljaallachuu kanneen nuti jennu hundi birkii isaati. Dubartootni dhimma saalaa dubbachuurra ukkaamsinee teenyee furmaata soquurra gara tarkaanfii jireenya maatii keenyaa diiguutti darbina jette Marartuun....(Abdii, f. 191)

Akka yaada armaan olii kanarraa hubatamutti, dubartootni gaa’ela diigan miidhaa xiinsammuu cimaatiif akka saaxilaman namatti argisiisa. Gaa’elli yoo diigame godaannisa sammuu namatti ta’a jechuunis dhibee sammuuillee namatti akka fidu ibsuufiidha. Gama biraanimmoo gaa’elli harka caalaa dhimma walquunnamtii saalaatiif bakka kennuu isaa ibsuunillee miidhaa xiinsammuu isa guddaa akka ta’e argisiisa. Dhugaa qabatamaa yeroo ammaa nama baay’ee mudachaa jirus yoo ilaalle sababa walquunnamtii saalaatiin walmadaaluu dhiisuu dhiiraafi

dubartiin gaa'ela diiguutu baay'ata. Gaa'elli diigamuunimmoo miidhaa xiinsammuuf akka dubartoota saaxilu namatti mul'isa.

Duuchaamatti, dubartootni yoo abbaan manaa isaanii sababoota garaagaraatiin walqabatee fedhii saalaa isaan gaafachuu dhiisee, akka waan inni bakkeetii nama biraa waliin saalquunnamtii raawwachaa jirutti ilaalu. Ofii isaaniin gaafatanii rakkoo isaa addaan baafachuurra gara gaa'ela diiguutti deemu. Haalli akkanaammoo miidhaa xiinsammuu dubartootaa qaqqabsiisuurratti bakka guddaa akka qabu argisiisa jechuudha. Ammas qorattuun sababii koorniyaatiin walqabatee dhiibbaa namfakkiiwwan dubartootarra ga'u akkaataa itti aanuun dhiheessiteetti.

II. Miidhaa Qaamaa

Miidhaan qaamaa sababa koorniyaatiin walqabatee namfakkiiwwan asoosama kanaarra ga'e akka jiru hubachuun danda'ameera. Haaluma kanaan miidhaa qaamaa namfakkiiwwan dubartootarra ga'e keessaa kan armaan gaditti dhihaate ilaaluun nidanda'ama.

Hundeen galgala tokko kan dur hinbeekne alkoolii dhugee machaa'ee dhufee yoo mana jeequ, Leensaan Marartuu qabattee gara dubartii hiriya Hundee tokkotti baqachuuf mana banattee baanaan wajjin fiigee qabee deebise. Daa'imni isheen baattu cinatti harkaa lafa dhoofttee, isheenis gamtokkotti kufte. Qofaa na dhiiftee intala kee qabattee eessa deemuuf kaate? jedhee humna machiifi aariitiin yoo qodaa arge fuudhee itti darbatu, qodaa darbataman keessaa tokko adda ishee argatee dhiigi keessaa achii olburquutti ka'e. (Abdii, f. 227).

Yaada armaan olii kanarraa akka hubatamutti, Hundeen machaa'ee akkuman barbaadun si godha malee manaa hinbaatu jedhee Leensaa isa baqattee ba'uuf kaate qabee deebisuun isaa rakkoo sababa koorniyaatiin isheerra ga'eedha. Kanumaan walqabatees, yeroo Leensaan mucaa ishee fudhattee baqachuuf utuu fiigduu kufte sana qodaa lafaa butee itti darbachuudhaan adda ishee dhahee dhiigsuun isaa sababa koorniyaatiif jecha dubartootni miidhama qaamaatiif akka saaxilaman namatti argisiisa. Walumaagalatti sababa koorniyaatiin walqabatee miidhaan qaamaa dubartootarra ga'uu akka danda'u qorattuun qorannoo ishee kanaan bira geesseetti jechuudha.

Yaaduma kanatti dabaluun (Harding,1986, f.13) irratti akkas jedha, "Feminists seek legal, political, educational, and other reforms that will allow women to choose lives that are compatible with their own interests and talents rather than accept those imposed on them by family, church, or stereotype."

Akka yaada kanaattis sababa koorniyaatiin walqabatani rakkooleen dhufuu danda'an akka jiraniidha. Rakkoolee dhufan kanneenis yaadxinni dubartummaa nimorma. Yaadxinni kun dhimmoota dubartootaa kanneen akka seeraa, siyaasaa, barnootaafi kanneen biroo kana fakkaatan hundarratti dhiibbaan sababa saalaan walqabatee dhufuu akka danda'u ibsa. Dhiibbaaleen akkasiis karaa mana amantii, maatiifi qaamolee birootiin sababa dubartummaatiin qofa dubartootarra ga'an furamuun barbaachisaadha. Yaaduma armaan oliin walqabsiisuudhaan qorattuun dhiibbaa saalaa namfakkiiwwan dubartootaa asoosama filatamee kan ta'u biraa asoosamicha keessaa fudhatte haala armaan gadiin qaaccessiteetti.

III. Miidhaa Gama Barnootaan Jiru

Asoosama qorannoo kanaaf filatame keessatti miidhaan gama barnootaanis namfakkiiwwan dubartootarra ga'aa tureera. Yaada kanaan walqabsiisuudhaan yaada hayyoonni garaagaraa dhiheessan qorattuun xiinxala qorannoo isheef kan gargaaru akkaataa itti aanuun dhiheessiteetti.

“The novelist Dinah Maria Mulock compares the future of boys and girls when leaving school. The boys can get on with life in contrast with the girls, who “likewise finish their education, come home, and stay at home.”(Craik, 1828, f. 149)

Akka yaada armaan olii kanarraa hubatamutti, dubartootni sababa dubartummaa isaaniitiif qofa rakkoowwan garaagaraatiif kan saaxilamaniidha. Fakkeenyaaf akka yaada armaan oliitti dubartiifi dhiirri tokko yeroo walfakkaataatti barnoota kan xumuran yoo ta'e, waa'een jireenya lamaan isaanii gara fuulduraa yammuu ilaalamu kan dhiiraa baay'ee kan nama yaachisu miti. Carraa hojii argachuus ta'e carraa gaarii jirachuudhaaf kan dhiiraa kan dubartii caalee argamuusaatu hubatama. Dhiirotni akkuma barnoota isaanii xumuraniin hojii kan argatan yoo ta'u, dubartootni garuu carraan isaanii manatti deebi'anii taa'uudha yaada jedhu namatti argisiisa. Kunimmoo jiruufi jireenya dhugaa namoota addunyaa kanarra jirani yeroo ilaallu sababa garaagarummaa saalaatiin walqabatee garaagarummaan carraa hojii argachuu akka jiruudha. Garaagarummaa kana keessattis kanneen miidhamoo ta'an dubartoota akka ta'aniidha. Bu'uuruma kanaan miidhaaleen gama barnootaan asoosamicha keessatti dhihaatan haala armaan gadiin dhihaataniiru.

“...ergan (Marartuu) barreessee xumuree booda akka naaf gulaaluuf barsiisaa Afaan Ingilizii barsiisu tokkottin argisiise. Dubbisee ka’ee akkan maxxansuuf hamilee naaf laate, baasii isaa akka abbaan koo na gargaaru yoon yaada dhiheessu, barumsa koo irratti waan dhiibbaa qabaatuuf barreessaa ta’uu akkan hindandeenye natti himee abdii na kute.” (Abdii, f. 231)

Akka waraabbii armaan olii kanarraa hubatamutti, dubartootni yeroo barnoota isaaniitti fayyadamuudhaan ogummaa garaagaraa irratti bobba’an jajjabeessuu dhiisuun akka isaan hamilee dhaban taasisa. Fakkeenyaaf yeroo Marartuun barreeffama maxxansiisuuf jettee abbaa isheetti yaada dhiheessitu, barreessituu ta’uu akka hindandeenye hamilee keessatti doomsuun abdii kutannaa hintaaneef isaan saaxila. Keessattuu sababa qarshiif yookiin kaffaltiif jennee shamarran kaka’umsa isaan qaban keessatti ajjeesuun dubartoota akka namaatti lakkaa’uu dhiisuutti ilaalama.

4.1.4. Qabsoo Walqixxummaa

Dubartootni akkuma dhiirotaa siyaasa keessatti qooda nifudhatu. Qabsoo walqixxummaa kanas sochii namfakkiiwwan dubartootaa siyaasa keessatti hirmaataniin walqabata. Qorattuunis qooda fudhannaa isaan siyaasa keessatti qabaniin walqabsiisuudhaan asoosama qorannichaaf filatame kana keessatti yaadolee dhihaataniin walqabsiisuudhaan yaada hayyootaan erga deegartee booda xiinxala ishee dhiheessiteetti. Haata’umalee asoosama kana keessatti dhimmootni dubartootaa gama siyaasaan ifa bahee hinmul’atu. Kana jechuun haalli itti namfakkiiwwan dubartootaa qabsoo siyaasaa taasisan ifa ta’ee mul’achuu dhiisuu danda’a. Qorattuunis adeemsota jiran irratti hundaa’uudhaan akkaataa hubannoo isheetiin kan ramaddeedha malee, guutummaa xiinxala waliigalaati jechuun ulfaataa ta’uu danda’a.

Yaaduma dhimmoota dubartootaa gama siyaasaan jedhurrattis Dirribiin (2014, f. 122) akka ibsetti, “Aadaa Oromoo keessatti, waraanni Oromoo osoo dubartiin eebbistee itti dhibaaftee, siinqee hulluuqsistee, ililliin hingeggeessin sochiif miilla hinfudhatu” jedha. Asoosama kana keessattis dubartiin alkallattiidhaan yeroo isaan mataa isaanii siyaasa keessa galchantu mul’ata. Kana jechuun dubartootni dhimmoota siyaasaa keessatti qooda akka fudhatan hamma tokko xiinxalameera. Bu’uuruma kanaan qabsoon namfakkiiwwan dubartootaa gama siyaasaan jiru asoosama kana keessatti ammam akka bakka argate xiinxaluuf yaalameera. Fakkeenyaaf gahee

namfakkiwwan dubartootaa gama siyaasaatiin qaban asoosamicharraa kan fudhatame tokko armaan gaditti xiinxalameera.

“Roosaa Paarki dubartii ija namaa keessa hingalle, gurraattii tokkotu seenaa gurraacha biyya kanaa keessatti barcuma adiif hingadhiisu jettee seenaa ilmoo gurraachaa keessatti jijjiirama guddaa uumte akka taate namfakkiin tokko ragaa ba’eera.” (Abdii, 2011, f. 46)

Akka waraabbii kanarraa hubatamutti, qooddattuun Roosaa jedhamtu kun bifaan fokkiftuu akka taate kallattiin ta’uu baatus miti kallattiidhaan ibsameera. Kanas dubartii ija namaa keessa hingalle gurraattii tokkotu jechuudhaan ibse. Haata’umalee dubartiin kun qabsoo walqixxummaa siyaasa gurraacha biyya kanaa keessatti gahee guddaa taphatteetti. Dubartiin kun jijjiirama seenaa biyya ishee keessatti hojii guddaa hojjetteetti. Barcuma adiif gadi hindhiisu jechuudhaan mormii isheen geggeessiteen biyyi ishee hacuuccaa jalaa bilisa akka bahe namatti argisiisa. Kunimmoo dubartootni dhimmoota siyaasaa keessatti qooda fudhachuun bilisummaa dhuunfaaf yookiin ofiif osoo hintaane, bilisummaa saboota cunqurfamoof akka tahe argisiisa.

Yaaduma armaan olii deeggaruudhaan (Abdii, f. 49) irratti akkas jedha, “Roobduun shamarree akka dhiiraati. Bara 1991 yaggaa ABO’n biyya seenu isheen Baaleetti haadha sagalii taatee hoogganteetti.”

Akka waraabbii kanarraa hubatamuttis, Roobduun hojii cimaa hojjetteetti. Akka dhiiraati yeroo jedhus hojii bu’a qabeessa ta’e hojjechuu dandeessi ergaa jedhu ibsuufiidha. Gama tokkoon yaada amma dhiiraa hingeessu jedhu argisiisuuf haayaalu malee dubartiin kun hooggantuu waraana ABO tahuu ishee ibsuun immoo dubartootni dhimmoota siyaasaa keessatti qooda fudhachuu akka danda’an namatti argisiisa. Egaa utuu dubartootni waraana hooggantuu, dhugaa isaanii dhoksuun barbaachisaa akka hintaaneefi ciminni isaan hirmaannaa siyaasaa keessatti qaban akka jiru argisiisa. Kanumaan walqabsiisuudhaan dubartootni xiinxalli isaan gama siyaasaan qaban bilchina kan qabu ta’uu argisiisa.

Yaaduma kanaan walqabsiisuudhaan gahee dubartootni gama siyaasaan qaban argisiisuuf yaada asoosamicharraa fudhatame kan biroo armaan gaditti haa ilaallu:

Sooyyomeen jedhama. Gammadaa jedhee erga kan isaa maqaa itti himee booda, Sooyyomeen maqaa bareedaadha ittiin jedhe. “Oromummaa ibsuuf garuu Gammadaa kan caalu natti hinfakkaatu jette.” Dhalootni kee eessa jedhee gaafatee osoo isheen hin-yaadin mataduree haasaa jijjiire. Gaaffiin akkasii kun mataa nama cabsa; ergan nama tokkoon ani Oromoodha jedhee Oromummaa koo itti himeetii, sanarra ce’emmoo erga maqaan koo Oromummaa koof dhugaa naaf ba’ee maaliif kutaa dhaloota koo yookiin ganda ani irraa dhufe qorachuun barbaachise? Gammadaan haasaashee naamusaan xumurchiisee ka’ee, kan ati jettu hunda ittin amana, ittin waliigalas garuu maal sitti fakkaate yoo gara biraatti hiikuu dhiifnee ilaalcha gaariin yaadne namootni kutaa walgaafatan waa lamaaf walgaafatu: inni duraa tarii ofittummaa ganda ofii lallisiisuuf (leellisiisuuf) ta’a, inni kaan ammoo firummaas walqorachuuf ta’a. (Abdii, f. 96)

Akka yaada armaan olii kanarraa hubatamutti, Sooyyomeefi Gammadaan maqaa isaanii waliif ibsuufi Oromummaa isaanii quba walqabsiisuudhaaf karaadha. Haata’umalee Oromoo ta’uu waliif ibsanii gandatti bu’anii bakka dhalootaa walgaafachuun faayidaa haaqabaatuuyyuu malee miira gaarii hintaane qabaachuusaa utuu beekanii kana walgaafachuun hagas mara barbaachisaa akka hintaane Sooyyomeen ibsiteetti. Yeroo baay’ee gaaffii nuti amma gandaatti gadi buunee walgaafannuuf ija gaariin yaadamee akka hintaaneefi naannummaa akka of keessaa qabu nama hubachiisa. Kunimmoo Oromooma ta’uudhaan qaama adda addaatti walqoqqooduun jiraachuufi qoqqooddaan akkasiimmoo barbaachisaa akka hintaane ibsuudhaaf kan dhihaatedha. Waraabbiin armaan gadiis hirmaannaa dubartootni siyaasa keessatti qaban namatti argisiisa. Oromummaa gaafachuun mataasaa siyaasarraa addaan baafamee hinilaalamu. Ammas gahee dubartootni gama siyaasaan qaban yaada argisiisu kan asoosamicharraa fudhatame biroo haala armaan gadiin haa ilaallu:

Heerumteettaa? Hinheerumne jettee kaatee, biyyatti qarqara heerumaarraan deebi’e; jaalallee qaban ture; yeroo dheeraa waliin turre; haata’umalee jireenyi walitti nu fidee siyaasni gargar nu baase jettee boquu cabsitee miila raasuutti kaate (Marartuun). Nama siyaasaa turte jechuudhaa? Afuura dheeraa baafattee barataa Yuunvarsiiiti yookiin Oromoo ta’ee kan siyaasa keessa hinturre eenyu? Sochii barattootaa keessatti inni adda durummaan qindeessaa ture.

Akka yaada armaan olitti, dubartootni gaa'ela raawwachuudhaafillee siyaasa hawaasa isaanii waliin deemu nama deeggaru akka filatan seeneffamni kun nihubachiisa. Keessattuu yaadni namfakkiin Marartuu jedhamtu kaafte kun akka dubartootni siyaasaafi jireenya isaanii walitti hidhan hubachiisa. Jireenyi walitti nu fidee siyaasni gargar nu baase yammuu jettus dubartootni waan hundaa caalaa siyaasaaf bakka guddaa akka kennan argisiisa. Dubartootni akka yeroo Yuunvarsitiiti baratan sochii siyaasaa adda durummaan geggeessanis ibsa ishee kanarraa hubachuun nama hindhibu. Kana jechuun, dubartootni dhimma siyaasaa jireenya isaanii fuulduraarraa addaan baasanii hinilaalan jechuudha. Keessattuu gaa'ela jechuun waan fuulduratti sanyii isaanii itti fufsiisuuf isaan gargaaru ture. Isa keessattis rakkoon hamaan akka isaan hinmudatneef utuu gaa'ela isaanii hinraawwatin qorannoo cimaa adeemsiisuun akka isaan irraa eegamu nama hubachiisa. Sababni isaas gaa'ela keessa galanii hiikuun ulfaataadha; daa'immanis erga walirraa godhatanii matadhukkubbii cimaa waan ta'uuf dursaniima utuu hinraawwatin qorannoo adeemsiisuun barbaachisaa ta'uusaas nama hubachiisa. Kanaafuu dubartootni jiruufi jireenya fuulduraa keessatti dhimma siyaasaan walqabatu sirriitti akka ilaalan argisiisa.

Itti dabalees, “Maaltaatee jijjiiramte jedhee gaafadhee jennaan dhaabni nuti faana fiigaa baane, ofiiyyuu akka kaayyoo luucca'aa tokko hinqabne barfatee naaf gale jedhee Wangeela siyaasaa ilmaan TPLF barreessitee itti kenniterra naaf dubbisuutti ka'e jettee qasaatee kofalte (Marartuun)...” (Abdii, f. 107) yaada jedhurraa yeroo inni waa'ee dhaaba deeggaraa turee dubbatu kolfuun ishee ergaa cimaa qaba. Kolfi ishee kun dubartootni dhaaba deeggaruu qaban kaayyoo isaa dursanii akka qoratan namatti mul'isa. Akka kolfasheerraa hubatmuttis rakkoon kun akka isa mudachuu danda'u waan dursitee itti himtee turte fakkaata. Akka waliigalaatti garuu dubartootni dhimmoota siyaasaa keessatti qooda fudhachuu qofa osoo hintaane, siyaasa deeggaran keessatti yookiin dhaaba deeggaran bilchinaan akka ilaalani filatan namatti argisiisa.

Gama biraanmmoo Wangeelli sagalee Waaqaati waan ta'eef baay'ee sodaatama. Seera isaatti namni amanu, akkuma dubbifameefitti amanee fudhata malee lakkii dubbiin kun akkas mitii jedhee mormii dhageessisu hinqabu. Wangeela siyaasaa ilmaan TPLF yeroo jettus dubbiin jarri sun hojjetu baay'ee sodaatamaa akka ta'eefi namni mormuudhaaf egeree isaaf akka sodaatu namatti kan argisiisu ta'uu isaa ibsuu isheeti. Marartuun dhimma kana haala kanaan ibsuun ishees dubbiin siyaasaa humna akkamii akka qabuufi garamitti akka deemu nama hubachiisuuf

qofa osoo hintaane, shirri dhaabni garee muraasaan socho’u xaxu, garee baay’ee akka miidhu haala ittiin qeequu danda’an namatti argisiisuufiidha. Yaadni armaan gadii kunis hirmaannaa dubartootni gama siyaasaan qaban argisiisuudhaaf gargaara.

Deenis tamboo ishee qabsiifatee irraa garagaltee aarsaa isin namootni addunyaa sadaffaa keessaa dhuftan yaada baay’ee dhiphoo tokko qabdu. Akkamiin akka isin yaaddan nama ajaa’iba! Biyya ofii jechuun biyya aadaafi afaan isaa sirriitti hubatanii beekan malee biyya itti hiddaafi qomoo ofii lakka’an yookii biyya hidda akaakiliifi abaabilii ofii himatan miti. Biyya jechuun biyya itti mirgi dhala namaa walqixa kabajamu ta’uu beekuutu isinirra jira jettee hanga sombi ishee bokokutti tamboo isheetti jettee harkiftee aara tambichaa funyaaniin yaasaa ani akkasittan yaada ittiin jettee fuula ishee gara isaatti dabsite. (Abdii, f. 110)

Akka yaada armaan oliirraa hubatamutti, Deenis tamboo aarsaa yaada ishee ibsaa turte. Kunimmoo namootni addunyaa siyaasaa keessa jiraatan yeroo baay’ee araadaaf saaxilamoo akka ta’an argisiisa. Akkasumas jechootni isheen dhimma itti baate jechoota siyaasaati. Fakkeenyaaf yaada dhiphoo tokko qabdu jechuun ishee, biyya ofii yeroo jettuufi biyya itti mirgi dhala namaa walqixa kabajamu kanneen jedhaman yeroo baay’ee namoota siyaasaa biratti gaaleewwan yookiin jechoota fayyadaniidha.

Akka waliigalaatti garuu qooddattuun Deenis jedhamtu kun biyya ofii jechuun biyya itti aadaafi afaan ofii sirriitti beekan malee, biyya itti qomoo yookiin hidda dhaloota ofii itti lakka’an miti jechuun ishee dubartootni siyaasa keessatti xiinxalli isaan taasisan cimaa akka ta’e nama hubachiisa.

4.2. Xiinxala Fakkoommii Dubartootaa Asoosama Miila Hinshokoksinee

4.2.1. Cuunfaa Jaargochaa

Kumalaa Aborraa maqaan isaa, Aborraa odoo hintaane maqaa “Funyaan saree” jedhamuun beekama. Wanti inni hinbeekne, hindhageenyee fi irra hingeenye hinjirru. Kanaaf waajjira Muummee Ministeeraatti maqaan isaa samii tuqeera. Finfinneen akka daggala taatu_daggala sodaan keessatti kuufame, Finfinneen akka bosona taatu_bosona kan aare keessatti badii dalagu, Finfinneen akka dawoo taatu_dawoo kan yakke itti calaa ofgodhu, kan godhe nu’uma! jedhe Aborraan. “Finfinneetti ofdagatu otoo hintaane ofyaadatu, abbaa itti beekeef Finfinneen bakka namni itti qaroomu, bakka qarooma isaa ammoo hojiitti hiiku, bakka qiyyaafannaa itti Leenji’u;

bosona gurraacha! Halkan citaa, lafa dukkanaa: kan ofiif qofa keessatti ofargitu mijataadha” jedhe Leencoon.

Uummanni keenya yeroo kamiyyuu bakka kamittuu ni-argama, qophaa’aadhas. Garuu wanti nagaddisiisu, uummanni kun hanga har’aatti hoogganaa hinarganne. Uummanni Oromoo daa’ima haati irraa duute natti fakkaata. Daa’imni haati irraa duute sagalee dubartii yoo dhaga’e, kan haadha isaa se’et garaan isaa seela’a. Sun garuu haadha isaa miti. Miidhama Oromoof sababni guddaan firaafi diina Oromooti. Haati gatii tilmaamaa, waan itti gitu kan hinqabneedha. Qaamni qaamaa olii firri fira caalu, foon kabajamaan foon durbaa yoo ta’u; kan haadha nama deessee ammoo dabalataan eebbifamaafi kan haalli kamiyyuu jaalala ishii irraa hinfudhanne, kan hinmoofofneefi kan yeroon irra hindarbine. Jiinenuus sababa dhibee haadha isheef jecha Kiisuu waliin hariiroo uumtee qarshii argatteen haadha ishee yaalchistee fayyifatte. Haata’u, malee ofii isheef ulfa hinbarbaanne ulfoofte.

Leeyilaan Leencoon waan jaallatuuf ergama inni itti kenne hunda niraawwatti. Leencoonis akka isheen fooniifi bifa isheen diina kiyyeessitee isaan harka galchitu itti hime. Sana booda Leeyilaan uffanaa ijoollee baadiyyaa ishee fakkeessu uffachuun teechee booche. Dr Saaqaan argee maal akka taate yoo gaafatu nama rakkate fakkaattee itti dhiyaatte. Dr Saaqaan siree qabeefii yoo deebi’u nama sodaate fakkattee akka inni bira bulu gaafatte. Innis tole jedhee yoo rafu Leeyilaan ergama ishee raawwachuuf Dr Saaqaa battalumatti ajjeeste. Poolisii qorannoo geggeessuuf gara Hoteelichaa yoo dhaqan waraqaan eenyummaa kan achi jiru Leeyilaa osoo hintaane Jiinenuus ture. Haala kanaan Leeyilaan utuu hinbeekamin gocha ishee raawwate.

Jiinenuus gocha raawwachuuf turte utuu hinraawwatin ofii isheef lubbuun dabarte. Leeyilaan gocha kana erga raawwatteen booda akka barbaadamaa jirtu itti himamnaa Leencoon wajjin mari’attee miliquuf haala mijeeffatte. Akka hinqabamneef huccuu dubara baadiyyaa ishee fakkeessu uffattee bulte. Akka Leeyilaan baddeen Leencoon qabamuuf barbaadamuu eegallaan inni akka badu taasifame. Leeyilaan gara Bahir Daar deemte. Leencoon, diriyaa isaa uffatee, kophee qal’oo kaawwatee, fuula isaa guutuu guutuutti haguugee, boorsaa shamarranii qabatee, waraqa eenyummaa shamarree Zahaaraa Shee Abdallaa jedhuun qophaa’e qabatee Finfinnee hurufa Raareetii (Markaato) hanga hurufa Abaabooti (4 kiiloo), achiiyis ol hanga Guraaraatti (6 kiiloo), hundumaa miilan keessa deemee doo’ataa oola.

Leeyilaan warra ishii irraa gargar bahuun, baatee fagaachuun, deemtee qaari'uun, afuura dhokfattee dhabamuun kan calqabaatis kan dhumaatis. Finfinnee, Boolee, bakka hiyyeessillee kabajaan jiraatu, warra daandiin kophee isaanii tuqee hinbeekne! Boolee warra dhukkeefi dhoqqee jechaan qofa beeku, kana keessa turte Leeyilaan, kana dhiiftee baate. Kaayyoodha, ilaalcha...jiruutu kana qaba.

Leencoon Zahaaraa Shee Abdallaa ta'uun Hospitaala Minilik deemee Dokteera mariisisuun haala mijeessee reeffa nama du'ee Leeyilaa fakkeessanii akka maatiin ishee awwaallatan godhan. Akkasumas Tufaa mana hidhaa keessatti nyaata summaa'e fakkeessanii nyaachisuun akka inni nama du'aa fakkaatu taasisanii gara Hospitaala Minilik geessuun du'aa fakkeessanii reeffa isaa gara maatii Shaanbuutti akka ergamu gochuun mana hidhaatii baasan.

Leeyilaan Bahir Daar jirti, haalli ishiin ittiin jiraattu garuu mijataa miti. Sammuu ishiitti waan tokko dhufe; Walloon Oromoodha. Balbala banattee nama Oromummaa isaa nibeeka, sabboontota, beektota, Leenca: goota qaba, beekaadha jaarsa qaba, falmataadha seenaa qaba, abbaa biyyaati_moggaasni maqaa hundi kan isaati, moo'ataadha, dhiibbaa meeqa darbeet aadaa duudhaa, afaan isaa labata ammaatiin gafe. Shee Abduun Leeyilaa Bahir Daar dhaqee gara Wallootti fuudhee gale. Leeyilaan naannoo sanatti intala Shee Abduu jedhamuun beekamti. Shee Abduun ergaan akka darbeen Leeyilaa fuudhanii gara Finfinnee deeman. Yoo achi ga'an garuu akka eegan hintaane. Bakka itti ramadaman qabatanii ta'aa jiru.

Leencoon har'as nidubbata nigegeessa, niqindeessa, isa durii garuu hinfakkaatu. Fuulli isaa daggalaa'era; gurraacha'ee baay'ee jabaataa fakkaata, ta'us isummaan isaa hedduu hindhokatu. Bilbilli Leencoof bilbilamee akka qabamuuf jiran itti himuun akka deeman akeekkachiisan. Leencoon kana gochuu hinfeene, Lubbuun isaa boqonnaa dhumaa akka argatu murteesse. “Leenchoo kottu, kun kan ta'uu dide, badii warra qabsaa'utiin otoo hintaane, badii warra hooggananiitiin waan ta'eef nuti namummaa keenya nikabachiifnaa, golli keenyas gahaadha” jedhe shee Abduun. Leenchoo imimmaan gootummaa irra kololaatte, namoonni yoo duubatti deebi'uuf kutatan inni ammoo suuta shugguxii baafatee qaarutti yoo of qabu harki hin-yaadatin tokko karaa duubaa dhaqee harka isaa qabee gadi buusaatii, “Maloo Leenchoo.... Maloo....” sagalee boo'aatiin. Yoo ija banatee ilaalu Leeyilaadha. Walitti maramanii waliin waliif boo'an. Leencoofi Leeyilaan Baatee Wallootti galanii waliin jireenya jalqaban.

Tufaan maatii isaa waan yaadeef duubatti deebi'uu hinfilanne. Suuta seenee isaan dubbisee bahuu barbaade. Of eegannoodhaan huccuu dubaraa uffattee naannoo mana isaa yoo ga'u haati warraa isaafi mucaa isaa argee ana Tufaadha jedhee haadha warra isaafi mucaa isaa itti jedhee hammate. Amanuu hindandeenye "Ekeraa isaa wayii ta'aa!" jette haati warraa isaa, garuu miti. Kana jedhee odoo hinturin duubatti deebi'ee kaate. Kana gidduutti Kumalaa Aborraa harkaan qabatee "Maal gochuu dhufte? Akka sanitti mana hidhaatii baasnee si erguun as deebitee iccittii jiru baastee kan hafe faaluufii! Dhiiga eegee taatee biyya waliin gahuufii! Ati dhuftee nu ajjeesuurra, ani si ajjeesuutu gaariidha, qabamtee odoo hidhaa garaa keetii hindhangalaasin dursitee darbuu qabda jedhee ajjeese.

Akka qorattuun yaada armaan oliirraa hubattetti, adeemsa qabsoo ilmaan Oromoo keessatti wantootni miila namaa qabaniid hidhanillee yookiin gufuuwwan jireenya dhala namaatti baay'atanillee, namni ilaalchaafi kaayyoo dhugaa qabu mo'ataa ta'uu isaati. Kana jechuun namootni gogaa dhugaa uffachuudhaan yookiin gaaddisa dhugaa jala dhokachuudhaan akka nama dhugaaf qabsaa'ee of fakkeessanii jireenya dhala namaa burjaajessan yeroof cimoo haa fakkaataniyyuu malee dhumni isaanii gaarii akka hintaaneedha.

Gama biraan immoo namootni utuu dhugaa qabaniid akka yakkamtootaafi shakkamtootaatti adamsaman bu'aaba'iin ammam baay'atus guyyaan isaan dhugaan niqallatti malee hincittu mammaaksa jedhu dhugoomsanii argaman akka jiru namatti argisiisa. Gabaabumatti, namni yeroo baay'ee dhugaadhaaf dhaabbatu sakaallaa hedduu dandamatee, kufee ka'ee dhumatti ibsaa gaanii keessaa ta'uu dhiisee bakkeetti ifee mul'achuu akka danda'u namatti mul'isa jechuudha.

4.2.2. Cunqursaa Hawaasdinagdee

Asoosama Miila Hinshokoksinee keessatti dubartoonni gama qabeenyaan ofdanda'anii jiraachuutiin hojii gaarii hojjetanii mul'atu. Dubartoonni dinagdeedhaan ofdanda'uu, abbaa qabeenyaa ta'uu keessatti gahee guddaa akka taphatan hubachuun barbaachisaadha. Haaluma kanaan walqabsiisuudhaan namfakkiileen dubartootaa asoosama *Miila Hinshokoksinee* keessatti argaman gama hawaasdinagdeen maal akka fakkaatan haala armaan gadiin xiinxalamaniiru:

"...Gufteen nama biyya inni itti guddateeti_Jaartee. Jaartee keessatti namni maqaa Guftee hinbeekne hinjiru, jagna farsooti. Kaamettii harka bookaa. Namootni Kaabaa beelaafi hongeen

buqqaa’anii Dhiha qubatan hundi isaanii farsoo bira hindarban. Warri Jaartee dhaqaniifi kan tooras qubatan ammoo harka Guftee dhandhamuuf carraa argatanii jiru...” (Yaasoo, 2014, f.45)

Akka yaada armaan oliirraa hubatamutti, dubartootni dhimmoota dinagdee keessatti waan hojjechuu danda’an akkuma akka humna isaaniitti akka hirmaatan namatti argisiisa. Yaada kanas hojiin namfakkiin Guftee jedhamtu raawwatte sirriitti namatti argisiisa. Isheenis ittiin jiraachuudhaaf jecha farsoo naqxee gurguraa turte. Harka toltee maammila yookiin fayyadamtoota baay’ee qabachuu danda’uun isheellee tooftaa ittiin dinagdee ofii cimfatan keessatti ramadamuu danda’a. Keessattuu harka toluun ishee namoota hedduu biratti akka maqaan ishee haasa’amu taasiseera.

Maqaan ishee ogummaa gaariidhaan haasa’amuun kunimmoo akka isheen namoota farsoo itti gurgurattu baay’ee horattuuf carraa isheef baneera. Carraa kana banattee ittiin jireenya ishee egeree daandii gaariirra dhaabuuf yaaluun isheemmoo gahee dubartootni guddina dinagdee keessatti fudhatan namatti argisiisa. Egaa dubartootni waan ittiin jiraataniifi tooftaa ittiin jireenya isaanii egeree fooyyeffachuuf fayyadaman dhimmoota dubartootaa gama hawaasdinagdeen jiru ibsuu keessatti bakka guddaa qaba. Yaaduma kanaan walqabsiisuudhaan qorattuun qooda dubartootni hawaasdinagdee keessatti qaban irratti waan asoosama qorannoo kanaaf filatterraa argatte haala armaan gadiin dhiheessiteetti:

“...Leeylaan akkaawuntingii eebbifamtee Biiroo Inveestimantii Oromiyaatti miindeffamtee hojii haleelu calqabdeetti. Leeylaan mucaa Finfinneetti dhalattee guddatte taatus amala rigee hinqabdu. Garuu iftoominaan waan barbaaddu ibsachuufi dubbachuurraa duubatti hindeebitu...” (Yaasoo, 2014, f.3)

Akka qorattuun yaada armaan oliirraa hubatamutti, dhimmoota dubartootaa keessaa hawaasdinagdee keessatti hirmaachuun isa tokko akka ta’eefi jireenya isaanii fooyyeffatanii akka of jiraachisuu danda’aniidha. Keessattuu namfakkiin Leeylaa jedhamtu kun barnoota ishee erga barattee xumurtee ramadamtee yookiin miindeffamtee hojii jalqabuun ishee hawaasdinagdee guddisuu keessatti qooda fudhachuu dubartootaa argisiisa.

Dubartootni hojii keessatti waan barbaachisu yookiin hojii itti fufsiisuu keessatti bu’uura ta’erratti hirmaachuufi wantoota hojiirratti rakkoo qaqqabsiisuu danda’an haata’u jedhanii

hojjechuu dhiisuun isaanii miira isaan hawaasdinagdee keessatti qaban namatti argisiisa. Namfakkiin kunis amala rigeen dhabuun ishee yookiin immoo wanta hojiif barbaachisaa ta'e iftoominaan dubbachuun ishee dubartootni yammuu hawaasdinagdee keessatti qooda fudhatan of kennaniima akka hojjetan hubachiisa. Yaaduma kanaan kan walqabatu qorattuun qabxii biraa asoosama qorannoo isheef filatterraa fudhatte haala armaan gadiin dhiheessiteetti:

“...harmeen ishii qulqulleessituu ta'anii hojjechaa erga turanii booddee dhukkubni siree irratti isaan ittisuu qabee manatti hafaniiru. Jiinenuus darbitee darbitee adamoo dhiironni ishii irratti raawwatan kanatti fayyadamuun haadha ishii yaalchisuuf yaaltus qarshiin humnaa ol ta'eet dhiiftee hafa...”(Yaasoo, 2014, f. 49)

Akka yaada armaan oliirraa hubatamutti, haadhi Jiinenuus qulqulleessituu ta'uudhaan hojjechaa turuun isaanii dubartootni hojii filachuu dhiisanii waanuma argatan hojjechuu isaanii namatti argisiisa. Gama tokkoon immoo sadarkaa haadhummaa keessa osoo jirani hojii qulqulleessituu hojjetu hojjechuun isaanii hojiin sadarkaadhaan akka nama hinqoqqoodneefi namni hawaasdinagdee isaa kan guddifatu maqaa hojiitiin osoo hintaane hojiin akka ta'e namatti argisiisa. Kana jechuunis namootni baay'een hojii filachuutti hojii hiikani taa'uurra hojiima keessa seenanii hojii isaanii itti amananii hojjennaan jijjiiramuun akka danda'amu nama hubachiisa. Haati Jiinenuus hojii qulqulleessummaa hojjechaa turuun isaanii namni hojii filuu dhiisee hojii kamillee hojjechuudhaan jijjiirama hawaasdinagdee fida malee taa'ee maqaa hojiitiin jijjiirama tokkollee akka fiduu hindandeenye nama hubachiisa jechuudha.

Dabalataanis inni Jiinenuus qaama ishee kireessuudhaan yookiin qaama saalaa ishee kireessuudhaan ittiin galii argamsiisaa turte hawaasa keessatti ilaalcha gaarii haa dhabuyyuu malee tooftaa ittiin galii argamsiisaniidha. Egaa bakka kanatti wanti hubatamu, yeroo haadhi namfakkii Jiinenuus jedhamtuu dhukkubsatte qarshii ittiin haadha ishee yaalchifte kan argatte qaama ishee kana kireessuudhaani. Wanti guddaan qorattuun hubatte garuu akka deeggaramuu hinqabneedha. Haata'umalee wanti inni namatti argisiisu dubartootni madda hawaasdinagdee ittiin gabbifatan barbaaduu keessatti cimoo akka ta'an nama hubachiisa. Akka gochi kun gaarii hintaanee qorattuun sababa kanaan walqabateen namfakkiin qaama ishee kireessitu akka nama kaayyoon isaa kaayyoo isheerraa adda ta'etti dhufuu isheetiif sababa guddaa ta'eera. Sababa kaayyoon namicha isheen itti hirkattee qarshii argattuufi kanshee wal dhabeefis namootni gidduu galanii ajjeesan. Yaaduma armaan olii kanatti dabaluudhaan qorattuun asoosama qorannoo

isheedhaaf haala ittiin dubartootni dhimmoota hawaasdinagdee keessatti hirmaatan haala itti aanu kanaan dhiheessiteetti:

“...ani Doktoraafi piroofeesara waliin malee kan akka kee kun na kajeelaa jette Almaz, Dooyyoon. Maal anis namaam. Eeyyee nama garuu waardiyyaadhakaa. Atis shaarmuxaadha jedheet itti kaate...” (Yaasoo, 2014, f. 123)

Akka yaada armaan oliirraa hubatamutti, dubartootni hirmaannaa isaan gama hawaasdinagdeen qaban gaarii ta’uu isaati. Akka hojiin namfakkii kanaa asoosamicha keessatti ibsametti, mana siree yookiin hoteela keessatti qacaramuudhaan uffata miicaafi siree hafuudhaan galii argamsiifti. Kana malees manuma siree sana keessatti qaama ishee kireessuudhaan yookiin gurguruudhaan qarshii argachaa turuun ishee akkaataa itti dubartootni hawaasdinagdee keessatti hirmaatan argisiisuu qofa osoo hintaane akkaataa isaan itti hojiiwwan garaagaraa keessatti hirmaachuudhaan madda galii isaanii guddifatan namatti argisiisa.

Walumaagalatti, hafee kanarraa akka hubatamutti, dubartootni hawaasdinagdee isaanii guddisuudhaaf yeroo isaanii sirriitti akka fayyadaman jechuun hojii tokkotti ramadamanii nu ga’a jedhanii taa’uu dhiisanii hojii dabalataa biroo akka barbaadanii hojjetan namatti mul’isa. Yaaduma kanaan walqabsiisuudhaan dubartootni jireenya hawaasdinagdee keessatti qooda akkamii qabu kan jedhu qorattuun asoosama qorannoo isheef filatte keessaa yaada fudhatte biroo haala armaan gadiin dhiheessiteetti:

“...dhiifama Boontuu, odoon yaada keessa jiruu sitti haasa’etan simufachiisuu hinoollee jedheen. Homaa miti jetteet’ calliftee achi garagaltee addunyaa mataa ishii yaadaan daakuutti kaate...” (Yaasoo, 2014, f. 15)

Akka yaada armaan oliirraa hubatamutti, dubartootni jiruufi jireenya keessatti karaa hinbeekamneen wantootni nama mufachiisuu danda’an yoo isaan quunname utuuma keessi isaanii madaa qabuu dubbii hambisuuf jecha akka waa dhiisan namatti mul’isa. Fakkeenyaaf namfakkiin Boontuu jedhamtu kun osoo hoomaa miti jechuu dhiiftee akkuma tuqamtetti lolaan deebii kennite ta’ee gidduu jaraatti rakkoon uumamuun isaa shakkii hinqabu. Rakkoon uumamu immoo deemee deemee namoota baay’ee gidduutti garee uumuudhaan rakkoo cimaaf isaan saaxiluu danda’a. Kanaafuu namfakkiin kun hoomaa miti jettee fudhachuun ishee dubartootni waliin jireenya hawaasummaa/hawaasdinagdee keessatti wantoota rakkoo uumaniifi hinuumne

addaan baasanii akka beekaniifi utuullee ammam miidhamanii jireenya hawaasummaa booressuu akka hinbarbaadne namatti argisiisa.

Walumaagalatti akka yaada armaan olii kanarraa hubatamutti, dubartootni dhimma hawaasdinagdee keessatti qooda fudhachuun bu'aa dhuunfaaf osoo hintaane hawaasa gidduutti tasgabbiin akka jiraatu gochuu keessatti bakka guddaa qaba. Yaaduma kanaan walqabsiisuudhaan qorattuu yaada asoosama qorannoo isheef filatterraa fudhatte kan biraa haala armaan gadiin erga kuttee dhiheessiteen booda xiinxala ishees ittuma fuftee dhiheessiteetti:

...Leeylaan har'a jaalallee Leencoo miti. Shamarree xobbee labata haaraas ta'uu dhiifteetti. Ergama itti kenname ba'uuf yeroo kam caalaayyuu qophooftuu fakkaatti. Kanaafis haala xalayyaan sun barreeffamee, nama isheen hinbeekneen ergaa Leencoon dabarseefiin Mooxaatti buutee uffata Molokseefi gonfoo isaanii godhattee gara Baahirdaar kutte. Buutee ooluu hinfeene. Bakka ergamte ga'uu qabdi_Haroo Xaanaa irra balaliitee Bataskaana Kibiraan Gabri'eel_bakki sun dawoo ta'uu hindidu_dawoo yeroo bakki Walloo hanga mijatutti...(Yaasoo, 2014, f. 152)

Akka yaada armaan oliirraa hubatamutti, gochi qooddattuun Leeylaa jedhamtu kun raawwate, dandeettii dubartootni qaban sirriitti mul'isa. Akkasumas haala addunyaa duukaa walfakkaachuudhaan waan tokko jala miliquu isaaniis sirriitti argisiisa. Haala yeroo duukaa yookiin naannoon walfakkaachuu ishee wanta argisiisu keessaa tokko isasheen uffata molokseefi gonfoo isaanii godhattee gara Baahirdaaritti kutte sanaadha.

Egaa akka yaada kanarraa hubatamutti bakka itti ergamte ga'uun ishee dubartootni ammam akka itti gaafatamummaa isaanii ba'atan kan argisiisu yoo ta'u, inni isheen haala naannoo fakkaattee bakka ga'uu qabdu geessee kaayyoo baateef galmaan geessemoo qaroomina faana ammam akka dubartootni hidhata qaban namatti mul'isa.

4.2.3. Dhiibbaa Saalaa

Akka qorattuun asoosama qorannoo kanaaf filatamerraa hubattetti, dhiibbaan koorniyaan walqabatee namfakkiiwwan dubartootarra ga'u jira. Yaaduma kanaan walqabsiisuun yaada hayyootni garagaraa kennan wajjin walbira qabuudhaan qorattuun xiinxala ishee dhiheessiteetti. Haaluma kanaan Kaul (2012, f. 170-173), irratti yoo ibsu:

Gender discrimination, while assigning duties, is glaringly visible in the department. Women are rarely given hardcore policing jobs such as enforcement of law and order and investigation. Women police personnel are also discriminated against while sanctioning incentives and promotions. Women with more work experience are neither promoted nor rewarded, irrespective of their capabilities and performance.

Akka yaada armaan oliirraa hubatamutti, garaagarummaan saalaa jiruufi jireenya dubartootaarratti dhiibbaa fida. Dubartii ta'anii dhalachuun akka waan namaan gadi ta'aniitti yookiin akka waan hir'uu ta'aniitti ilaalama. Kunimmoo dubartootni waliin jireenya hawaasaa keessatti qoodni isaan fudhatan xiqqoodha yaada jedhu qaba. Dubartootni osoo hojii cimaa hojjetanii hojii isaaniif gatiin kennamuu dhiisuun akka isaan ofitti amanamummaa dhaban taasisa. Yaaduma kanaan walqabsiisuudhaan Legesse (1973, f. 19-20) irratti hariiroo koorniyaan walqabatee dhiiraafi dubartii gidduutti mul'atu haala armaan gadiin dhiheesse:

Men are in control of military and political activities. Only men can engage in warfare. Only men take part in the elections of leaders of camps or of age-sets and Gada classes. Men lead and participate in ritual activities. However, ritual is not an exclusively masculine domain: there are several rituals performed for women. In these and a few other instances women do take an important part. Women are actively excluded from age-sets. They are therefore heavily dependent on men for most political-ritual services and for all activities connected with the defense of Borana camps, wells, herds, and shrines.

Akka yaada armaan oliirraa hubatamutti, dhimmootni akka loltummaafi siyaasaa to'annoo dhiirotaa jala ooluu qabu. Akka hima kanarraa hubachuun danda'amutti, lolarratti hirmaachuun wanta bu'aa qabu kan argamsiisuu danda'u dhiirota qofa akka ta'eedha.

Akka caasaalee Gadaattis hooggantoota safaraa yookiin dhimmoota garagaraa filachuu keessatti qooda fudhachuu kan danda'u dhiirota qofaadha. Dhimmoota yookiin wantoota murteessoo ta'an yookiin dhimmoota amantii keessatti kan dura bu'ummaan to'atuufi hordofu dhiirota. Haata'umalee dhimmoota murteessoo ta'an kan dubartoota ilaallatanis/dubartootaan raawwatamuu qabanis baay'eetu jiru. Egaa akka yaada kanaatti dhimmootni murteessoon kanneen akka siyaasaa dhiirotaan hoogganamuu akka qabuufi dhimmoota akkas akkasii keessatti

dubartootnimmoo dhirotarratti hirkachuudhaan mul'achuu akka qabantu ibsame. Qorattuunis yaadolee hayyoota armaan oliirratti hundaa'uudhaan ragaalee walitti qabatte haala armaan gadiin xiinxalteetti. Egaa qorattuun yaadolee hayyoota armaan olii bu'uureffachuudhaan dhiibbaa gama koorniyaan namfakkiiwwan dubartootarratti mul'atuun walqabsiiftee asoosama qorannoosheef filatte keessatti ragaalee xiinxalte haala armaan gadiin dhiheessiteetti.

A. Miidhaa Xiinsammuu

Akka asoosamicharraa hubatamutti, namfakkiiwwan dubartootarra miidhaan xiinsammuu qaqqabeera. Kanumaan walqabsiisuudhaan dhimmoota asoosamicharraa fudhatame armaan gaditti haa ilaallu:

“...qaama dhiqatanii siree keessa yoo galan Leeylaan akka durii hinsardamne. Waa'een Jiinenuus hadhooftuu arrabarratti ishii roobe...” (Yaasoo, 2014, f. 78)

Akka yaada kanarraa hubatamutti, dubartootni yeroo abbaan warraa isaanii dubartii biraa waliin akka waan haasaa biraa qabuutti shakkan keessoon isaanii nagaa dhaba. Keessoon isaanii nagaa dhabuun kunis fedhii saalaa irraa eeganii dhabuudhaan walqabata. Fakkeenyaaf yoo abbaan warraa isaanii hojii garaagaraatti qabamee yeroo itti fedhii saalaaf isaan bira dhaqu dhabee, xiinsammun isaanii akka baay'ee hubamu namatti mul'isa. Fakkeenyaaf namfakkiin Leeyilaa jedhamtu kun, gara siree dhaquudhaaf akka durii sardamuu dhiisuun ishee akka hiriyaan ishee sun dubartii Jiinenuus jedhamtu waliin dhoksaadhaan walquunnamtii saalaa raawwachaa jirutti waan amanteeffiidha. Kunimmoo dubartootni nama jaallatan tokko yoo akka jaallatanitti yookiin akka eeganitti argachuu dadhaban xiinsammun isaanii ammam akka miidhamu nama hubachiisa. Fedhii saalaa eeganii dhabuudhaan dhiibbaan qaqqabu kunis dhiibbaa koorniyaatiin walqabtee namfakkiiwwan dubartootarra ga'uun walqabata. Yaaduma kanaan walqabsiisuudhaan qorattuun dhiibbaa sababa koorniyaan namfakkiiwwan dubartootarra ga'uu danda'u kan biraa ragaa asoosama qorannoo kanaaf filatterraa argatte akkaataa armaan gadiin dhiheessiteetti.

“...namicha jibbisiisaa kana faana ciisuu mitii faana yoo qaaqan qooqnisaa hanga balfaa namarraa beeksisu kanarraa ilmoo argachuu, dhungachuu, arraabuu, gammaduu, mucaaadha kaa! Dhala kaa! Isaa hoo? Ecc! jetteet keessa ishiititti of jibbitee hancufa ofitti tufte, Jiinenuus...” (Yaasoo, 2014, f. 93)

Akka qorattuun hafee armaan oliirraa hubattetti, dubartootni yoo dhiira tokko jibban xiinsammuun isaanii ammam akka miidhamu argisiisa. Sababa dhalaaf/mucaaf jettee nama keessoon ishee hinfeene waliin gammachuufi dhunguu sobaa geggeessuun ammam akka dubartootni yeroo nama hinjaallanne tokko waliin addunyaa jaalalaa keessa galan miidhaman ibsa. Walumaagalatti, jaalalli dubartootni dhiiraaf qaban kan fedhii isaanii giddugaleeffate miti taanaan miidhama xiinsammuu guddaatiif akka saaxilaman hafee kanarraa nihubatama. Kunimmoo dubartootni sababa koorniyaatiin walqabatee rakkoolee garagaraatiif kan saaxilaman ta'uun isaanii danachuu baatus akka jiru argisiisa. Dhiibbaa sababa koorniyaatiin isaanirra ga'u keessaas tokko miidhaa qaamaati. Miidhaan qaamaas sababoota garagaraan walqabtee miidhaa qaama dubartootarra ga'uudha. Dhimma kanarratti hundaa'uudhaanis qorattuun waan seeneffamicha keessaa argate muraasa haala armaan gadiin xiinxaluudhaan dhiheessiteetti.

B. Miidhaa Qaamaa

Haala ilaaluuf yoo ol jettu qaamni ishii hundi amma waan dhaanamteet,' ishii dhukkube. Keessattuu naannoo harmaa, gudeeda lamaan gidduuniifi toorri handhuura ishee. Harka ishii suuta gudeeda ishee lamaan gidduu seensistee of tuquun garuu ishee sodaachisee gad-deebitee ciifte. Ani hinjiruum Leencoo na ajjeesteeta. Sinbirri iyyitee hinbeekne gaafa iyyite badaa badaa jetti jedhan jetteen Laaylaan Leencoon. (Yaasoo, f. 18-19)

Akka yaada kanarraa hubatamutti, qaamni ishee amma harkaan tuquu sodaattutti dhukkubuun isaa miidhama qaamaa yookiin madaa qaama isheerra ture namatti argisiisa. Akka yaada namfakkii kanarraa hubatamutti, namtokko madaa yookiin miidhama qaamaa yoo ofirraa qabaate qaamumasaan of tuquullee akka sodaatuudha. Kunis dubartootni yammuu yeroo jalqabaaf saalquunnamtii raawwatan ammam akka qaamni isaanii dhukkubuufi miidhamoo ta'uu isaanii nama hubachiisa.

Gama biraan immoo yerooma dubartoota waliin saalquunnamtii raawwatan qaamni isaanii akka isaan dhukkubuufi amma hojii isaan oolchuuttilllee akka miidhaan isaanirra ga'u nama hubachiisa. Namfakkiin kunis kaatee hojii dhaquu dadhabuun ishee miidhaa qaamaa dubartootarra karaa saalquumtiitiin ga'u mul'isa. Kanumaan walqabsiisuudhaan dubartootarra miidhaa qaamaa ga'u kan ibsu qorattuun hafee asoosama qorannoo isheef filatterraa fudhatte haala armaan gadiin xiinxaltee dhiheessiteetti:

...Gufteen farsoo amalumaaf naqxi malee bu'aa irraa hinargattu. Sababni isaa immoo isheen gurraan waan hindhageenyeeff farsoo yookiin joogii buustu gurguddaatti buuftee achuma namoota gidduu keessi waan ta'eef hunduu amma dhugan dhuganiiti waan qaban qofa kaffalanii ba'u. Isheen hinbeektu meeqa dhugdaniis jettee hingaafattu, waan baalfannaa lubbuuf qofa hojjetu namatti fakkaatti....(Yaasoo, f. 45)

Akka yaada armaan oliirraa hubatamutti, namfakkiin Guftee jedhamtu kun rakkoo dhageettii qabdi. Rakkoon dhageettiimmoo miidhama qaamaa keessaa isa tokkoodha. Namni tokko namaa wajjin waliigaluudhaaf qaama miiraa isaatti fayyadama. Keessumaa daldala keessatti iddoo guddaa kan qabu fayyummaa qaama miiraa keenyaati. Namfakkiin asoosama kana keessatti waa'een ishee dubbatames rakkoo dhageettii waan qabduuf namootni amma barbaadan dhuganii amma barbaadan akka kaffalaniif ishee saaxile. Haalli kunimmoo akka hojiin ishee quucaru gochuu danda'a.

Gabaabumatti, qorattuun hafee asoosama fudhatte kanarraa akka hubattetti, jiruufi jireenya hawaasummaa keessatti dubartootni yeroo miidhama qaamaa qaban akka namaatti ilaalanii gargaarsa barbaachisaa ta'e gochuufirra wantoota hamilee isaan doomsu irratti gochuun akka jiru namatti argisiisa.

Namfakkiin kun utuu miidhama qaamaa (gurraa) qabduu tattaafatti; namootni garuu itti dabalani miidhaa turan. Kunimmoo sababa dubartummaa isheef akka itti roorrisan namatti argisiisa. Kanaafuu dhiibbaa sababii koorniyaan walqabatee dubartootarra ga'u keessaa tokko deeggarsa qaama miidhamaa tokkoof godhamu gochuufii dhiisuudhaan qabeenya isaanii akka malee duraa qisaasessuudha.

4.2.4. Qabsoo Walqixxummaa

Asoosama Miila Hinshokoksinee keessatti namfakkiiwwan dubartootaa qabsoo walqixxummaa keessatti gahee isaanii ba'ataniiru. Wantoota akka fakkeenyaatti asoosamicha keessatti dhihaatanis haala armaan gadiin haa ilaallu:

“...dhiisi! Uummata kana kan hinajjeefne hinjiru. Kanarraatti ammoo nutis daboo walii walirratti ba'aa jirra. Walajjeesaati, walfixaati, beekaan wallaalaa wallaalanis beekaa akka waan dhiigni koodee karaa namaaf haruu jette Leeylaan....” (Yaasoo, 2014, f. 128)

Akka waraabii kanarraa hubatamutti, namfakkiin Leeylaa jedhamtu uummata kana kan hinajjeefne hinjiru yammuu jettu ammam akka yaadannoo yookiin miidhama gama siyaasaan uummata sanarra ture qabdu namatti argisiisa. Qaama bakkeetii dhufe qofa osoo hintaane isa qaamumti tokko bakka garaagaraatti walhuruudhaan rakkoo walitti ta'us haalaan ibsiteetti. Kunimmoo diinaaf humna ta'uudhaan hamilee walkeessatti ajjeessanii guddina waldhowwu akka ta'e namatti mul'isa.

Gaafa qaamni biraa dhiibbaa nurratti taasisu diina sanaaf ragaa kan baanee walii keenya caalaa diina itti mararfannu taanaan diinni halkaniifi guyyaa walitti nu buusuuf shira akka xaxullee nimul'isa. Gaafa namni tokko birmadummaa saba yookiin uummata isaaf aarsaa du'aa kaffalu nutimmoo sana yaadachuu dhiifnee kan walii walii keenya miinu taanaan diinaaf karaa baasuudhaan walittimmoo daandii cufuu akka ta'e argisiisa.

Egaa akka yaada kanarraa hubatamutti, dubartootni dhimmootni siyaasaa maal akka fakkaatuufi siyaasa keessatti haala kamiin tokkummaa walii eeganii diinarra aanuun akka danda'amu akkaataa isheen itti ibsite dubartootni dhimmoota siyaasaa keessatti akka hirmaatan nama hubachiisuurra darbee dhimmoota walqixxummaa keessatti qooda akka fudhatan namatti argisiisa. Yaaduma kanatti dabaluudhaan dubartootni siyaasa keessatti ammam akka hirmaatan kan argisiisu qorattuun asoosama qorannoo isheef filatte keessaa yaada fudhatte armaan gaditti dhiheessuudhaan xiinxalteetti:

...Leeylaan daldaltuu cimtuu fakkaachuudhaan suuqii keessa dhaabbatee jirti. Namootni dhaqanii meeshaa bitaniiti gudunfatani qajeelu. Kaanis galuuf waan muddamaniif daddafi jechaati walakeekkachiisu. Waliigalteen Afaan Amaaraatiin. Tasa takka daddafi jette hiriya ishee akeekkachiisuuf. Kanaan booda amma nama gabaatti dhufeti saalfatee quba ciniinnatee namootni ishee dhaga'e akka jiru ilaalte. Homtuu kan shokokse hinturre. Achii suuta hiriya isheetti jettee dogongoreetan afaan keenyaan dubbadheem jetteen afaan biraatiin. Maaf dubbatta nu dhaansiftaa! Jetteen hiriyaan ishiis itti aansuudhaan. Yoo kana Leeylaa dubbiin isaanii gurra buute. Eenyutu isin dhaana yoo afaan keenya dubbattan gaafa jettu atimmoo eessatti beekta afaan kana? Eenyutu siif kenne afaan icciti keenyaa jedhaniin. Afaan kun kiyyas nuti tokko yammuu jettu, ijoollichii lakkii afaan kana nuyi qofaaf iccitiin kenne, kan biraa kan danda'u hinjiru, warra akka gaaf tokko nu tumuuf dhufee taatii dafi jedhaniiti kaachaadhaan dafanii kutan. Leeylaan

hedduu raajamtee kunis nijiraa jetteeti afaan harka lamaaniin qabatteeti ijaan isaan duuba qaarite....(Yaasoo, 2014, f. 167).

Akka yaada armaan oliirraa hubatamutti, namni Oromoo ta'e tokko afaan isaa dubbatee waliigaltee uumuudhaaf ilaalchi hamaan akka irra jiru namatti argisiisa. Keessattuu namootni Afaan Oromoo dubbachuu danda'an garuu kan saba Oromoo hintaane sobanii dhalataa Oromoo fakkaachuudhaan itti siqanii iccita jiru dhaggeeffachuu barbaadu. Oromoo fakkaatanii Oromoo keessa galuudhaan uummata nagaa tasgabbi dhowwu. Akka uummatni kun waliisaa amanuu dadhabuufis summii gidduutti facaasu. Uummatni Oromoos sababa jiila akkanaa qabuuf namni tokko waan Afaan Oromoo haasa'eef qofa Oromoodha jedhee itti amanuun haa hafuutii isuma Oromoo ta'ee Afaan Oromoon itti haasa'ullee yoo hinbeeku ta'e akka amanuu dadhabu ta'e. Kunimmoo shira ilmaan Habashaa duraan itti fayyadamtee namoota baay'ee galaafatte sanaan walqabateeti.

Egaa akka qorattuun barreeffama asoosamicha keessaa fudhatamuudhaan armaan olitti dhihaatteraa hubattetti, ilmaan Habashaa qooqa Oromoo baruudhaan namoota nagaa gooluun isaa akka Oromoon Habashaafi Oromoo gargar baasuu dadhabu taasiseera. Haalli kun akkana ta'uun isaammoo Oromoon walhinjaallatu yookiin waliif hingalu jettee akka diinni odeessituuf haala mijeessee iddoo meeqatti akka walqoqqoodan isaan taasisuusaa namatti mul'isa. Egaa Habashaan Afaan Oromoo baruudhaan iccita jiru sirriitti bartee waliigaltee akkaataa ittiin boressuu dandeessu erga haala mijeeffatteen booda uummata akka lubbuutti waljaallatu waliigaluu hindanda'u jettee yaada dadhabaa kanaan namoota baay'ee burjaajessaa akka har'a geesse nama hubachiisa.

Walumaagalatti, yeroo baay'ee haalli itti kutaa itti dhalatan yookiin immoo ganda itti dhalatan gaafatan irra jireessaan dhimma naannummaaf akka ta'e nama hubachiisa. Kanaafuu dubartootni dhimmoota ittiin siyaasa qeeqan yookiin xiinxalan nama hubachiisuu keessattillee qoodni isaan qaban cimaa akka ta'e namatti argisiisa. Gama biraanis maqaan eenyummaa saba tokkoo ibsuu akka danda'u ibsa qooddattuu kanaarraa qorattuun hubatteetti. Maqaan Oromoof kennamu maalirraa akka mogga'uufi hiika maalii akka qabus haalli qooddattuun sun itti maqaasheefi maqaa Gammadaa jedhu walbira qabdee Oromummaa ibsuurratti garaagarummaa isaan qaban ibsuuf yaaltes dhaamsa siyaasaa ibsuufi. Kanarraa kan ka'es maqaan Sooyyomee jedhamuufi

Gammadaa jedhu Oromummaa ibsuurratti akka walcaalan qooddattuun Sooyyomee jedhamtu seenessicha keessatti ibsiteetti. Egaa haalota kanarraa wanti hubatamu, dubartootni dhimmoota siyaasaa keessatti qooda akka fudhatan ibsa.

Yaaduma kanaan walqabsiisuudhaan haala ittiin dubartootni siyaasa keessatti hirmaatan hafee asoosamichaarraa fudhatamee armaan gaditti dhihaaterra haa hubannu:

“...kanarratti akaakayyuu kiyya, kanarratti ammoo obboleessa abbaa kootiitu fannifamanii du’an. Kiyya qofaa miti kan ormaa baay’etitu asirratti fannifamanii du’an. Nuti ilmaan ormaa warri as jala bahuu lagannu hedduu...har’a dhiiga warra kootitirraa waanan ejjedhe natti fakkaata! Jetteen muka fannisaa kan jadamuufi bara mootii Harresillaasee kan Oromoonni hedduun irratti fannifamanii dhumaniifi kan ammallee gabaa Baatee keessa jiru sibiilota lamaan san itti argisiisaati. Leeylaan hedduu gaddite. Keessi ishii dhiiga ijji ishii ammoo hiriya ishii waliin imimmaan roobsan...” (Yaasoo, f. 166)

Akka qorattuun yaada armaan oliirraa hubattetti, mootummootni darban amma fannisanii nama ajjeesuutti gochoota suukanneessoo raawwachaa akka turan nama hubachiisa. Yeroo durii mukti fannoo namoota itti fannisaa turan ammallee bakka gabaa Baatee jedhamu keessa jiraachuun isaa dhiibbaa siyaasaa argisiisa. Keessattuu qooddattuun kun bakka muka fannoo sanaa duraan akka waan lagataniif haasaan qabamanii yeroo jala ba’an waanuman dhiiga warra kootiirra ejjedhe natti fakkaata jechuun ishee adeemsa siyaasaa keessatti dubartootni hammam akka qooda qaban namatti argisiisa. Kanarraa wanti hubatamummoo dubartootni amman wantoota karaa siyaasaan ba’aa namatti ta’ee jirurratti xiyyeeffannoo akka kennan namatti mul’isa. Kunimmoo dubartootni jiruufi jireenya isaanii keessatti hirmaannaa gama siyaasaatiin jiru keessatti amma dandeettii isaanii qooda akka fudhatan ibsa.

4.3. Fakkoommii Dubartootaarratti Madaallii Asoosamoota Lamaanii

Asoosamootni qorattuun qorannoo isheef filatte kunneen yoomessa garaagaraa keessatti barreessitoota garaagaraatiin kanneen barreeffamaniidha. Bu’uuruma kanaan dhimmootni dubartootaa asoosamoota Afaan Oromoo filataman (*Dhoksaa Jireenyaafi Miila Hinshokoksinee*) keessatti walbira qabamuudhaan haala armaan gadiin dhihaataniiru. Qorattuunis asoosamoota lamaan keessatti qabxiilee muraasarratti xiyyeeffachuudhaan kan walbira qabdee ilaalte yoo ta’u, qabxiileen isheen ittiin walbira qabdee madaaltes kanneen akka namfakkiiwwan dubartootaaf iddoo fooyya’aa kennuu, dinagdee, hawaasummaafi siyaasa keessatti hirmaachisuu,

olaantummaa dhiiraa lallabuufi akkaataa itti nafakkiiwwan dubartootaa of ilaalan fa'i. Haalota kanneenis qorattuun qabxiilee murteessoodha jettu amma tokko asoosamoota kanneen keessaa akka ragaatti fudhachuudhaan armaan gaditti dhiheessiteetti. Bu'uuruma kanaan:

- Asoosamoota lamaan keessaa dubartootaaf iddoo fooyya'aa kan kenne asoosama *Miila Hinskoksineedha*. Sababni isaas namfakkiiwwan dubartootaa asoosamicha keessatti hojiiwwan gaggaarii hojjechuudhaan beekamu. Jireenya isaanii fuulduraaf dhama'u. Barreeffamichi namfakkiiwwan dubartootaa gadiqabuudhaan kan dhirotammoo hinfaarsine. Akkuma dhiirotaaf hojii kennu dubartootaafis hojii kennuudhaan hojii hojjechuu isaanii mirkaneesseera.
- Qorattuun asoosama kana keessatti namfakkiiwwan dubartootaa gama dinagdeen, hawaasummaafi siyaasaan haala gaariin gahee isaanirraa eegamu akka ba'atan addaan baafateetti. Fakkeenyaaf Gufteen jagna farsooti. Kunimmoo ogummaa ishee argisiisuuf qofa osoo hintaane, kallattii ittiin dinagdee ishee guddifattu namatti argisiisa. Jiinenuus yeroo Kiisuun jechaan tuqee dhiifama ittiin jedhe, hoomaa miti jechuun calliftee achi garagaltee addunyaa mataa ishii yaadan daakuutti ka'uun ishee hawaasummaa dubartootaa argisiisa.
- Gama siyaasaanis inni Leeylaan, dhiisi, uummata kana kan hinajjeefne hinjiru. Kanarraatti ammoo nutis daboo walii walirratti ba'aa jirra. Walajjeesaa, walfixaa, beekaan wallaalaa wallaalanis beekaa akka waan dhiigni koodee karaa namaaf haruu jechuun dubbatte dubartootni jiruufi jireenya hawaasummaa keessatti gama siyaasaanis cimoo ta'uu namatti argisiisa.
- Dabalataanis Leeylaan namfakkii tokko haataatu malee gochi isheen hojjette kan namoota baay'ee bakka bu'uu danda'a. Gochoota namoota biraatti hamilee horaniifi eenyummaa dubartootaa sirriitti argisiisuu danda'an baay'ee hojjetteetti. Kunimmoo dubartootni akkuma dhiirotaa dandeettii waan barbaadan hojjechuu qabaachuusaanii namatti argisiisa.
- Asoosamicha keessatti namfakkiiwwan dubartootaa olaantummaa dhiirotaa ofirratti goobsanii ilaaluutti amanuudhaan kan hirkattummaan jiraatan osoo hintaane walqixxummaa isaanii mirkaneessuuf carraaqqii cimaa gochuudhaan beekamu. Fakkeenyaaf namfakkiin ...Leeylaa jedhamtu, akkaawuntingii eebbifamtee Biiroo

Inveestimantii Oromiyaatti miindeffamtee hojii haleeluu calqabdeetti yammuu jedhu, akka dubartootni hirkattummaa malee hojii hojjechuu danda'an namatti argisiisa.

- Akka seeneffamicha keessaa hubatamutti, namfakkiiwwan dubartootaa akka dhiirarra caalanillee ibsuuf yaalu. Olaantummaa dhiirotaaf bakka kennuun hafeeyyuu, cimina ofii isaanii argisiisuu barbaadu. Fakkeenyaaf “...Ani Doktaraafi piroofeesara waliin malee kan akka kee kun na kajeelaa jette Almaz, Dooyyoon. Maal anis namaam. Eeyyee nama garuu waardiyyaadhakaa. Egaa kun akka dubartootni olaantummaa dhiirotaatti hinamanne namatti argisiisa.
- “Leeylaan har’a jaalallee Leencoo miti. Shamarree xobbee labata haaraas ta’uu dhiifteetti. Ergama itti kenname ba’uuf yeroo kam caalaayyuu qophooftuu fakkaatti”. Akka yaada kanarraa hubatamutti, namfakkiiileen dubartootaa seeneffamicha keessatti akkuma namfakkiiwwan dhiirotaa hojii isaanitti kenname itti gaafatamummaan raawwachuu akka danda’an namatti argisiisa.
- Dabalataanis inni Jiinenuus “...namicha jibbisiisaa kana faana ciisuu mitii faana yoo qaaqan qooqnisaa hanga balfaa namarraa beeksisu kanarraa ilmoo argachuu, dhungachuu, arraabuu, gammaduu, mucaaadha kaa! Dhala kaa! Isaa hoo? Eccii! jetteet keessa ishiititti of jibbitee hancufa ofitti tufte, carraaqqii namfakkiiwwan dubartootaa asoosama keessatti godhan namatti argisiisa.
- Jiinenuus haadha ishee yaalchisuudhaaf yaalii cimaa gochaa turte. Ani dubartiidha jettee sodaan keessatti uumame hinjiru. Carraaqqii mataa ishee taasisuudhaan haadha ishee yaalchisuun akka dubartootni olaantummaa dhiirotaatti hinamanne mirkaneessa.
- Egaaa akka waliigalaatti, barreessaan asoosama kanaa namfakkiiwwan dubartootaaf bakka guddaa kennuudhaan kan dhiheesseedha. Dubartoota gadiqabuudhaan olaantummaa dhiirotaa lallabuuf yaalii godhe hinqabu. Keessattuu akka dubartootni dhiiraan gadi hintaaneefi hojii hojjetanii bakka yaadan ga’uuf tattaafatan kan sirriitti argisiisuuf yaaluudha malee dubartootni dhiiraan gadi jechuudhaaf waan yaale hinqabu.
- Asoosama *Dhoksaa Jireenyaa* keessatti garuu namfakkiiwwan dubartootaaf bakki kenname gaarii miti. Namfakkiiwwan dubartootaa akka namaatti lakkaa’uu dhiisuufaatu mul’ate. Fakkeenyaaf akka dubartootni siyaasa keessatti hirmaatan haa ibsuuyyuu malee hojii isaanii qofaatti cimsee hinibsu. Namfakkiiin Roobduu jedhamtu gama siyaasaan hojii cimaa akka hojjette seeneffamicha keessatti dhihaateera garuu Roobduun shamarree akka

dhiiraati yeroo jedhu hojiin isaanii olaantummaa dhiirotaan kan marfamee jiru akka ta'e namatti argisiisa. Dubartootni amma dhiirotaa hinga'an ergaa jedhu qaba.

- Yaaduma armaan olii kanaan walqabsiisuudhaan seeneffamicha keessatti akkaataa itti olaantummaan dhiirotaa mana ofii bulchuu yookiin hawaasdinagdee keessatti caalurratti akkas jechuun dhihaateera, baay'ee rakkisaadha. Shamarran Ameerikaa seenteefi hoolaana alba'uu jalqabde orooma keessaa baate. Intalli sun yogguu reef biyya kana dhuftu oljetteellee ija namaa keessa hinmil'atu turte. Shamarran bishaan Ameerikaa unatte, seeraan mana qabatee nijiraatti jedhee yaadee hinbeeku, hunduu hattuudha. Akka yaada kanaatti dubartiin nama miti, hir'uudha jechuudha.
- Yaada armaan oliin walqabsiisuudhaanis seeneffamicha keessatti yeroo dubartootni jireenya isaanii fooyyeffachuuf jecha kallattii ittiin dinagdee isaanii fooyyeffachuuf jecha hojii dadhabsiisaa hojjetan karaa ittiin haala mijeessaniif dhiisanii karaa ittiin arrabsoodhaan dadhabsiisantu baay'inaan mul'ata. Kanas seeneffamicha keessatti kan dhihaate keessaa tokko yoo ilaalle akkas jedha, ...Asteer nama ulfina namummaasheef dhiphatu miti. Yoo doolaarri ittiin ni-argama ta'e bineensa waliin nisagaagalti. Kan bilbila harka ishee kaffalu dhiira tokko, kan uffata isheen uffattu itti bitus akkas. Jaalalli qofaasaa kiraayii manaa hinkaffalu; nyaata hinta'u; gaa'ela dhaabbachuuf jalqaba qabeenya horachuudha.... Egaa akka yaada kanarraa hubatamutti, dubartootni waan tokko yammuu hojjetan kallattiima tokkoon ilaalu jechuu barbaadeeti. Akka waan dubartootni sababa qarshiif waan gaariifi gadhee addaan baasuu hindandeenye namatti argisiisa. Kunimmoo dubartoota gadiqabuudhaan olaantummaa dhiirotaa lallabuudhaan walqabata. Garuu wanti hubatamuu qabu asoosama Dhoksaa Jireenyaa jedhamu keessatti seeneffamichi guutummaatti olaantummaa dhiiraa lallaba jechuu miti; akkasumas namfakkiiwwan dubartootaa guutummaatti carraaqqii hingodhan jechuu miti. Caalmaatti asoosamoota lamaan keessatti olaantummaa dhiirotaa lallabuu kan yaale seeneffama *Dhoksaa Jireenyaa* ta'uusaa ibsuuf jedhameeti. Fakkeenyaaf inni Amartiin Obsa kootu humna koon olta'e. kanaafan ulfina dubartummaa koo ofirraa soqolee aadaa badaa qabnus dagadhee har'aaf dhiira ta'es. Aadaa isa badaa miidhama dubartiirratti ijaarametu na gaadi'ee har'aan na ga'e jette sagalee hasaasarra hinwayyineen. Akka yaada kanaatti, namfakkiiwwan dubartootaa cimina isaanii argisiisuuf carraaqqii osooma godhanii wantootni garaagaraa garuu akka gadi isaan qabu argisiisa. Kunis maluma ittiin

seenessaan olaantummaa dhiirotaa mirkaneessuuf yaale fakkaata. Aadaadhaan qabee gadaantummaa dubartootaa ibsuuf kan yaaleedha.

Qorattuunis gaaffilee bu'uuraa qorannoosheerratti hundaa'uudhaan xiinxala dhimmoota dubartootaa asoosamoota lamaanii erga walbira qabdee madaaltee booda, osoo barreessitootni asoosamoota kanaa dubartoota ta'anii akkam ta'a kan jedhurrattis yaada ishee haala armaan gadiin dhiheessiteetti.

- ❖ Walqixxummaan dubartootaafi dhiirotaa sirriitti eegama. Sababni isaa dubartootni yeroo hedduu ofii isaanii olqabani dhiirota gadiqabuurratti amantii hinqaban. Hojiiwwanis dursanii fudhachuurra dhiiraaf dursa kennuun beekamu waan ta'eef.
- ❖ Namni kamiyyuu hojii isaan malee garaagarummaa saalaan akka hinmadaalamne shoora taphatu. Kana jechuun dhiira yookiin dubara ta'aniif walcaalu osoo hintaane miira hojiif qabaniin walcaaluun akka danda'amu dhugaa jiru ifa baasu.
- ❖ Olaantummaa isaanii argisiisuun gadaantummaa dhiirotaa hinargisiisan. Sababni isaa asoosamoota dhihaate keessattis obsi isaan qaban dhugaaf dhama'uu isaanii argisiisa.
- ❖ Dhiibbaan sababa koorniyaatiin walqabatee dubartootarra jiru akka hafuuf dhiibbaa nitaasisu; hojii hojjetan maqaa dhiiraan ibsuu (akka dhiiraati) jechuu fa'a nihambisu.

BOQONNAA SHAN: CUUNFAA, ARGANNOOFI YAADA FURMAATAA

5.1. Cuunfaa

Akka qorattuun asoosamoota lamaan qorannoo kanaaf filatamanirraa hubattetti, dubartootni dhimmoota akka siyaasaa, hawaasummaa, dinagdeefi qaroominaa keessatti hirmaannaa nitaasisu. Hirmmaannaa isaan taasisaniin walqabatees asoosamoota qorannoo kanaaf filataman keessaa yaadoleen qorattuun akka cuunfaatti dhiheessite kanneen itti aananii dhihaataniidha. Fakkeenyaaf qooddattuun Leeyilaa jedhamtu daboo walii walirratti ba'aa jirra jechuudhaanis ta'e beekaan wallaalaa, wallaalaanis beekaa akka waan dhiigni koodee karaa namaaf haruu yammuu jettu, bilchina siyaasaa cimaa ta'e qabaachuushee argisiisa. Keessattuu akka namni eenyummaa ofiifi siyaasaa gargar baasee hubatuuf bakka guddaa qaba. Egaa yaadni kun dubartootni siyaasa keessatti cimoo ta'uu ibsa. Kanumatti dabaluuudhaan akka fakkeenyaatti, gochi qooddattuun Roosaa Paarki jedhamtu jijjiirama seenaa gurraachota biyya kanaa keessatti argamsiifte seeneffamicha keessatti dhihaachuun isaa dubartootni siyaasa keessatti hirmaachuurratti ga'umsa cimaa qabaachuu mul'isa. Haata'umalee namootni kallattii garaagaraan akka hojii isaaniitti hinguufne yookiin cabsa isaanii gadi hinteenyes kan ilaaluuf ija namaatti hintolle jechuudhaan dubartootaaf bakki gadaanaan akka kennamu ibsameera. Akkasumas 1991 yammuu ABO'n biyya seenu Roobduun haadha sagalii ta'uudhaan hoogganuun ishee dubartootni siyaasa keessatti hirmaachuurratti dandeettii akka qaban namatti argisiisa. Garuu akka asoosamicha keessatti ibsametti dubartootni amma dhiiraa hinga'an yookiin hojiin isaan gama kanaan taasisan quubsaa miti jechuudhaaf Roobduun akka dhiiraati jechuun ibse. Kunimmoo dubartootni siyaasa keessatti hirmaachuun dhorkaadha yookiin siyaasni isaaniin hinilaallatu jechuu ta'a. Egaa akka qorattuun asoosamoota qorannoo isheef filatterraa hubattetti dubartootni siyaasa keessatti hirmaachuurratti cimoo ta'anii osoo jiranii, asoosamoota kanneen keessatti garuu cimina isaanii buruqsanii yookiin sirriitti ibsuurratti rakkootu mul'ata;

Gama biraan immoo dubartootni akka gama dinagdeen jiruufi jireenya hawaasummaa keessatti hirmaannaa taasisan qorattuun yaadolee asoosamoota qorannoo isheef filatterraa walitti qabatteen hubachuu dandeesseetti. Yaadolee cimina yookiin hirmaannaa dubartootni gama dinagdeetiin qaban argisiisan keessaas amma tokko haala armaan gadiin dhiheessiteetti. Fakkeenyaaf inni namfakkiin Amartii jedhamtu mana namaa keessa galuudhaan mana qulqulleessaa turte sun hamilee dubartootni dinagdee isaanii guddisuu keessatti qaban namatti

argisiisa. Kanumaan walqabatee haati Jiinenuus qulqulleessituu taatee hojjechaa turuun ishee dubartootni hammam dinagdee isaanii guddisuudhaaf sochii akka taasisan hubachiisa. Dabalataanis, Leeyilaan Biiroo Inveestimentii Oromiyaatti qacaramtee hojii hojjechuun ishees akkaataama itti dubartootni dhiimmoota dinagdee keessatti qooda fudhatan namatti argisiisa. Itti dabalees haasaa keessatti yoo dogoggoraan waan hinbarbaachifne yookiin nama biraa mufachiisu dubbatan dhiifama gaafachuun isaanii hawaasummaa ibsa. Fakkeenyaaf yeroo namfakkii Jiinenuus jedhamtuun dhiifama jedhame sanatti hoomaa miti jechuun ishee akkaataa itti dubartootni dhimmoota hawaasummaa keessatti waldanda'anii jiraatan namatti argisiisa. Akkasumas yeroo Biliseen nyaata dhiheessitu hundumtuu nyaachuu jalqabnaan Amartiinis Bilisee gargaaruu jalqabde. Akka qorattuun dhimma kanarraa hubattettis, dubartootni dhimmoota hawaasummaa keessatti walgargaaranii akka jiraatan namatti mul'isuu danda'uu isaati;

Dabalataanis dubartootni akka dhimmoota dandeettii yookiin qaroominaan walqabatu keessatti qooda fudhatan hubatteetti. Kanaan walqabsiisuudhaanis fakkeenya isheen qorannoo kanaan xiinxalte keessaa muraasa haala itti aanu kanaan dhiheessiteetti. Namfakkiin Marartuu jedhamtu, ogummaa cimaa qabaachuun ishee qaroomina duukaa deemuu dubartootaa argisiisa. Anaaf barreessuu jechuun ogummaan ittiin jiraadhu naaf caala jechuun ishees addunyaa yeroo ammaa keessatti namni irra jireessaan jireenya isaa barnootaan walitti hidhee jiraachuusaa argisiisuufiidha. Ergaa Leencoo galmaan ga'uuf uffata Molokseefi gonfoo isaanii uffatee ergama ishee ba'uuf qajeeluun Leeyilaa qaroomina duukaa yookiin haala yeroo duukaa walfakkaachuu danda'uu dubartootaa namatti argisiisa. Akka yaada kanaatti dubartootni waan itti kenname tokko fiixaan baasuu keessatti cimoo akka ta'anis hubachuun nidanda'ama.

Egaa walumaagalatti wanti asoosama kanarraa hubatamu, dubartootni utuu dhugaa qabanii akka yakkamtootaafi shakkamtootaatti adamsaman bu'aaba'iin ammam baay'atus guyyaan isaan dhugaan niqallatti malee hincittu mammaaksa jedhu dhugoomsanii argaman akka jiru namatti argisiisa. Gabaabumatti, namni yeroo baay'ee dhugaadhaaf dhaabbatu sakaallaa hedduu dandamatee, kufee ka'ee dhumatti ibsaa gaanii keessaa ta'uu dhiisee bakkeetti ifee mul'achuu akka danda'u namatti mul'isa jechuudha. Kana jechuun fakkoommiin dubartootaa bu'aaba'ii hedduu keessa darbanii addunyaaf ibsaa akka ta'an namatti argisiisa. Qorattuunis cuunfaa qorannoo kanarratti hundaa'uudhaan argannoo ishee haala armaan gadiin dhiheessiteetti.

5.2. Argannoo

Qorattuun xiinxala dhimmoota fakkoommii dubartootaa asoosamoota filatamanii erga adeemsifteen booda argannoowwan bira ga'aman haala armaan gadiin dhiheessiteetti.

- ❖ Asoosamoota *Dhoksaa Jireenyaafi Miila Hinshokoksinee* keessatti sababa garaagarummaa koorniyaatiin miidhaan dubartootarra ga'uu akka danda'u bira ga'ameera. Akka fakkeenyaatti inni namfakkiin Marartuu jedhamtu dubartootni dhimma saalaa dubbachuurra ukkaamsinee teenyee furmaata soqurra gara tarkaanfii jireenya maatii keenyaa diiguutti darbina jettee dubbatte sun ammam akka garaagarummaa koorniyaan walqabatee miidhaaf saaxilaman mul'isa. Bakka kanatti wanti ibsames gaa'ela diiguun miidhaa xiinsammuu cimaa akka fiduufi godaannisa hinfayyine akka ta'eedha. Godaannisa kanatti akka seenaniifimmoo inni jalqabaa sababa dubartummaatiin walqabatee garaagarummaa mul'atuudha. Kanumatti dabaluuudhaan namfakkiin Guftuu jedhamtus gurri ishee akka hindhageenye erga mirkaneeffatanii booda maal nu gochuu dandeessi jedhanii farsoo isheen naqxu amma barbaadan dhugaa turan. Kunis tuffachuu isaanii argisiisa. Utuu dhiira ta'ee amma kana ija jabinaan itti hintaphatan ture. Gufteenis farsoo isheen naqaa turte galii akka hinargamsiifneef osoo beektuu amalumaaf naqaa turuun ishee namoota akka malee farsoo ishee dhugaa jiran hubachuu dadhabdee osoo hintaane, sodaa qabdu argisiisa. Dabalataanis inni haati Ayyaanaa Yaadaniitti amma barbaadde roorrifte dubartummaa ishee tuffatteeti malee osoo dhiira ta'ee akkas amma barbaadde itti hindubbattu turte. Haati dubartii haataatu malee Yaadaniin hoomaa na gochuu hindandeessu yaada jedhu qaba. Akkasumas Hundeen machaa'ee yeroo dhufe osoo Leensaan baqattuu qabee eessayyuu hindhaqxu jedhee akkuma barbaade gochuuf yaaluun isaa dubartummaa ishee ilaalee itti roorrisuu isaa argisiisa;
- ❖ Gama biraan immoo Marartuun yammuu barreeffama barreessuudhaan abbaa isheetti kennitu abbaan ishee gargaarsa barbaachisaa gochuufii diduudhaan hamilee ishee keessatti doomsuun isaa dhiibbaa gama koorniyaatiin dubartootarratti ta'u argisiisa;
- ❖ Inni Amartiin ati gurbaa jabaadha. Gadheen ana guyyaa bittaaafi gurgurtaa looterii Dv kanaa walitti nu fidee kaasee keessi koos waa'ee keef nagaa hinarganne. Dubbachuun anarraa hinmiidhagu jedheen sodaa aadaan hanga har'aatti keessa koo wajjin atakaroo walqabaa jiraadha jettee dubbatte kunis dubartootni sababa garaagarummaa koorniyaatiin kan walqabate miidhaa xiinsammuutiif akka saaxilaman namatti argisiisa. Fedhiin ishee

jaalala keessa osoo jiruu sodaa aadaa qabduuf jecha afuuffattee jiraachuun Amartii miidhama guddaa irraan ga'eera. Dabalataanis inni dubartootni sababa jireenyaaf jecha kireessanii jiraatan miidhaa xiinsammuus ta'e, miidhaa qaamaa dubartootarratti qaqqabsiisuu danda'a. Kanaafuu garaagarummaan koorniyaa miidhaa xiinsammuu fiduun isaa argannoo qorannoo kanaa ta'uu danda'a;

- ❖ Itti dabalees dubartootni dhimmoota akka siyaasaa, hawaasummaa, dinagdeefi qaroominaa keessatti hirmaannaa akka taasisan bira ga'ameera. Hirmaannaa isaan taasisaniin walqabatees asoosamoota qorannoo kanaaf filataman keessaa yaadoleen qorattuun akka argannootti dhiheessite kanneen itti aananii dhihaataniidha. Fakkeenyaaf qorattuun Leeyilaa jedhamtu daboo walii walirratti ba'aa jirra jechuudhaanis ta'e beekaan wallaalaa, wallaalaanis beekaa akka waan dhiigni koodee karaa namaaf haruu yammuu jettu, bilchina siyaasaa cimaa ta'e qabaachuushee argisiisa. Keessattuu akka namni eenyummaa ofiifi siyaasaa gargar baasee hubatuuf bakka guddaa qaba. Egaa yaadni kun dubartootni siyaasa keessatti cimoo ta'uu ibsa. Kanumatti dabaluudhaan gochi qooddattuun Roosaa Paarki jedhamtu jijjiirama seenaa gurraachota biyya kanaa keessatti argamsiifte dubartootni siyaasa keessatti hirmaachuurratti ga'umsa cimaa qabaachuu mul'isa. Haata'umalee namootni kallattii garaagaraan akka hojii isaaniitti hinquufne yookiin cabsa isaanii gadi hinteenyes kan ilaaluuf ija namaatti hintolle jechuudhaan dubartootaaf bakki gadaanaan akka kennamu bira ga'ameera. Akkasumas 1991 yammuu ABO'n biyya seenu namfakkiin Roobduu jedhamtu haadha sagalii ta'uudhaan hoogganuun ishee dubartootni siyaasa keessatti hirmaachuurratti dandeettii akka qaban namatti argisiisa. Garuu akka asoosamicha keessatti ibsametti dubartootni amma dhiiraa hinga'an yookiin hojiin isaan gama kanaan taasisan quubsaa miti jechuudhaaf Roobduun akka dhiiraati jechuun ibse. Kunimmoo dubartootni siyaasa keessatti hirmaachuun dhorkaadha yookiin siyaasni isaaniin hinilaallatu jechuu ta'a. Egaa akka qorattuun asoosamoota qorannoo isheef filatterraa hubattetti dubartootni siyaasa keessatti hirmaachuurratti cimoo ta'anii osoo jiranii, asoosamoota kanneen keessatti garuu cimina isaanii buruqsanii yookiin sirriitti ibsuurratti rakkootu mul'ata;
- ❖ Kanumaan walqabsiisuudhaan dubartootni akka gama dinagdeen jiruufi jireenya hawaasummaa keessatti hirmaannaa taasisan addaan baafameera. Qorattuunis yaadolee cimina yookiin hirmaannaa dubartootni gama dinagdeetiin qaban argisiisan keessaas

amma tokko haala armaan gadiin dhiheessiteetti. Fakkeenyaaf inni namfakkiin Amartii jedhamtu mana namaa keessa galuudhaan mana qulqulleessaa turte sun hamilee dubartootni dinagdee isaanii guddisuu keessatti qaban namatti argisiisa. Kanumaan walqabatee haati Jiinenuus qulqulleessituu taatee hojjechaa turuun ishee dubartootni hammam dinagdee isaanii guddisuudhaaf sochii akka taasisan hubachiisa. Dabalataanis, Leeyilaan Biiroo Inveestimentii Oromiyaatti qacaramtee hojii hojjechuun ishees akkaataama itti dubartootni dhiimmoota dinagdee keessatti qooda fudhatan namatti argisiisa;

- ❖ Akka qorattuun asoosamoota qorannoo kanaaf filatterraa hubattetti, dubartootni dhimmoota hawaasummaa keessatti akka hirmaataniidha. Haasaa keessatti yoo dogoggoraan waan hinbarbaachifne yookiin nama biraa mufachiisu dubbatan dhiifama gaafachuun isaanii yaada kana ibsa. Fakkeenyaaf yeroo namfakkii Boontuu jedhamtuun dhiifama jedhame sanatti hoomaa miti jechuun ishee akkaataa itti dubartootni dhimmoota hawaasummaa keessatti waldanda'anii jiraatan namatti argisiisa. Akkasumas yeroo Biliseen nyaata dhiheessitu hundumtuu nyaachuu jalqabnaan Amartiinis Bilisee gargaaruu jalqabde. Kunimmoo dubartootni dhimmoota hawaasummaa keessatti walgargaaranii akka jiraatan namatti mul'isuu danda'uu isaa argisiisa;
- ❖ Dabalataanis dubartootni akka dhimmoota dandeettii yookiin qaroominaan walqabatu keessatti qooda fudhatan qorattuun asoosamoota qorannoo isheef filataman irraa hubatteetti. Kanaan walqabsiisuudhaanis fakkeenya isheen qorannoo kanaan xiinxalte keessaa muraasa haala itti aanu kanaan dhiheessiteetti. Namfakkiin Marartuu jedhamtu, ogummaa cimaa qabaachuun ishee qaroomina duukaa deemuu dubartootaa argisiisa. Anaaf barreessuu jechuun ogummaan ittiin jiraadhu naaf caala jechuun ishees addunyaa yeroo ammaa keessatti namni irra jireessaan jireenya isaa barnootaan walitti hidhee jiraachuusaa argisiisuufiidha. Ergaa Leenchoo galmaan ga'uuf uffata Molokseefi gonfoo isaanii uffattee ergama ishee ba'uuf qajeeluun ishee qaroomina duukaa yookiin haala yeroo duukaa walfakkaachuu danda'uu dubartootaa namatti argisiisa. Walumaagalatti dubartootni dhimmoota akka siyaasaa, dinagdee, hawaasummaa, aadaafi kanneen kana fakkaatan keessatti qooda akka fudhatan xiinxala qorattuun taasifteen addaan baafameera.

5.3. Yaada Furmaataa

Xiinxala asoosamoota qorannoo kanaaf filatamaniiratti hundaa'udhaan qorattuun wantoota irratti hojjetamuu qaban bira geesseetti. Kana jechuun akka namfakkiin dubartootaa dhiirotaan qixa hojii ogbarruu yookiin asoosamaa keessatti shoora taphachuu danda'an hubachuun barbaachisaa akka ta'e amanti. Xiinxala asoosamoota kanneeniiratti hundaa'udhaanis yaadolee furmaataa qorannoo kanaa kanneen ta'uu danda'an armaan gaditti dhiheessitee jirti:

- Dubartoonni rakkoo isaanirra gahu akka furaniif hirmaannaan isaanii kallattii hundaan osoo jajjabeeffamee gaarii ta'a. Kanaafuu, hirmaannaan isaanii iddoo adda addaatti jiraachuudhaaf jecha hirkatanii kan jiraataniifi qaama isaanii gurguruun yookiin kireessuun of jiraachisan hayyoonni kallattii garaagaraan utuu irratti xiyyeeffatanii hojjetanii gaariidha; qorattuunis rakkoon akkanaa hawaasa keessa kan jiraatu taanaan callistee bira kan dabartu osoo hintaane hubannoo barbaachisaa uumuun akka irra jiraatu itti amanti.
- Dubartootni mirga isaanii kabachiifachuudhaaf ogbarruu keessatti hirmaannaa gochuudhaaf ammumarraa ka'anii hojii isaanii itti fufuun gaariidha. Jechuun hojii ogbarruu keessatti barreessitootni dubartootaa shoora isaanii taphachuun gaariidha.
- Barreessitootni gara fuulduraatti asoosama barreessuu barbaadan, dubartootni dhimmoota akka siyaasaa, dinagdee, hawaasummaafi qaroominaa keessatti qooda fudhachuu akka danda'an hubatanii loogii koorniyaa gochuu dhiisuudhaan dhugaa jiru giddugaleessa godhatanii barreessuun gaariidha;
- Dubartootni barreessitoota asoosamaa ta'uudhaan eenyummaafi cimina isaanii argisiisuurratti osoo xiyyeeffatanii dhiirotni olaantummaa isaanii calaqqisiisuun hafuu danda'a. Kanaafuu dubartootni akkuma dhiirotaa barreeffamoota ogbarruu garaagaraa keessatti argisiisuudhaan cimina isaanii mirkaneessuun barbaachisaa ta'a;
- Jiruufi jireenya hawaasa Oromoo keessatti sababa koorniyaatiin miidhaan dubartootarra ga'u osoo hir'ateefi miidhaan sababa koorniyaatiin dubartootarra ga'u gaarii akka hintaane beekamee osoo asoosama keessattis walqixxummaan dhiiraafi dubartii eegamee barreeffamee gaarii ta'a;
- Iddoo adda addaatti dubartootarratti gidiraaifi rakkinni nibaay'ata. Kanaafuu hawaasni hundumtuu utuu xiyyeeffannoo taasisee irratti hojjetee gaariidha;

- Barreessitootni asoosamaa, olaantummaan dhiirotaa dubartootarra jiraachuunsaa addunyaa dhugaa keessatti hamilee dubartootaarratti akka dhiibbaa qabu beekanii walqixxummaa dhiirotaafi dubartootaa osoo eeganii barreessanii gaariidha;
- Bu'uurri hawaasaafi maatii tokkoo dubartoota waan ta'eef, hawaasaafi maatii keessatti dhimmoota akka siyaasaa, hawaasummaa, dinagdee, qaroominaa, hooggansaafi murtii keennuurratti hirmaachuu akka danda'an utuu irratti hojjetamee gaariidha;
- Asoostotni yeroo asoosama barreessan walqixxummaa dhiirotaafi dubartootaa haala ibsuun osoo barreessanii caalmaatti fudhatamummaa qabaata waan ta'eef gaariidha;
- Walumaagalatti, qaamni hundumtuu akka dubartootni dhiiraan qixa hojii adda addaa hojjechuu danda'an hubatee osoo dubartootaaf bakka kennee kan jedhu yaada qorattuuti.

Wabiilee

- Abdii Fiixee. (2014). *Dhoksa Jireenyaa*. Finfinnee: ELLENI P.P.PLC.
- Aderson, E. (2005) *In the Game: Gay Athletes and the Cult of Masculinity* , Albany : State University of New York Press .
- Ansari, A. (1992).*Understanding Language and Literature*, University College, UmmALQuara Universit SaudArabia. Email: prof6610@yahoo.com
- Asefa Teferra.(2004). *Theorizing the Present: Towards sociology of Oromo literature*. Addis Ababa University.
- _____. (2009). *Eela,Seenaa ogummaa Oromoo*. Finfinnee:Far East trading P.L.C.
- Asha Kaul (2012). *New Paradigms for Gender Inclusivity*. PHI Learning Private Limited.
- Asmerom, Legesse. (1973). *Gadaa: The Three Approaches to the Study of African Society*. New York: A Division of Macmillan Publishing Co. ,Inc.
- Berhanu Mattewos.(2009). *Fundamentals of literature*. (2nded.). AAU: Alpha Printer PLC.
- Bolinger, D. 1987. Bias in language: The case of sexism. In (B.M. Mayor & K. Pugh, eds.) *Language, Communication and Education*, pp. 153-166. Croom Helm, London & Sydney.
- Boston Women's Health Collective.(1973). *Our Bodies, Ourselve*, New York : Simon & Schuster .
- Bill Bryson. (1999). *Fiminist Debates Population*: London Macmillan Press.
- Cohen, L. ,Minion,L. &Morrison,L.(2005).*Research Method in Education*,(5th edn.). London and New York: Routledge.
- Connell , R. (1987) *Gender and Power* , Stanford, CA: Stanford University Press.
- Cothari, C.R . (1990). *Research Methodology, Methods and Techniques*. New Delhi. New age international (p) limited publisher.
- Craik , D. M. (1828). *Blackwood's Edinburgh Magazine*.(Vol. 83): Blackwood.
- Creswell, J.W. (2011). Design: *Qualitative, quantitative and mixed methods Research Approaches*. 2nd ed. Sage, Publications, Inc.

Crumbley, D.H. (1992). Impurity and power: Women in Aladura churches. *Africa*, 4: 505-522.

Dirribii Damusee .(2014). *Seenaa Eenyummaa Oromoo*. Finfinnee

Dutton& Richard. (1984). *An Introduction to literary Criticism*. England: Longman York Press.

Ellis, J. (1974). *The Theory of Literary Criticism. A logical Analysis*. USA: University of California Press Ltd.

Fedhasaa Taaddasaa. (2013). *Subii: Bu`uuraalee Ogbarruu Oromoo*. Finfinnee. Oromiyaa: subi printing press.

_____.(2017). *Bu`uuraalee Ogbarruu Oromoo*. IIsabaa Publishing. Finfinnee, Oromiyaa.

Finnegan, R. (1978). *Oral literature in Africa. (4th ed.)* Oxford: Oxford University Press.

Freeman, R. & B. McElhinny 1996. Language and gender. In (S.L. McKay & N.H. Hornberger, eds.) *Sociolinguistics and Language Teaching*, pp. 218-280. Cambridge University Press, Cambridge.

Greendorfer , S. (1993). “Gender role stereotypes and early childhood socialisation,” in Cohen, G.L. (ed.) *Women in Sport: Issues and Controversies*, Newbury Park, CA: Sage, pp. 3– 14.

Hall , M.A. (1996) *Feminism and Sporting Bodies*, Champaign, IL : Human Kinetics .

Harding, A. (1986). *Feminism: Opposing viewpoints*. St. Paul: Greenhaven Press.

Hill Collins , P. (1991). *Black Feminist Thought: Knowledge, Consciousness and the Politics of Empowerment* ,London: Routledge.

Holmes, J. 1995. *Women, Men and Politeness*. Longman, London.

Kuwee Kumsaa. (1998). *Oromo Women and Other Oromo National Movement*. In Journal Of Oromoo Studies. Vol. 4, Nos 1 and 2.

Lakoff, R. 1975. *Language and Women’s Place*. Harper and Row, New York.

Margaa Abbabaa.(2016). *Bakka Bu`iinsa Namfakkiilee Dubartootaa Asoosamoota Afaan Oromoo Imaanaa Imaltuufi Hiree Galgalaa Keessatti Gama Jiruufi Jireenyaan*. Waraqaa Qorannoo Digirii Lammataa(MA)Guuttachuuf Qophaa’e.Kan Hin Maxanfamin. Jimma

Messner, M. (1997) *The Politics of Masculinities: Men in Movements* , Thousand Oaks, CA: Sage .

- Mohammed, Kheder. (2012). *Feminist/Womanist Aesthetics and Quest for selfhood in the Black American Novel: A special Reference to Alice Walker's The color Purple and Zora Neal Hurstones Their Eyes Here Watching God*.
- O'Barr, W.M. & B.K. Atkins 1987. "Women's Language" or "Powerless Language"? In (B.M. Mayor & K. Pugh, eds.) *Language, Communication and Education*, pp. 205-217. Croom Helm, London & Sydney.
- Osterhaus, D.L. (1987). *The female hero: An analysis of female protagonists in modern epic high fantasy novels*. Unpublished masters research paper, University of Northern Iowa, Cedar Falls, IA.
- Oha, O. 1998. The semantics of female devaluation in Igbo proverbs. *African Study Monographs*, 19 (2): 87-102.
- Qanani Baayisaa.(2008). *Xiinxala asoosamoota Burreen Bifa Tokkoo Mitiifi Dibaa: Ija Yaaxina Bifiyyeetiin. Waraqaa Qorannoo Digirii Lammataa (MA) Guuttachuuf Qophaa'e. Kan hin maxanfamin. Finfinnee*.
- Rapoport, T., Y. Garb & A. Penso 1995. Religious socialization and female subjectivity: Religious- Zionist adolescent girls in Israel. *Sociology of Education*, 68: 48-61.
- Sabo , D. and Runfola , R. (eds.) (1980) *Jock: Sports and Male Identity* , Englewood Cliffs, NJ: Prentice Hall .
- Sa'idaa Kadir Waaree. 2002. *Sirna Gadaafi Dubartootaa*. Finfinnee: Birhaaninnaa Maattemiyaa Dirijjiit.
- Segal, Lynne .(2000). 'Only Contradictions on Offer', *Women: A Cultural Review* 11(1/2): 19-36.
- Sherry B.Ortner. (1998). *Generation X: Anthropology in a Media-Saturated World*. Cultural Anthropology. Colombia University.
- Sunderland, J. 1994. *Exploring Gender: Questions and Implications for English Classroom*. pp. 34-38. Prentice-Hall, New York.
- Thompson, S. (1999). *Mother's Taxi: Sport and Women's Labor*, Albany : State University of New York Press .
- Trochim William M.K. (2005). *Research Methods: The concise Knowledge Base*.
- Vygotsky. LS. (1987). *Thinking and Speech*. In Rieber and A Carton (eds). The collected works of Vygotsky. New York: Plenum.

Wellard , I. (2009) *Sport, Masculinities and the Body*, New York : Rout ledge.

Wiirtuu Jildii-7 . (1995). *Barruulee Qormaata Afaan Oromoo*. Gumii Qormaata Afaan

Oromootiin Biiroo Aadaafi Tuurizimii Oromiyaatti. Finfinnee

Woolf, V. (1978). *Mr. Bennett and Mrs. Brown*. Folcroft, Pa.: Norwood Editions.

Yaasoo Kabbadaa . (2014). *Miila Hinshokoksine: Asoosama*. Finfinnee: Oromiyaa. HY

International Printers.

<http://www.socialresearchmethods.net/kb/sampling>.

<https://letterpile.com/.../how-to-analyze->

<https://www.enotes.com/.../how-write-...>


[Study. Com/.../how-to-analyze-characters-i...](Study.Com/.../how-to-analyze-characters-i...)

Dabaleewwan

Dabalee “A” Cheeklistii Qorattuun Odeeffannoo Ittiin Funaannatte



- ❖ Asoosamoota *Dhoksa* *Jireenyaafi Miila Hinshokoksinee* keessatti dhimmootni dubartootaa gama hawaasdinagdeen maal fakkaata?
- ❖ Asoosamoota lamaan keessatti dhiibbaan sababii koorniyaatiin dubartootarra gahu maali?
- ❖ Asoosamoota lamaan keessatti qabsoon walqixxummaa namfakkiiwwan dubartootaa maal fakkaata?

Dabalee “B” Seenaa Gabaabaa Asoosama *Dhoksa Jireenyaa*



Asoosamni *Dhoksa Jireenyaa* asoosama dheeraa Afaan Oromootiin kan jalqabaa bara 2011 kan barreeffame yammuu ta’u, maxxansi isaa inni lammaffaan immoo waggoota sadii booda bara 2014 maxxanfame. Barreessaan kitaaba kanaa, Abdi Fiixee, galaalchaa (gaazexeessaa) beekamaa televiziyiinii OMN (Oromo Media Network) ture. Asoosichi yeroo ammaattis biyya ambaa jiraata. Asoosamichi kutaalee 19fi fuulota 312 kan qabu yammuu ta’u, seenaan asoosamichaa kan raawwate Ameerikaa keessatti.

Dabalee “C” Seenaa Gabaabaa Asoosama *Miila Hinshokoksine*



Asoosamni “*Miila Hinshokoksine*” jedhu kun asoosama dheeraa Afaan Oromootiin yeroo jalqabaaf bara 2010 barreeffame yammuu ta’u, maxxansi isaa inni lammaffaan immoo waggaa tokkoon booda bara 2011fi maxxansi sadaffaan bara 2014 kan maxxanfameedha. Barreessaan kitaaba kanaa, Yaasoo Kabbadaa yammuu ta’u, barreessitoota Oromoo keessaa isa tokkoodha. Asoosich yeroo ammaa biyya hambaa yoo jiraates dhimma ogbarruu Afaan Oromorratti yeroo baay’ee sabhimaalee garagaatti fayyadamuudhaan shoora isaa ba’achaa jira. Akka fakkeenyaatti televiiziyinii OBS irratti yeroo tokko tokko afeeramuudhaan dhimma ogbarruu Oromorratti beekumsaafi hubannoo qabu dhalootaaf niqooda. Asoosamichi kutaalee 33fi fuulota 192 kan qabu yammuu ta’u, seenaan asoosamichaa kan raawwate Finfinnee keessatti.

Dabalee “D” Maqaa Namfakkiiwwan Dubartootaa Asoosama *Dhoksa* Jireenyaa

- Aannanee ⇒ Ameerikaa keessa jiraatti (Kolleejjii dhuunfaa barattee eebbifamteetti)
- Amartii ⇒ Ameerikaa keessa jiraatti (Qulqulleessituu)
- Amsaalee ⇒ Intala Habashaa (Nursing home) keessa hojjetuudha.
- Asteer ⇒ Qaama saalaa kireessitee kan jiraattuudha.
- Bariitee ⇒ Ameerikaa keessa jiraatti
- Biiftuu ⇒ Ameerikaa keessa jiraatti (keessummaaf kan buna danfituudha)
- Bilisee ⇒ Ameerikaa keessa jiraatti (Hiriyaaf rifeensa dhoofti)
- Bulbulee ⇒ Intala haadhi Bariitee guddifte haadha ilmaan lamaa Finfinnee jiraattuudha.
- Bultuu ⇒ Nyaata aadaa (Hancootee) kan qopheessiteedha.
- Caaltuu ⇒ Ameerikaa keessa jiraatti.
- Dashii ⇒ Ameerikaa keessa jiraatti.
- Deenis ⇒ Hojjetuu waajjira humna ittisa biyyaa Peentaagoon
- Elsaabet ⇒ Jaartii ganna 88.
- Faaxumaa ⇒ Guyyaa tokko Marartuu argitee hiriya yeroo dheeraa kan taateefiidha.
- Haadha manaa Abdiisaa ⇒ Ameerikaa keessa jiraatti
- Haadha manaa Dirribaa ⇒ Ameerikaa keessa jiraatti
- Harmee Ayyaanaa/Aadde Margituu ⇒ Haadha qabeenyaa
- Harmee Bariitee (Akkoo guddoo) ⇒
- Helen ⇒ Hojjetuu mana nyaataa Xaaliyaaniiti.
- Kakuu ⇒ Mucaa Ayyaanaafi Marartuuti
- Kiim ⇒ Ifaa miti
- Leemmanee ⇒ Nyaata aadaa (Hancootee) kan qopheessiteedha.
- Leensaa ⇒ Digirii ishee biyya Iswiidin kutaa Iskootilaandi keessatti baratte.
- Liisaa ⇒ Intala Amartiif qoricha ulfa baasu geessiteedha.
- Maa’ettii ⇒ Haadha warraa (Haadha Yaadaniiti)
- Marartuu ⇒ Barattuufi barreessituudha. Akkasumas ogeettii fayyaadha.
- Meeroon ⇒ Ameerikaa keessa jiraatti

Misheel ⇒ Dhukkubsattuu kaanserii

Niikool ⇒ Intala Lammii Raashaa kaanserii sammuu dhukkubsattu

Obsee ⇒ Ameerikaa keessa jiraatti (Karoorrishee daa'imman haadhaafi abbaa hinqabne kunuunsuudha)

Raahel ⇒ Ifaa miti

Roobduu ⇒ Ajajjuu waraanaati (Haadha sagaliiti)

Sooyyomee ⇒ Ameerikaa keessa jiraatti

Tuujjubee ⇒ Haadha warraa

Waaritee ⇒ Intala Wangeela fudhattee Marartuu bira deemtee kadhatteefiidha.

Yaadanii ⇒ Yuunvarsiiitii Kiiloo 6 eebbifamtee duute

Dabalee “E” Maqaa Namfakkiwwan Dubartootaa Asoosama *Miila Hinshokoksinee*

Almaaz ⇒ Hojjettuu Hoteelaa (Uffata miicuufi siree hafuurra hojjetti)

Dubartoota Gabaa Baatee dhufan lamaan ⇒ Gabaama deeman

Fayyisee ⇒ Haadha warraa

Guftee ⇒ Farsoo naqxi

Haadha Jiinenuus ⇒ Qulqulleessituu

Hiriyaa Leeylaa ⇒ Ifaa miti

Jiinenuus ⇒ Haadha ishee gargaaruuf kan qaama saalaa ishee kireessitee jiraattuudha.

Kaarruu ⇒ Jaartii boqqolloo waadduudha.

Kuulanii ⇒ Ifaa miti

Leeylaa ⇒ Hojjettuu Biiroo Inveestimentii Oromiyaa